Addis Ababa University

(Since 1950)

# QAACCESSA QABIYYEE MAMMAAKSOTA OROMOO TOKKUMMAA IBSAN: AANAA BACHOOTTI

**QORATAA:SOORESSAA GUUTAMAA**

**GORSAA: DR.TAADDASEE JAALLATAA**

**MUDDEE 2O14**

**FINFINNEE**

**QAACCESSA QABIYYEE MAMMAAKSOTA OROMOO TOKKUMMAA IBSAN: AANAA BACHOOTTI**

**SOORESSAA GUUTAMAA**

**GORSAA: DR. TAADDASEE JAALLATAA**

**WARAQAA QORANNOODIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORIITIIF**

**DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA,QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,OG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**MUDDEE 2O14**

**FINFINNEE**

# Yuuniversiitii Finfinnee

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa

**Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriin Gamiisaan Ittiin Guuttachuuf Sooressaa Guutamaa Mata Duree "Qaaccessa Qabiyyee Mammaaksota Oromoo Tokkummaa Ibsan":Aanaa Bachootti**

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa____________________________ Mallattoo_________Guyyaa__________

Qoraa Keessaa_________________________Mallattoo________ Guyyaa__________

Gorsaa________________________________ Mallattoo ________Guyyaa__________

# Galata

Duraan dursee jalqabaa kaasee hanga xumuraatti adeemsa hojii qorannoo kanaa keessatti nuffiifi dadhabbii tokko malee deggersa barbaachisaa ta'e mara naaf taasisuufi yeroofi iddoo barbaachisetti deggersa ogummaa naaf kennuutiin xumuraan kan na geessisan gorsaa koo Dr. Taaddasee Jaallataa baay'een galateeffadha.

Itti aansuutiin deggersa barbaachisaafi odeeffannoo barbaachisaa kan naaf taasise hogganaa waajjira aadaafi turiziimii aanaa Bachoo nan galateeffadha. Kanamalees, yetroon gaaffilee gaafadhuufi mariilee adda addaa hawaasa waliin geggeessu suura kaasuutiin kan na deggere Barsiisaa Masfin Guutaa nan galateeffadha.

Akkasumas, qorannoo koo barreessuu keessatti ogummaafi deggersa maallaqaatiin amma dhumaatti nuffii tokko malee kan nabira dhaabbatte haadha warraa koo Lalisee Kassataaf galanni koo guddaadha. Xumura irratti namoota gaaffiin gaafadhe mara naaf deebisuuf eyyemamoo ta'uutiin wanta beekan mara nuffii tokko malee naaf qoodan galateeffachuun barbaada.

## Jibsoo

Jechoonni tokko tokko haala galumsa isaanii irratti hundaa'uun hiika garaagaraa qabaachuu damda'u.Jechoonni armaan gadii qorannoo kana keessatti hiika laatameeef kanaan akka tajaajilan dubbistoonni qorataa kanaa haa hubatan.

| | |
|---|---|
| Nafxanyaa | mootummaa garboonfataa |
| Axereeraa | cuunfaa qorannoo |
| Orma | alagaa |
| Saba | qomoo |
| Finna | aantee |

## Axereeraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa, qaaccessa qabiyyee mammaaksota tokkummaa ibsanii yoo ta'u, ka'umsa qorannoo kanaa kan ta'e Mammaaksotni tokkummaa hawaasaa ibsan haala qindaa'aa ta'een barreeffamaan waan hin jirreef mammaaksota kanneen qaaccessuun bifa qindoomina qabuun hawaasaaf olkaa'uu,Mammaaksota faayidaa tokkummaa ibsan sakatta'uun hawaasni akka itti gargaaramuuf dhiyeessuu,Mammaaksota dhiibbaa tokkummaa dhabuun geessisu dhiyeessuun hawaasni hubatee akka tokkummaa isaa cimsatuufi tokkummaaleen hawaasaa eessa eessatti akka calaqqisu gad-fageenyaan ibsuun hawaasaaf dhiyeessuudha.Kaayyoon qorannoo kanaas mammaaksota tokkummaa Oromoo ibsan walitti qindeessuun dhiyeessuu, mammaaksota bu'aa tokkummaa'uu ibsan dhiyeessuun hawaasni akka tokkummaa'u taasisuufi tokkummaalee hawaasaa mammaaksaan ibsaman barreeffamaan hawaasaaf dhiyeessuudha. Barbaachisummaan isaas mammaaksota qabiyyee isaan qaaccessuun dhiyeessuun hawaasa fayyadamaa taasisuu, namoota qorannoo kana fakkaatu hojjetaniif akka madda ragaatti gargaaruufi waajjira aadaafi turiziimii aanichaaf akka ragaatti gargaaruu fa'i.Daangaan qorannichaaMammaaksota tokkummaa ibsan Godina Shawaa Kibba lixaa aanaa Bachoo yoo ta'u, hanqinni qorannichaa yeroo, baajata, Kaameraafi ragaalee akka barbaadanitti argachuu dhabuu fa'i. Haata'u malee qorataan yeroofi baajata qabutti karooraan fayyadamuufi ragaalee garaa garaa haala kaayyoo isaa galmaan gahuu danda'uun karaa sirriifi haala sirrii ta'een fayyadamuun qorannoo isaa galmaan gaheera.Boqonnaa lama keessatti barruulee mata duree kanaan wal fakkaatu sirriitti sakatta'amee kan dhiyaate yoo ta'u ,boqonnaa sadii keessatti immoo keessaa mala akkamtaa,qooddattoota qorannichaas ,akkasumas mala iddattoo akkaayyoofi iyyaafannoo,mala funaansa ragaalee keessaa immoo af-gaaffii,marii, daawwannaafi salkattaa galmee addaa addaa gargaaramee mal ibsaatiin qaacceffamee dhiyaateera.Haaluma kanaan gaaffileen qorannoo boqonnaa afur keessatti gadi fageenyaan qaacceffammuun dhiyaataniiru.Dhuma irratti boqonnaa shan keessatti cuunfaa goolabaafiargannoon qorataa kan dhiyaate yoo ta'u yaadonni furmaataas boqonnuma kana jalatti gabaabinaan dhiyaataniiru*

**Qabiyyee** **Fuula**

Galata ........ i

Jibsoo ........ ii

Axereeraa ........ iii

**BOQONNAA TOKKO:SEENSA** ........ 1

**1.1. Seenduubee Qorannoo** ........ 1

**1.2. Ka'umsa Qorannoo** ........ 3

**1.2. Gaaffilee Qorannoo** ........ 4

**1.3. Kaayyoo Qorannoo** ........ 4

**1.3.1. Kaayyoo Gooroo** ........ 4

**1.3.2. Kaayyoo Gooree** ........ 4

**1.5.Daangaa Qorannoo** ........ 5

**1.6.Hanqina Qorannoo** ........ 5

**1.7.Faayidaa Qorannoo** ........ 6

**1.8.Haala Jireenyaa Hawaasa Naannoo Qorannichaa** ........ 7

**1.9.Qindaa'ina Qorannoo** ........ 9

**2.1. Fokloorii** ........ 11

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII. ........ 11

**2.Seensa** ........ 12

**2.2.Afoola** ........ 12

**2.2.1. Faayidaa Afoolaa** ........ 14

**2.3.Mammaaksa** ........ 16

**2.3.2.Dubbii Miidhaksuu** ........ 23

**2.3.3.Muuxannoo Ibsuu** ........ 24

**2.3.4.Mammaaksi Dubbii Gabaabsa** ........ 24

**2.3.5.Duudhaa Kabachiisuu** ........ 24

**2.3.6. Dubbii Fiduufi Dubbii Fixuu** ........ 25

**2.4. Qabiyyee Mammaaksaa** ........ 25

**2.5.Amaloota Mammaaksaa** ........ 25

2.5.1.Uummatummaa 26
2.5.2. Lufummaa 26
2.5.3. Yoomessa 26
2.6.Qorannoowwan Hojii kanaan Walitti Dhiyaatan 27
2.7. Mammaaksaafi Hawaasa 28
**2.8. Yaaddiddama Qorannoo Afoolaa** 30
BOQONNAA SADII:MALLEEN QORANNOO 33
3.1.Saxaxa Qorannoo 33
3.3.Mala Iddattoo 35
3.4.Mala Funaansa Ragaa 36
3.4.1.Afgaaffii 36
3.4.2.Marii Garee 37
3.4.3.Daawwannaa 37
3.4.4.Sakatta'a Galmee 38
3.5.Mala Qaaccessa Ragaa 38
3.6.tartiiba Qorannoo 38
3.7.Qorannoo Yuulii 38
3.8.Naamusa Qorannoo 40
BOQONNAA AFUR:DHIYEESSIIFI QAACCESSA RAGAALEE 41
4.1.Seensa 65
4.1.Mammaaksota Tokkummaa Ibsan 65
4.2.Mammaaksota faayida Tokkummaa Ibsan 65
4.3.Mammaaksota Tokkummaa Dhabuun miidhaa Akka Qabu mul'san 65
4.4.Mammaaksota TokkummaaSabaa fi Biyyaa Ibsan 65
4.4.1.Mammaaksota Tokkummaa Biyyaa Ibsan 65
4.4.2.Mammaaksota Tokkummaa Sabaa Mul'isan 65
4.5.Mammaaksota Tokkummaa Maatii Ibsan 51
4.6.Mammaaksota Tokkummaa Qabeenyaa Ibsan 64
4.6.1.Mammaaksota Tokkummaa Diinagdee Ibsan 65
4.6.2. Mammaaksota Qabiyyee Ibsan 66

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA,GOOLABAA FI YABOO ........ 67
5.Seensa . ........ 67
5.1.Cuunfaa ........ 67
5.2.Goolaba ........ 69
5.3.Yaboo ........ 70
Wabiilee ........ 70
Dabaleewwan ........ 75

# BOQONNAA TOKKO:SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannoo

Ogafaan dame fookloorii keessaa tokkota’ee,haala jiruufi jireenya hawaasaa kan ibsudha.Innis aadaa, duudhaa, jibba, jaalala, tokkummaafi wal dhabdee, beekumsa, dandeettii, hacuuccaa, falaasama, amantaafi kkf calaqqisiisuu kan danda’udha.Dundes(1965)fi Dorson(1972) ogafaan qaama fookloorii akka ta’e dubbataniiru.Dabalataanis, Okpewho(1992:4),Nandwafi Bukenya(1983:1) wabeeffachuun maalummaa ogafaanii akkaataa armaan gadiitti ibsee jira*.”Oral literature may be defind as those utterance, whether spoken, recited or sung , whose composition performanceexhibit to and appreciable degree the artistic characteristic of accurate observation, vived imagination and indigenous expression”*Waraabbii kana irraa kan hubannu ogafaan sochiin yookiin afaaniin dhaggeeffattootaaf kan dubbatamu/sirbamu, kan walaloo bifa bashannansiisuun kan agarsiifamu, jajamu amala muuziqaa kan qabuufi daawwannaa dhugaa ilaalcha miidhagaafi ibsa uumamaa ta’uu isaati.

Barbaachisummaan ogafaanii uummata durii keessattis ta’e hawaasa amma jiruuf shoora olaanaa kan qabudha.Andrzejewski,(1985:35) yemmuu ibsu,”Oral literature conterbutesto the upholding of the social norm of the society in which it funcitions”Yaada kana irraa kan hubannu ogafaan safuu hawaasa tokkoo kan of keessatti qabatuufi eegee dhalootaaf kan dabarsu ta’uu isaati.Sabni Ormoos akkuma sabaafi sablammoota biyya keenya biroo saba afaan isaa osoo hin barreeffamiin turedha.Kun immoo kan mul’isu ummanni Oromoo akkuma kaanii haala jireenya isaa, duudhaa, aadaa, safuufi ogummaa isaa kan ittiin ibsataa ture ogafaan ta’uu isaati.

Afoolli dhalli namaa yaada isaa barreeffamaan dabarfachuu osoo hin eegaliin dura kan afaaniin dhaloota irraa gara dhalootaatti dabarfataa tureefi ammas dabarfataa jirudha.Kana jechuun,dhalli namaa afoolatti dhimma bahaa dhalootaa dhalootatti dabarsuufi walirraa fudhachuun yaada wal jijjiiraa har’a ga’ee jira.Hawaasni kun eenyummaa isaa kan ittiin ibsatu gosoota afoolaa garaagaraatti dhimma baheeti.Gosoota afoolaa kanneen keessaa muraasni isaanii,mammaaksa,oduu durii,hibboo,sheekkoo,tapha ijoollee,faaruu loonii,cigoo,jechamootafi kanneen kana fakkaatan kaasuun ni danda’ama.Gosoota afoolaa kanneen keessaa immoo hawaasni bal’inaan kan itti dhimma bahu mammaaksa.Dhimma kana ilaalchisee,Mielder(1997:67)yemmuu ibsu”proverbs are the oldest collection in the history of

human kind,”jedha.Yanni kunis mammaaksi seenaa hawaasa durii waliin hidhata akka qabuufi qabeenya durii akka ta’e ibsa.

Ummanni Oromoo mammaaksa dhimma garaagaratiif itti gargaarama.Faayidaalee mammaaksi kennu keessaa muraasa isaanii yoo ilaalle barsiisuuf,dubbii fiduuf,dubbii fixuuf,gorsuuf,sirreessuuf,dubbii qabbaneessuuf,araarsuuf,quuqama ofii ittiin ibsachuuf,goota kakaasuuf,lugna jajjabeessuuf,cimina ittiin ibsachuufi tokkummaa hawaasaa ibsachuuf kanneen mamaakamudha.

Mammaaksi yoomessa ittiin mammaakamu qaba.Gosoota afoolota biroo irraa mammaaksa wanti adda taasisu yoomessa kamuu keessatti dhimma itti bahuuf majataa ta’uu isaati.Fakkeenyaaf mammaaksoota gadda mul’isuuf mammaakaman,bakka gammachuutti,gootummaaf,dabeessa kakaasuuf mammaakamaniifi hawaasa tokkummeessuuf mammaakaman kaasuun ni danda’ama.Kun immoo mammaaksi haalawaa ta’uu isaa agarsiisa.Dhimma kana irratti Okumba(1994:591)yoo ibsu, “proverb can be said to be one of the most informal geners of oral litureture they are never accompained by one formula.There are no rules as to what time of the day should be used,”jedha.Yaanni kunis mammaaksi gosoota afoolaa keessaa isa bu’uuraa ta’ee daangaa bakkaafi yeroo malee dhimma barbaadame sanaan wal qabatee mammaakamuu akka danda’amu addeessa.

Gama biraatiin namoonni sadarkaa garaagaraa irra jiran mammaaksatti gargaaramuun dhiibbaalee garaagaraa isaaniifi hawaasa isaanii irra gahaa tureefi gaha jiru dabarsu.Inni kun immoo hawaasni cunqursaan irra gahe sana irraa of baree dhiibbaa jalaa akka of baasuuf kan isaan kakaasudha.Dhibbaa karaalee adda addaa nama irra gahu jalaa ba’uuf immoo tokkummaan hawaasichaa murteessaadha.Kana malee,hawaasni kamuu tokkummaa yoo qabaate waan barbaade raawwachuu kan danda’uufi iddoo barbaade gahuu kan danda’u ta’uu isaati.Haaluma kanaaanUmmanni Oromoos tokkumaa godhatee waliin hojjetee wantoota gama siyaasaan,hawaasummaa,diinagdee,amantaafi kanneen biroon galma barbaade gahuu akka hin dandeenyeef dhiibbaaleen garaagaraa irra gahaa tureera.Kanaafuu qorataanis mammaaksota tokkummaa hawaasaa ibsan hawaasa keessaa guuruun bifa barreeffamaan ummataaf dhiyeessuun tokkummaan ummata Oromoo akka cimuuf xiyyeeffannoo cimaan qorannoo kana geggeesseera.

**1.2.Ka'umsa Qorannoo**

Mammaaksi gosoota afoolaa keessaa tokko ta'ee faayidaalee hedduu qaba.Jiruufi jireenya hawaasaa keessattis dhimma hin tuqne hin qabu.Hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti wantoota isa mudatu mammaaksatti fayyadamuun kan ibsatuufi dhaloota booriifis kan dabarsudha.Mammaaksi gosoota afoolaa kanneen biroo caalaa hawaasa waliin hariiroo cimaa qaba.Ummanni Oromoos wantoota jiruufi jireenya isaa keessatti isa qunname gaddaas ta'e gammachuu,jaalalas ta'e jibba,dhiphinas ta'e rakkina mammaaksatti gargaaramee ibsuun labata irraa labatatti dabarsa,mammaaksaan ibsaman qindoominaan dhalootaaf barreeffamaan akka dhiyaataniifidha.

Haaluma kanaan qorataan mammaaksota tokkummaa ibsan qaaccessuuf kanisa kakaase keessaa inni tokko mammaaksonni kunneen qofaatti qaacceffamuun faayidaa hawaasaaf kennaa kan hin jirre ta'uu,mammaaksota kanneen walitti qabee qaaccessuun dhalootaaf kuusee kaa'uuf,mammaaksota miidhaa tokkummaan dhabuun qabu ibsan tarreessuun ibsuufi tokkummaalee hawaasaa mammaaksaan ibsaman qindoominaan akka barreeffamnaii dhiyaataniifidha.

Hawaasni mammaaksatti gargaaramuun haala jireenya keessa ture,keessa jiruufi egeree isaa ibsata.Haata'u malee, hawaasni Oromoo gamtaan jiraatee hojiilee gurguddoofi bu'aalee ciccimoo akka biyyaafi addunyaatti mul'isuu akka danda'u,rakkoolee gama garaagaraatiin rakkisaa jiruufi rakkisaa ture jalaa akka ba'uuf mammaaksonni tokkummaa ibsan baay'inaan barreeffamanii hin mul'atan.

Gama biraatiin qorannoon mammaaksota Oromoo irratti hojataman yoo jiraatanillee qorannoo adeemsifamaa jiru kanaa irraa adda ta'uu isaati.Fakkeenyaaf Fiqaaduu Birruu (2007)"Qaaccessa qabiyye mammaaksa Oromoo ijoolleefi ijoollummaa kan jedhu irratti qorannoo adeemsisee kan ture yoo ta'u bu'aan qorannoo isaa:Ummanni Oromoo hawwiifi ilaalcha gaarii ijoolleef qabu jireenya hawaasummaa keessatti dhala dhabuu isaa kan ittiin ibsatuufi ijoolleen rakkoof akka abdii hin kutanne fi ijoollee to'annoo maatii ala ba'an ittiin gorsuuf kan mammaakamu ta'uu ibseera.Akkasumas, gootummaan biyyaafi lammii barbaachisaa ta'uu isaa ibsee jira.

Tadesse (2004) Mammaaksa Oromoo Gujii haala galumsa isaa irratti qorannoo adeemsese kan ture yoo ta'u, firiin qorannoo isaa:Mammaaksi itti gaafatamummaa aadaa waliin jireenyaaf kan

bakka kennu,seera hawaasa irratti kan xiyyeeffate ta'uu isaafi faayidaa hawasaa kan eegsisu ta'uu isaa ibseera.Dabalataan Sumner(1995,1996) waa'ee mammaksa Oromoo qoratee kan ture yoo ta'eyyuu, firiin qorannoo isaa ummanni Oromoo karaa itti oguma isaa ibsatu hedduu akka qabuufi haala qoodinsa mammaaksaa irratti kan xiyyeeffate malee waa'ee mammaaksota tokkummaa ibsuu kan hin taane ta'uu isaati

Inni kun immoo hawaasni Oromoo doofummaa,hiyyummaa,gadadoofi gabrummaan akka irra dheeratuu taasisee jira.Kana malee, ummanni tokkummaa hin qabne ergamtuu saba biraa akka ta'u akka of hin taane,qabeenyaafi humna qabutti fayyadamee akka hin guddanne,aadaafi seenaa isaa dhiisee kan nama biroo akka farsu,afaaniifi duudhaa isaa akka dagatu,ol'aantummaa nama biraatti akka amanuufi ilaalchaa gad aanaa akka ofiifi saba isaaf kennu isa taasisa.Itti dabalees, qorataan ijoollummaa isaatii kaasee mammaaksota tokkumaa Oromoo ibsan caalaa kan saboota birooibsan dhagahaa ture.

Walumaagalatti uummanni Oromoo mammaaksota tokkummaa adda baasee sirriitti akka hubatuuf,mammaaksota faayidaa tokkummaa ibsaniifi mammaaksota dhiibbaa tokkummaa dhabuun qaqqabsiisu ibsaniifi tokkummaalee hawaasaa mammaaksaan ibsaman akka hubatuuf sirriitti qindaa'ee barreeffamaan dhalootaaf akka taa'uufidha.

## 1.2. Gaaffilee Qorannoo

Qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa qorannoo kanneen armaan gadii deebisa jedhamee abdatama:

1. Mammaaksonni Oromoo tokkummaa ibsan isaan kam?
2. Mammaaksonni faayidaa tokkummaa mul'isan isaan kami?
3. Mammaaksonni tokkummaa dhabuun miidhaa akka qabu agarsiisan isaan kami?
4. Tokkummaalee hawaasaa mammaaksaan ibsaman isaan kami?

## 1.3. Kaayyoo Qorannoo

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa mammaaksota Oromoo tokkummaa ibsan qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadii ta'a.

1. Mammaaksota Oromoo tokkummaa ibsan adda baasuu.
2. Mammaaksota faayidaa tokkummaa ibsan adda baasuun qaaccessuu.
3. Mammaaksota tokkummaa dhabuun dhiibbaa akka qabu mul'isan dhiyeessuu.
4. Tokkummaalee hawaasaa mammaaksaan ibsaman adda baasuun ibsuu

**1.5.Daangaa Qorannoo**

Qorannoon kun kan adeemsifame Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Bachootti.Mata dureen qorannichaas Qaaccessa qabiyyee Mamaaksota Oromoo Tokkummaa Ibsan kan jedhudha.Mammaaksi faayidaa hedduu qaba.Haala dubbiifi yeroo itti dhiyaate irratti hundaa'uutiin dhimmoota garaagaraa kaasuun ni danda'ama.Gosoota afoolaa hundarrattiifi faayidaa mammaaksaa mara irratti qorannoon osoo geggeeffamee bu'a qabeessa ture.Haata'u malee,kana raawwachuuf immoo humnaafi baasii guddaa gaafachuun isaa beekamaadha.Kana irraa ka'uun qorataan xiyyeeffannoo qorannichaa mammaaksota jiran keessaa kanneen tokkummaa hawaasaa ibsan qofa irratti daanga'uuf dirqameera.

Anaa Bachoo filachuun qorataa sababoota garaa garaatiifidha.Isaan keessaa muraasni:Qorataan aadaafi duudhaa hawaasa aanaa kanaa beekuu,hawaasni aanichaa odeeffannoo qorataan odeeffannoo gahaa argachuun danda'a jedhee waan yaadeef,bakki hojii isaa aanaa sana waanta'eefi aanolee biro hunda irratti hojjechuuf immoo baajataafi yeroon gahaa waan hintaaneefidha.

Akka aanaa kanaatti mammaaksotni mammaakaman kanneen ciminaafi tokkummaa saboota biroo ibsaniifi cimina ummata Oromoo hin ibsine waan ta'eef qorataan aanaa Bachoo filateera.Kanamalees qorataan aanaa kana keessa yeroo dheeraa kan tureefi aadaa hawaasichaa gad fageenyaan ibsuu waan danda'uufidha.Dabalataanis, jaarsoliin ragaa gahaa kennuu danda'an aanicha keessatti waan argamaniifidha.Sababoonni kunneen immoo qorannoon kun aanaa kana keessatti akka adeemsifamuufi milkaa'inaan akka goolabamuuf ka'umsa guddaa ta'eeraaf.

**1.6.Hanqina Qorannoo**

Qorannoon tokko yemmuu geggeeffamu adeemsaafi sadarkaalee adda addaa keessa darbeeti.Adeemsaafi sadarkaalee kanneen keessatti immoo rakkooleen addaa addaa mudachuu ni

danda'a.Hanqinoota qorataa  mudatankeessaa tokko hanqina baajataati.Hojii tokko hojjechuuf qarshiin barbaachisaadha.Haata'u malee, qorataanis qarshiima qabutti seeraan fayyadamuun qorannoo isaa galmaan gaheera.Rakkoon inni biroo yeroodha.Sababni isaa qorataan qorannoo kana kan geggeessehojii idileetti dabaleeti.Kana jechuun hojii baruufi barsiisuu biratti dabalataan qorannoo kana kan adeemsisedha.Haata'u malee, qorataan yeroodhuma qabutti seeraan gargaaramuun rakkoo gama kanaa keessa taree jira.Gama birootiin odeeffannoo kennitoonni waajjiraalee garaagaraa waltajjiilee garaagaraafi hojiilee adda addaan qabamuun yeroofi akkaataa qorataan barbaadetti odeeffannoo barbaachisaa kennuu irratti rakkooleen adda addaa uumamaa turaniiru. Isa kanas qorataan kutannoo cimaatiin itti deemuun yerooma isaaniif toletti saganteeffachuun odeeffannoo barbaachisaa akka kennaniif taasisuun rakkoolee gama kanaan isa mudatan keessa darbee jira.Gama biraatiin,namoonni tokko tokko odeeffannoo kennuuf illee eyyemamoo miti.Inni kun immoo qorannoo kanaaf rakkoo isa biraa ture.Kanaafis qorataan tooftaalee garaagaraa fayyadamuun amansiisee odeeffannoo barbaachisaa akka isaaf kennan taasisuun itti gargaarameera.Rakkoon inni guddaan dhibee Covid 19 ti. Inni kun qorataan namootatti siqee odeeffannoo barbaade argachuuf rakkisaa kan turedha. Haata'u malee qorataan amma danda'ametti fageenya isaa eeggachuufi tooftaalee ittisa dhibee kanaa gargaaramuun rakkoo gama kanaan isa mudate keessa tareera.Xumura  irratti ragaalee barreeffamaa gahaa dhabamuu rakkoo qorataa mudataa turan ta'ullee ragaalee barreeffamaa hedduu mammaaksaan wal qabatan iddoowwan garaagaraa deemee sakatta'uun odeeffannoowwan gama addaa addaa irraa argate walitti qindeessuun xiinxalee qorannoo isaa milkaa'inaan goolabeera

### 1.7.Faayidaa Qorannoo

Qorannoon kun yoo geggeeffame qaamolee armaa gadiitiif bu'aa buusa jedhamee yaadama.

A. Hawaasni Oromoo akka tokkummaa'u taasisa.
B. Hawaasni Oromoo faayidaa tokkummaa beekee mammaaksota kanneen akka gargaaramu ni taasisa.
C. Namoota mammaaksota Oromoo tokkummaa ibsan beekuu barbaadaniif odeeffannoo laata.
D. Waajjira Aadaafi Turizimii magaalaa Bachootiif akka madda ragaatti tajaajiluu  danda'a.
E. Namoota mata duree kanaan wal fakkaatu irratti qorannoo geggeessuu barbaadanii madda ragaa ta'uu mala.

**1.8.Haala Jireenyaa Hawaasa Naannoo Qorannichaa**

Aanaan Bachoo aanaalee Shawaa Kibba Lixaa jala jiran keessaa tokko ta’ee akka odeeffannoo Waajjira Aadaafi Turizimii aanaa Bachoo irraa argametti aanaan kun dhaabbilee tajaajila hawaasummaa kanneen akka manneen barnootaa,manneen yaalaafi waajjiraalee garaagaraa of keessaa qabdi.Aanaan kun mana barumsaa sadarkaa 1ffaa(5-8) Digdamii torba (27),mana barumsaa sadarkaa 2ffaa(9-10) lama(2), qophaa’ina (11fi12)ffaa tokko(1) qabdi.Gama manayaalaatiin immoo, kellaa fayyaa kudha sagal (19) ,buufata fayyaa afur,hospitaala tyokkoofi waajjiraalee garaagaraa soddomii lama (32) qabdi.

Dabalataanis, haalli teessuma lafa ishee jireenya hawaasaaf mijataa ta’uun,daandiin kallatti lamaan keessa darbuun(Finfinnee gara Jimmaafi aanaa Daawoo gara Sada Sooddoott qaxxaamuru) qabaachuun ishee magaalattiin ho’ituufi saffisaan akka guddattu ishee taasise.Kana malee,magaalaa guddittii Oromiyaa Finfinneetti dhiyaachuun ishees guddinni magaalittii akka ariifatu kanneen taasisan keessaa isa tokkodha.Kun immoo qorataan rakkoo geejjibaa malee akka barbaadetti qorannoo isaa akka geggeessu isa gargaareera.

Aanaan qorannoon itti adeemsifame kun magaalaa Finfinnee irraa gara Kibba dhihaa Oromiyaatti kan argamtuufi aanaalee walisoo, Daawoo, Tolee,Sadan Sooddoofi Iluutiin kan marfamtee argamtudha.Aanaan kun magaalaa Finfinnee irraa km 89 kan fagaattee argamtuufi magaalaa guddoo godinaa Walisoo irraa km 20 fagaattee argamti.

Akka odeeffannoo Aadaafi Turizimii Aanaa Bachoo irraa hubatametti aanaan kun bara1931 kan hundeeffame yoo ta’u,s haalli qilleensa ishee dhibbeentaan sagaltamii sadii (93%) badda daree yoo ta’u,dhibbeentaan torba (7%) immoo baddaadha. Kanaafuu giddu galeessaan haala qilleessa aanaa kanaa yoo ilaalle badda daree ta’uu isaati.Keesumatti haalli qilleensi isheefi teessumni lafa ishee oomisha xaafiitiif akka biyyattiitti mijooftuu akka taatu taasiseera. Lafa aanittiin qabdu hektaaraan yoo shallagamu hektaaraa kuma afurtamii afurii dhibba torbaafi torbaatamii shani (44775) dha.Kana keessaas lafti qonnaaf oolu hektaaraan kuma soddomii lama dhibba afuriifi soddomii lama kan qabdu yoo ta’u, hawaasni aanichaa bal’inaan lafa qotee gosoota midhaan addaa addaa oomishuun kan jiraatudha.Baay’ina uummata aanichaa kuma dhibba tokko kuma

shan dhibba torbaafi shan (105705) keessaa dhiira kuma shantamii sadii dhibba saddeetiifi torbaatamii sadiifi dubara kuma shantamii tokko dhibba saddeetiifi soddomii lamatu jiraata.Kana malee hawaasa aanichaa kanneen akka Ortodoksii, Pirootestaantiifi Waaqeffataa akka hordofu odeeffannoon waajjira Aadaafi Turizimii aanichaa irraa argame ni mul'isa.

Aanaan kun gandoota baadiyyaa kudha sagaliifi bulchiinsa magaalaa lama kan qabdu yemmuu taatu, irra caalaa uummata aanichaa lafa qotu (95%) hojjettoota mootummaafi kanneen biroo (5%) irratti kan hundaa'edha.Bal'ina aanichaa hektaara 44775 keessaa lafti qonnaa hektaara 32432 ,lafti dheedichi margaa hektaara 1863, lafa ijaarsaa 3304, lafa misoomuu hin dandeenye 4591fi kan biroo 1856 kan of keessaa qabdudha.

Aadaan, haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti, sirna ittiin bulmaataati.Kanaaf, hiika aadaa kana qofa jedhanii lafa kaa'uun rakkisaadha.

Yaada kana Harries,L.(1991:10)yoo ibsu,"culture taken in its wide ethnographic senseis that comlex whole which includes knowledge,belief,art,morals,low,custom and any other capabilities and habits acquired by man as a member of society."yaada kana irraa kan hubatamu, aadaa bal'ifnee yoo ilaalle waan wal xaxaa qaama hunda hammatu kan beekumsa, amantaa, aartii, hamilee, seera duudhaa, dandeettiiwwaniifi amaloota garaagaraa hawaasa keessatti dhala namaatiin fudhatamanii kan of keessaa qabudha.Uummanni aanaa kanaa aadaa hedduu qaba.Kanneen keessaa aadaa fuudhaafi heerumaa,aadaa awwaalchaa,aadaa wal gargaarsaa,aadaa namoota wal dhaban walitti araarsuu,aadaa sirbaafi kanneen biro fa'aadha.

Akka obbo Biraanuu Onnataa jiraataa ganda wasarbii jedhanitti gosootni fuudhaafi heeruma hawaasa aanaa kana keessatti argaman bakka guguddaa afuritti qoodama.Isaanis:Kaadhimmachuu/kadhachuu, Butii, Aseennaafi hawwii(fedhii gurbaafi intalaan )kan raawwatudha.Aanaa Bachoo keessa uummata jiraatan keessaa 98% ummata Oromoo yoo ta'an,afaan dhalootaas ta'e afaan hojii afaan Oromooti.Dabalataan,saboonni Amaaraa,Guraagee,Tigireefi kanneen biro 2% kan ta'an ta'ee afaan hojii garuu afaan Oromooti.Kun kan agarsiisu saboonni aanicha keessa jiraatan Oromoo kanneen hin taanes afaan Oromoo baranii hawasa Oromoo waliin hariiroo gaariin kan jiraatan ta'uu isaati.

Aanaa kana keessatti amantiiwwan garaagaraatu jira.Isaanis:amantii Waaqeffannaa, Kiristaanaafi Islaamaati.Amantaan kiristaanaafi Islaamaa dhiibbaa garaagaraatiin booda keessa kan itti dhufan

yoo ta'u, amantaan ganamaa hawaasa aanaa kanaa Waaqeffataa ture.(Chaayinaa Magarsaa).Kanaaf Waaqeffannaan amantaa uumamaa isa ganamaa ka uummata gurraachaati.

**Moggaasa Maqaa Aanichaa**

Akka odeeffannoon waajjira Aadaafi Turizimii aanaa Bachoo irraa argame ibsutti moggaasni maqaa aanaa kanaa kan argame aanaa kana keessa durii kaasee ilmaan Tuulamaa keessaa Bachoo,Jiillee,Daacciifi Sooddootu jiraachaa ture. Haata'u malee aanaan kun maqaa kana kan argate immoo ilmaan Tuulamaaarmaan olitti ibsaman keessaa lafa aanaa kanaa irra bal'inaan jiraachaa kan ture ilmaan Bachooti.Sababa kanaaf,baay'ina sabootaa naannoo kana jiraataniin saboota warren kaan waan caalaniif aanaa kana dhuunfachuun maqaa Bachoo jedhamuun moggaafate.(Obbo Bashaadaa)itti gaafatamaa aadaafi Turiziimii aanaa Bachoo.

Hawaasni Oromoo aanaa Bachoo keessajiraatu akkuma hawaasa aanolee biraa keessa jiraatuu ilaalcha, amantaafi aadaa akkasumas,barsiifata, meeshaalee aadaa, artiiwwan, garaagaraafi duudhaa kan dhalootaa dhalootatti darbaa dhufe qaba.Dabalataanis, hawaasa sana keessatti namoonni ayyaantuu ta'an waa'ee jiruufi jireenya fuulduraa manaagan,qorichoota aadaa kanneen namoota dhibeewwan garaagaraatiin qabamanii dawaa argachuu hun dandeenyeef dawaa qopheessanii ittiin deggeran ni jiru.Walumaagalatti,aanaan Bachoo aanolee Godina Shawaa Kibba lixaa keessaa tokko ta'ee aadaalee mimmiidhagoofi nama hawatan kan qabu ta'ee qorannoon bal'inaan kan irratti hin geggeeffamiinhedduutu jira.

**1.9.Qindaa'ina Qorannoo**

Qorannoon kun boqonnaalee shans of keessaa kan qabu yoo ta'u,boqonnaaleen kunneenis wantoota garaagaraa kan of keessatti hammatanidha.Haaluma kanaan, boqonnaa tokkoffaan:seensa qorannichaa, seenduubee qorannichaa, kaayyoo gooroofi gooree qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindaa'iina qorannichaa kan of keessatti qabate.Boqonnaa lammaffaa immoo sakattaa barruu mata duree kana waliin wal simatan, yaaddiddama qorannoo afoolaafi qorannoowwan mataduree kanaan walitti dhiyaatan ibsamanii jiru.Dabalataanis, yaadrimee da'eessota adda addaa qorannichaaf ka'umsa ta'an , akkasumas, qabxiilee maalummaa mammaaksaa,mammaaksaafi hawaasa, mammaaksaafi tokkummaa, faayidaa mammaaksaafi tooftaaleen qoqqooddii mammaaksaa tartiibaan dhiyaataniiru.

Boqonnaan sadaffaa immoo, malleen qorannoo, mala iddatteessuu, madda raga qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, mala iddattoo, meeshaalee funaansa ragaafi mala qaaccessa raga qabata.Boqonnaa arfeffaa qaaccessa ragaa of keessatti qabatee jira.Kana keessatti ragaaleen hunduu gad fageenyaan qaacceffamanii jiru.Boqonnaa shanaffaa keessatti goolaba,yaboofi argannootu dhiyaatee jira.Gara dhumaarratti, wabiileen kan dhiyaatan yemmuu ta'u, isaanitti aansee kan argamu dabaleedha.

# BOQONNAA LAMA:SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII

## 2.Seensa

Boqonnaa kana keessatti afoola ilaalchisee dhimmoota hayyoonni barreessan keessaa mata duree kanaan kanneen wal fakkaatan gad fageenyaan sakatta'amuun dhiyaataniiru.Haaluma kanaan xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e mammaaksota tokkummaa hawaasaa ibsan irratti yaadonni hayyootaa gad fageenyaan xiinxalamuun dhiyaataniiru.Kana malees,yaaddiddamoota

qorannoon kun bu’uura godhate boqonnaa kana jalatti dhiyaatanii jiru.Dabalataanis,qorannoowwan mataduree kanaan walitti dhiyaatan xiinxalamuun dhiyaataniiru.

**2.1. Fokloorii**

Fokloorii ilaalchisee namoonni hedduun yaadota garaagaraa kaasaaniiru.Haaluma kanaan yaada hayyoonni kunneen kaasan haala armaan gadiitiin dhiyaateera.

Ben Dan Amos (1979:430) yemmuu ibsu,Folklore is aspher of interaction a mirror of culture,a persepective screen of personality’’jedha.Akka yaada hayyuu kanaatti fokloориiin wal qunnamsiistuu hawaasaa,ibsituu aadaafi eenyummaati.Kana irraa ka’uutiin fokloориiin ibsituu aadaa,eenyummaa hawaasa tokkoo ta’uun isaa ni hubatama jechuudha.Dabalataan hayyuun Oring( 1984:1) yoo ibsu,’’Folklores a compound word built up from ‘folk’refers some group of people’’jedha.Akka hayyuu kanaatti immoo jechi ‘folklore’jecha dacha ‘folk’garee hawaasaafi ‘lore’beekumsa gareen kun waliin qaban keessattuu beekumsa isa duriitiin wal qabsiisuun kan ibsudha.

Finnegan(1970:388)yemmuu ibsitu,”The proverb is the model of compressed or or force full language”jegtti. Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubatamu mammaaksi hawaasa keessatti humna guddaa kan qabufi hawaasa keessatti wanta guddaa hawaasa sanaaf hojjechuuf gahumsa olaanaa kan qabu ta’uu isaati.

Gama biraatiin hayyuun Ben Amos (1979:10) fokloorii yemmuu ibsu,’’Folklore is the action that happens at that time’’jedha.Hayyuun kun immoo fokloориiin gochaa yeroo sana (dur) raawwate kan ibsudha jechuun hiika.Yaada kana irraa kan hubatamu,wantoonnidur hawaasaan raawwataman muuxannoo dur hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti dabarse gaaris ta’e yaraa gama fokloorii hawaasa sanaatiin kan ibsamuu danda’u ta’uu isaati.

Itti dabaluunis,Joseph wabeeffachuun Ben Amos (1979:6) yoo ibsu,’’Folklore can be defined as the collective objectification of besic immotion ,such as fear,reverence and desire on the part of social group.’’jedha.Kunis hawaasni afoola isatti dhimma bahuun waan kabajamaa ta’e ,soda yookiin yaaddoo keessa isaa,jibba yookiin waan balaaleffatamaa,wantoota hawaasni akka qulqulla’aatti ilaaluufifedhii keessa isaa akka ibsatu hubachiisa.

Dorson (1972:1-2) fookloorii bakka afuritti qoodee dhiyeesse.Isaanis:wanta afoola, wanta aadaa, duudhaa hawaasaafi aartii duudhaa jechuun kaa'a.Kanneen bakka afuritti qoodaman kunniinis of jalatti qoqqooddii xixiqqoo biraa akka qaban dubbata.Isaanis:afseenaa, durdurii, af walaloo, mammaaksa, hibboo, geerarsa, dubbii qolaa, faaruu looniifi kanneen kana fakkaatanidha.Duudhaan hawaasaa immoo, qoricha aadaa, jilaawwan bashannanaafi taphootafi amantaalee duudhaafaa hammatanii argamu.Wanta aadaa jalatti immoo, meeshaalee aadaa, ogummaa harkaa, dizaayinii aadaafi kanneen kana fakkaatanfaa hammatu.Kanamalees, raawwiin aartii hawaasaa, sirba aadaa, shubbisa, schii diraamaafi kan kana fakkaatan of jalatti argama.Qoqqooddii Dorson kana irraa afoolli dhimma hawaasaa bal'aa ta'e akka hammatu hubachuun ni danda'ama.Qabiyyeen afoolaa amma kana bal'achuun isaa immoo qorannoon afoolaa akka bal'atuuf kallatii garaagaraatiin ilaaluun akka danda'amu taasiseera.

## 2.2.Afoola

Afoolli maal akka ta'e ibsuun dura seenaa eessaa dhuftee jechichaa kaasuun barbaachisaadha.Fedhasaa (2019:30)irratti( Asafaa2009,Misgaanuu,2011) wabeeffachuun: Asafaan kitaaba isaa 'Eela'jedhu keessaatti 'folklore'n' afoola'jedhamuu akka danda.u ibseera.Haaluma kanaan Misgaanuu 'Dilbii' keessatti 'seensa afoolaa'jedhee fookiloorii yeroo ibsu ,afoolaan og afaan jedhama.Yaada hayyoota kanaarraa kan hubatamu afoolli jechoota garaagaraa fayyadamee hiikaa wal fakkaatu kan kennu ta'uu isaa hubanna.

> *Afoolli Oromoo hambaa abaabileefi akaakilee irraa jecha afaaniitiin dhaloota irraa dhalootatti darbaa dhufe;ammas darbaa kan jiru;fuula duras darbaa kan jiraatudha.Kana jechuun ummanni Oromoo durii kaasee yaada, ilaalcha, ergaa, falaasama, fedhiifi abdiisaa, gaddaafi gammachuu qabu afoolaan dabarsaa ture jechuudha.Kanaafuu, afoolli Oromoo hambaa ganamaafi calaqqee aadaa Oromooti*.(Dirribaafi kaawwan, 2007).

Itti dabalees ,Fedhasaan(2019:32)irratti( Sims and Sthephens,2005)wabeeffachuun afoolli gosa beekumsaa kamuu afaaniin daddarbu kan akka muuziqaa, Seenaa tartiibaan himamu yookiin bifa seenessuutiin dhihaatu kan hawaasni ittiin amantaa qabu ibsatu of keessaa akka qabu lafa kaa'u.Yaada hayyoota kanarraa wanti hubannu afoolli gosa ogbarruu himamsa afaaniin dhalootatti darbaa dhufeedha.Akka Fedhasaan (2019:32)irratti Amaaree(1999:8)wabeeffachuun,"Addummaa aadaafi eenyummaa hawaasa tokkoo kan calaqqisu ta.ee seenaafi muudannoo sabni sun dabarses mullisuu danda'a"jedha.

Afoolli damee fookloorii ta'ee kanneen akka mammaaksaa, sheekkoo, durduriifi fa'i of jalatti hammata.Afoola keessaa immoo mammaaksi isa tokkodha.(Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa Addunyaafi kaawwan ( 2005:74) Yaada hsayyoota kanaa irraa akka hubatamutti afoolli dame fookloorii ta'ee afoolaawwan kanneen akka mammaaksaa, hibboofi kanneen biro kan of keessaa qabudha.

Afoolli barreeffamaan osoo hin ta'iin afaaniin dhaloota irrraa dhalootatti kan darbudha.Kana ilaalchisee,Irsteen (2012:14) Nagarii wabeeffachuun akkanatti ibsiti:"Afoolli dhaloota irraa dhalootatti kan darbu hambaa uummataati.Namni mirga abbummaa falmatu waan hin jirreef jiruufi jireenya hawaasichaa keessaa kan burqe fakkaata.Kanaafuu afoolli raga qabatamaa uummata tokkooti.Yaaduma kana deggeruun Muhaammad (2004:ix) irratti yoo ibsu"Afoola jechuun, seenaa barreeffamaan jiru osoo hin ta'iin, seenaa afaaniin himamee dhaloota irraa dhalootaaf darbu (oral literature)"jechuudha.Yaada hayyuu kanaa irraas kan hubannu afoolli hambaa hawaasaa isa guddaa ta'ee osoo hin barreeffamiin himamsa afaaniitiin dhaloota irra dhalootatti kan daddarbu ta'uu isaati.

Kanamalees,Geetaachoo (2011:139) yoo ibsu "Afoolli bifa 'litireecherii'ta'ee aadaa,duudhaa,seenaafi eenyummaa dhaloota darbee himamsa afaaniitiin dhalootaa dhalootatti kan daddarbuudha"jedha.Yaada hayyuu kanaa irra kan hubannu afoolli qabeenya uummataa ta'ee afaaniin labata tokko irraa gara labata birootti kan darbu ibsituu eenyummaati.

Itti dabaluun,Soofiyaafi kaawwan (1999:1) yoo ibsan "Afoola jechuun akkuma maqaa isaa irraa hubatamu,barreeffamaan osoo hin ta'iin afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa kan dhufeefi darbaa kan jiru fuuldurattis kan darbu dame aadaa saba tokkooti."jechuun ibsanii jiru.Kana jechuun immoo sabni tokko eenyummaa,aadaa,amantii,siyaasa,haala jiruufi jireenya isaa,walumaagalatti ilaalcha addunyaa kanaaf qabu gara dhaloota itti aanuuf dabarsuuf afoolli shoora guddaa kan taphatu ta'uu isaati.

Afoolli afaaniin kan darbu,dhiyaatuufi reewwatudha.Haaluma kana bu'uureffachuun Addunyaa (2014:166) yoo ibsu"Afoolli ogummaa labata tokkoo kan biraatti afaaniindarbuudha.Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa,uumama,beekumsa ittiin hubatuufi ibsu…"jechuun ibsa.

Akkasumas,Soofiyaafi kaawwan (1999:142) yoo ibsan”Afoolli aadaa uummata tokkoo calaqqisiisuu irratti gahee guddaa qaba.Haaluma kanaan Afoolli afaan Oromoos aadaafi seenaa,jiruufi jireenya uummata Oromoo calaqqisiisuu irratti akka qabu”jechuun ibsanii jiru.

Wasanee (2000:148) afoola yemmuu ibsu”Afoola jechuun kan dhalootaa dhalootatti afaaniin darbu hambaa ummataati,abalummaa osoo hin taane uummatummaan beekama.Namni mirga abbummaa falmatu waan hin jirreef hawaasicha keessaa kan burqe fakkata.”Yaada armaan olitti afoolaaf kenname irraa wanti hubatamu,afoolli kan nama dhuunfaa osoo hin taane qabeenya uummataa labata tokko irraa gara labata birootti afaaniin darbudha.

Gama biraatiin,Finnegaan (1976:24) afoola yemmuu ibsitu,”Oral literature is by definition dependent on a performer who formulatsit in the word on specific occasion.There is no other ways which it can be realized literary products.”jetti.Yaada hayyuu kana kan hubatamu,hiikaafoolaa kennuuf itti fayyadamni murteessaa ta’uu isaati.Inni kun immoo afoolli jechaafi gochaan labata irraa labatatti kan darbu ta’ee haala galumssaa yookiin dubbiitiin hiika kan argatu ta’uu isaa agarsiisa.

### 2.2.1. Faayidaa Afoolaa

Afoolli afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan daddarbu ta’ee hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti dhimma garaagaraatiif oolcha.Faayidaa afoolli kennu ilaalchisee hayyoonni garaagaraa yaada garaa garaa kennanii jiru.Bukenya (1993:85) yemmuu ibsu,:Oral literature impact to growing person useful,informative and affective skill which enable the person to life and to be useful number of society,”jedha.Yaada hayyuu kanaarraa akka hubannutti afoolli namni tokko sammuun isaa waaxiinxalu,bal'isee yaaduufi hawaasa keessa jiraatu waliin hariiroo gaarii akka qabaatu taasisa kan jedhudha.Afoolli hawaasa itti fayyadamuuf tajaajila garaa garaa kenna.Maddi afoolaas hawaasuma.Yaada kana ilaalchisee Zerihun (1992) yemmuu ibsu,”yeseneqal minci liyyuu liyyuugiximenyoochi naachuu”jedha.Yaada isaa kana irraa wanti hubannu,afoolli mudannoowwan yeroo garaagaraatti hawaasa mudatan irraa madda.Hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti mudannoowwan isa qunnamaniifi muuxannoo jireenya isaa keessatti argate afoolaan akka dabarfatu ni hubachiisa.

Isuma kana ilaalchisee Addunyaan (2014:166) yoo ibsu,”Afoolli daawitii jireenya ilma namaa waan ta’eef mul’atee har’as jiraata;har’as ciniinnatee boriifis suuqqata.Isatuu jireenya

jireenyatuu isa.” Jedha.Yaada kana irraa kan hubatamu afoolli jiruufi jirenya ilma namaa keessatti kan yeroo darbe keessatti qofa mul’ate badu osoo hin ta’iin har’as kan jiraatudha.Akkasumas uummanni waan jiruufi jireenya isaa keessatti dabarse dhaloota dhufuuf afaaniin kan ittiin dabarsudha.

Gama biraatiin Hinseenee (2010:86) faayidaa afoolaa yemmuu ibsu,”Afoolli ijoolleef barbaachisaafi beekumsa afaaniitiif bu’aa guddaa kan qabu,naannoo barsiisa,dandeettii waa qabachuu guddisa,seeraafi miidhagina afaanii barsiisa.”jedha.Yaada isaa kana irraa wanti hubatamu,afoolli sammuu daa’immanii kan qaru ta’uu isaa,naannoo isaanii kan barsiisu,akkasumas,bal’isanii akka yaadaniifi beekumsa afaanii akka gabbifataniif gahee guddaa qabaachuu isaati.

sFaayidaaleen afoolaa isaan bu’uura ta’an hayyuun armaan olii bakka shanitti qooduun ibseera.Isaanis:

Ibsuu-Gosti afoolaa tokko tokko fakkeenyaaf, oduu durii, gaaffilee bu’uuraa ta’an kan sammuu namoota murtaawaa jiraaytanuuf deebii kennuuf yaalu gaaffilee akka mukan nama, bineensootafi kanneen kana fakkaatan maaltuu uume jedhaniif deebii laata.

Cimsuufi Dabarsuu-Sadarkaa beekumsaa yeroon eyyemeef irratti hundaa’ee ofiifis ta’e naannoo isaa ibsuuf ykn hubachuuf akkuma yaalii godhu ibsaafi hubannoo isaa kana hordofee dhaabbileefi aadaalee isaa afooladhaan cimsa ykn gadhaaba.Guyyaa dhalootaatii eegalee amma du’a isaatti gochaalee raawwachuu qabu maaliif akka raawwachuu qabu amansiisa.

Miliquuf-Dhalli namaa bu’aa bayii jireenya isaa keessatti kan isa mudatu miliquu barbaada.bu’aa bayii jireenya kanaa jalaa miliquuf afoolatti fayyadama.Jireenya nuffisiisaa kolfaan dabarsa.Addunyaa haaraa keessa seenee gammachuu waliin qooddatee jiraachuu fedha.

Barsiisuu-Gosoonni afoolaa hedduun keessumattuu, kanneen akka sheekkoo, mammaaksaa, hibboo, geerarsa, walaloo, sirboota garaagaraafi kkf.amalagaariifi tooftaalee jireenyaa barsiisuuf ni fayyada.Amala ijoolleefi dargaggoonni horachuu qabanu daa’immummaatii eegalanii sirreessuuf ni gargaara.

To’achuuf-Gosooti afoolaa mala ykn tooftaa jireenyaatiifi amala gaarii barsiisuun amalootni hawaasa biratti jibbaman akka hin babal’annes to’achuu ni danda’u.Hattummaan, sobuun,doqnummaan gara jabummaanfi kkf amala gadhee ta’uu ibsa.

**2.3.Mammaaksa**

Biiroo aadaafi turiziimii Oromiyaa(2007iv)mammaaksa yoo ibsan”Mammaaksi akaakuu afoolaa isa tokko yoo ta’u yaada bal’aafi gadi fageenya qabu jechoota filatamoof gaggabaaboodhaan ibsuu kan danda’udha.”jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu Mammaaksi gosa afoolaa ta’ee jechoota gaggabaaboofi filatamoo ta’an fayyadamuun yaada bal’aafi gadi fageenya qabu dabarsuu kan danda’u ta’uu isaati.

Abarraafi kaawwan(2007:iv) mammaaksa yoo ibsu*”Mammaaksi akaakuu afoolaa isa tokko yoo ta’u yaada bal’aafi gadfageenya qabu jechoota filatamoofi hima gaggabaaboodhaan ibsuu kan danda’udha.”* Jedha.Dabalataanis hayyootumti kun Ruth Finnegan,1970:388,kitaaba ishee’Oral literature in Africa’jedhu keessatti yemmuu ibsitu”The proverb is a model of compressed or forceful language.“ jetti. Yaada hayyoota kana irraa kan hubannu, mammaaksi akaakuu afoolaa keessaa tokko ta’ee jechoota gahggabaaboofi filatamootti gargaaramuutiin dhaamsa mi’aawaa ta’e hawaasa biraan kan gahdha.

Kanamalees,Abarraafi kaawwan (2007:iv-v) mammaaksa yoo hiiku”*Jecha, gaaleefi hima gaggabaabootti fayyadamuun bu’aa bayii ilma namaa kan kaleessaa, kan har’aafi kan boruu bifa bilchina qabuufi miidhagaa ta’een dhalootaa dhalootatti afaaniin dabarsuu kan danda’udha.”*jedha. Yaada hayyoota kanaa irraa kan hubannu,mammaaksi jechoota gaggabaaboofi filatamootti gargaaramuun dhaamsa ma’aawaa karaa salphaafi ifaa ta’een hawaasa biraan kan ga’udha.

Fedhasaan(2019:77),Dorson,1986:119 wabeeffachuun mammaaksa yoo ibsu*”mammaaksi akkaataa dubbii bifaan gabaabaa ta’ee yaada bal’aa xiinxaluuf kan nama affeerudha;akkasumas, barsiisuufi murtii kennuu keessatti mammaaksi caaseffamee akka mul’atu eere.*”Yaada hayyoota kanaa irraa kan hubatamu, mammaaksi gosoota afoolaa keessaa tokko ta’ee bifa gabaabinaan barreeffamee ergaa bal’aa kan dabarsu qabeenya hawaasaa ta’uu isaadha.

Wasanee(2005) mammaaksa yoo ibsu ”Hambaawwan aadaa Oromoo keessaa tokko mammaaksa.Mammaaksi og barruu dhaloota tokko irraa afaaniin dhaloota biraatti taraa jirudha.” Jedha.Yaada hayyuu kanaa irra kan hubatamu mammaaksi qabeenya Oromoo ta’ee afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan jiru ta’uu isaati.

Fedhasaan (2019:77),(1999:86) Biraanuu wabeeffachuu yoo ibsu”*Mammaaksi haala jiruufi jireenya hawaasaa karaa hin yaadamneen mi’eessee dhiyeessuun yaada namaa hawwata.kanarraa kan ka’e afaaniifi ogbarruu keessatti baay’ee fayyada.Keessaa walaloo barreessuuuf raacitii ta’ee tajaajila.*”jedha.Yaada kana irraa kan hubatamu mammaaksu qabeenya hawaasaa isa guddaa ta’ee haala jireenya isaa isaafis ta’e saboota biroof illee kan ibsu ta’uu isaati.

Mieder,Wolfgang (1997:136) yemmuu mammaaksa ibsu,”proverbs are small piece of human wisdom that have been transferred one generation to the other and valid even in our modern technological age.”Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubannu,mammaaksi ogummaa xiqqaa dhala namaa kan afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa dhufeefi bara teeknoloojii ammayyaa jirru kana keessatti kan fudhatama qabu ta’uu isaafi hawaasaaf ibsituu eenyummaa akka ta’e hubachiisa.Kanamalees,afoolli kan darbe qofa osoo hin ta’iin gara fuulduraa illee kan akeeku ta’uu isaati.

Akkasumas,Encyclopedia America (1995:150) waa’ee mammaaksaa yoo ibsu,”Proverb is a simple and concret statement popularly known repeated,that expresses atruth based on commen sense or experience.”Yaada kana irraa wanti hubannu,mammaaksi dubbii gabaabaa waan daawwatamaa jiruufi mul’atu,akkasumas muuxannoo jiruu irratti hundaa’uun dhugaa qabatamaafi fudhatamaa ta’e kan ibsu ta’uu isaati.

Gama biraatiin, mammaaksi afaaniin dhaloota irraa dhalootatti haadarbu malee,qabiyyee dhaabbataa kan qabuufi haalaawwan qabatamoo keessatti hiikaafi ergaa adda addaa dabarsuuf kan mammaakamudha.

Mammaaksaaf hiika murtaawaa tokko qofaa kennuun rakkisaa akka ta’e hayyoonni ni dubbatu.Sumner (1995:39) rakkina hiika mammaaksaa irratti jiru haala armaan gadii kanaan ibsee jira.Kunis

*The attempt to define a proverb is too difficult to repay the undertaking,and should we Fortunately combine in a single definition all the essential elements and give each The properemphasis,we should not even then have a touch-stone un incommunicable Quality tell us this sentence is proverbial,and that one is not.There is, so far us I am Awere,no clear and exact definition of a proverb"jechuun ibsa.*

Yaada barreessaa kanaa irra kan hubatamu,mammaaksa waliin ruqooleen baay'een kan ilaalaman waan ta'eef mammaaksi kana jedhanii himuufi yaadolee biroo irraa adda baasuun ulfaataa ta'uu isaati.

Dabalataanis, qorataan afoolaa Mieder (1999) hiikti maalummaa mammaaksaa rakkoo bubbule ta'uu isaa yoo ibsu, *"Not only did such great mind as Aristitle and Plato occpy themselves whith the quation of what constitute a proverb but early Greek scholars  in particular wrestled with this seeming insurmountable taks as well,"*jechuun ibsu.Yaada hayyuu kanaa irra akka hubatamutti mammaaksaaf hiika kana jedhanii lafa kaa'uun har'a qofa osoo hin taane yeroodhuma Aristootiliifi Pilaatoo keessattis rakkisaa kan tureefi akkataa fayyadamaan hiika kan argataa ture ta'uu isaati.

Akkasumas,Finnegan (1970:150) hiikni mammaaksaa salphaa akka hin taane yoo ibsitu,"*The exact definition of proverb is no easy matter.There is however some general agreement as to what constitutes aproverb.It is saying in more or less fixed marked by the popular acceptance of the truth tersely expressed in its*."jetti.Yaanni hayyuu kanaa hiika murtaawaa ta'e mammaaksaaf kennuun rakkisaa ta'uu addeessa.Haata'u malee,yaanni irratti waliigalamu akka jiru ni dubbatti.Kunis mammaaksi jechoota filatamoo, gaggabaaboofi mimmiidhagoo ta'aniin caasaa gabaabaa keesatti dhimma bahuun dhaamsa ifaafi dhugaa ta'e karaa hawataafi jaalatamaa ta'een kan dabarsu ta'uu ibsitee jirti.Fennegan (1970:393) irratti yoo ibsitu*,"proverb is a saying in more or less fixed form marked by shortness,sense and salt and distinguished by popular truth tersely expressed in it.*"jetti.Hiika isheen mammaaksaf kennite kana irraa mammaaksi jecha gabaabaa ta'een dhaamsa akka waliigalaatti dhugaa ta'e kan dabarsu ta'uu isaa hubanna.

Mammaaksi jechoota gaggabaaboofi filatamootti dhimma bahuun ergaa dachaafi gad fagoo dabarsuun beekama.Kun immoo jaalatamaa akka ta'uufi sammuu namaa keessaa osoo hin dagatamiin yeroo dheeraa akka turu taasisa.

Dabalataan,mammaaksa ilaalchisee Abraham (1968:119) yemmuu ibsu*,"proverb are short ready made sententious statement of common truth constituted from life experience and used in rhetorical or conversational situation of formal or informal events*."jedha.Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu,mammaaksi jechoota mimmiidhagoo,gaggabaaboofi filatamootiin qindaa'ee dhiyaachuun dandeettii yaada namoota jijjiiruu kan qabu ta'uu isaati.

Bukenya (1994) hiika mammaaksa namoonni garaagaraa kennan muraasa cuunfee kaa'eera. Isaanis:

- ✓ Mammaaksi hima gabaabaa ta'ee, yaada tokko ibsuudhaaf karaa gammachiisaa ta'een kan itti fayyadamnedha.
- ✓ Mammaaksi gabaabaa dhugaa yookiin hamilee ta'e tokko jecha gabaabaan ibsa dabalataa barbaaduun dabarsudha.
- ✓ Mammaaksi jechama gabaabaa beekamaa afaan waliigaltee keessatti beekamudha.
- ✓ Mammaaksi waan dhoksaa kan ibsudha.
- ✓ Mammaaksi beekumsaafi muuxannoo haala waliigalaatti kan fayyadudha.
- ✓ Mammaaksi beekumsa yeroo dheeraatiin, dhugaafi hiikaan kan guutame jechuudhaan
- ✓ Miliqoon kan dubbatamuufi dhoksaa kan of keessaa qabudha.
- ✓ Dhugummaa/hiika qabeessaafi ogummaan kan guutamedha.

  Bukenyan hiika mammaaksaa gabaabsee lafa kaa'a.

Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubatamu mammaaksi jechoota gaggabaaboofi filatamootti gargaaramuutiin ergaa bal'aafi hawaasa biratti fudhatama qabu,akkasumas haala salphaatiin namootaaf galuu danda'uun dhaamsa barbaachisaa ta'e kan dabarsu ta'uu isaati.

Gabaabumatti,Dirribaafi kaawwan (2007:18) irratti mammaaksa yemuu ibsu*,"Mammaaksi afoola kamirrayyuu jireenya uummatichaa waliin kan wa qabatudha.Kanaafuu mammaaksi ummata Oromootiif waa hundadha*."jedha.Yaada kanarraa wanti hubatamu, mammaaksi gosoota afoola Oromoo keessaa tokko ta'ee warren kaan caalaa ummaticha waliin hariiroo cimaa kan qabu ta'uu isaati.

Walumaagalatti,qabiyyeewwan mammaaksi dabarsu baay'ee bal'aa kan ta'edha.Kanneen keessaa abdii qabaachuu, kutachuu, aantummaa, arjummaa, doqnummaa, gootummaa, tokkummaa, doofummaafi oftuulummaa, akkasumas, bal'ina, dhiphina, deega, gabbina, dhugaa,

soba eeruun ni danda'ama.Dhimmoonni akka siyaasaa,amantiifi amantaas ta'e falaasamni kan dagatamu miti.

Gama biraatiin Mammaaksa ulaagaalee adda addaa irratti hundaa'uu qoqqooduun ni danda'ama.Ulaagaalee kanneen keessaa caasaayookiin akkaataafi qabiyyeedha. Caasaa yookiin akkaataa bu'uureffachuun yeroo qoodnu bifaafi haala ittiin jedhamu xiyyeeffanna.Qabiyyeen immoo dhimma mammaakamuuf bu'uureffata.

**A.Mammaaksa Qabiyyeee**

Qabiyyee bu'uureffachuun mammaaksota gosa adda addaatti qooduun ni danda'ama.Innis faayidaa hawaasni mammaaksarraa argatu bu'uureffata.Xiyyeeffannoon mammaaksaas sana keessatti ilaalama.Akka kanaan mammaaksa gosoota akka mammaaksa tokkummaa, misooma, dhugaafi safuu, jaalalaafi hariiroo hawaasummaa, kijibaafi cubbuu,gootummaafi lugnummaa, mammaaksa koorniyaa, mammaaksa daa'immaniifi daa'imman guddisuu waliin wal qabata,mammaaksa safuu, mammaaksa obsaan wal qabatu, kan gammachuu, mammaaksa haqaafi mammaaksa gootummaafi kan kana fakkaatanitti qooduun ni danda'ama.Yaaduma armaan olii Fedhasaan(2019:78) yoo ibsu*"Qoqqooddiin qabiyyee bu'uureffatu kun haala hawwaasummaafi dhimma mammaaksi sun jedhamuufiin waan wal qabatuuf qoqqooddii bu'a qabeessadha."*Fakkeenyaaf, jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti jaarsummaan hin dhabamu.Kan balleesse kiisee,kan itti bade dhiiseeti waliin jiraata.Sana keessatti mammaaksi iddoo guddaa qaba."Haahafuu jedhan nama wajjiin hafu"jedhanii yoo mammaakan kan itti bade dhiisuuf murteessa.Walumaagalatti mammaaksi qabiyyee mammaaksi mammaakamu sun ergaafi ta'iin raawwatame sun wal qabachuun kan mammaakamu ta'uu isaa kan agarsiisudha.

**B.Mammaaksa Caasaa**

Caasaa/akkaataa bu'uureffachuun mammaaksa iddoowwan garaagaraatti qooduu dandeenya.Isaan keessaamuraasni:

i. **Mammaaksa gabaaja'aa**-Gosti mammaaksa kanaa kan uumame yeroo mammaakamu gartokkeen mammaaksicha dubbate, kan hafe dhaggeeffataaf dhiisuudha.Kaayyoon mammaaksa kanaa waanlama:akka dhaggeeffataan muuxannoo ofiin wal qabsiisee hubatuufi jechoota safuu eegudha.

ii. **Mammaaksa jette Jettee**-Gosti mammaaksa kanaa gochaa durii isa har'aan mirkaneessuudha.Kana jechuu gochaawwan raawwatamaa turan dhugummaa isaa mirkaneessuuf qabatamaa har'a jiruun wal bira qabuun dhiyeessuu jechuudha.Fedhasaan(2019:79) "Mammaaksi jette jettee muuxannoo durii ennaa har'aan dhugoomsa, seenaa durii irraa kaa'ee kalaqa."jechuun ibsa.

**iii.** **Hiriyyummaa-**Humni jechoota, gaaleewwaniifi himoota mammaaksa kanaa humnaan walgitu;yaadonni mammaaksichaa wal madaalu.Fakkeenya:raafuu fixee rafuu dide;gala qabaatan,karaa fagaatan.

iv. **Wal gita eeyyessaa**-Himoonni ykn gaaleewwan mammaaksichi irraa ijaaramu yaada wal gitu qabu.Birsagaan wal gituufi yaada darbuun wal madaalu.Fakkeenya "Tokkummaan humna","Qilxuun daraare dawoo ta'a.","Waliigalan alaa galan."Mammaaksonni gaaleewwan yaada waliif deebii ta'an ofkeessaaqabu(Fedhasaa,2019:80).

v. **Walgita faallessaa**-Wal gita faallessaa kan jedhaman jechoonni bo'oowwan keessatti argaman humnaan wal gitanii garuu,yaadaan wal faallessanidha.

Fakkeenyaaf,Sirba ganamaa, galgala boo'a

Na argi na argiin na dhoksi na dhoksii fida.

Afaanii ba'eet ,abbaa namatti ta'a.

Mammaaksonni armaan olii kunneen gaaleewwan yaada wal faallessan of keessaa qabu(Fedhasaa,2019:80).

### 2.3.1. Faayidaa Mammaaksaa

Ummattoonni addunyaa kanarra jiran hunduu mammaaksa yookiin gooroowwan ogafaaniitti iddoowwan garaagaraatti dhimma bahu.mammaaksonni kunneen jireenya isaanii keessatti faayidaa hagana hin jedhamne kennaaf.Hawaasni tokko mammaaksa isaatti fayyadamuun gammachuu, gadda, hawwii, shakkii, amantaa, jaalala, jibba, dadhabina, ilaalcha, gaarummaa, ammeenya, amala badaa, walii galtee, tokkoomuu kan ittiin waliif ibsudha.Walumaagalatti jireenya keessatti kan ittiin walgeggeessudha.Mammaaksi yaada gabaabaa fayyadamuun dubbii

cimaa xiinxala guddaa barbaadu dabarsa.Dubbii tokko yeroo dheeraa irra deddeebi'anii dubbachuurra mammaaksaan gabaabsanii dhiyeessuun hawaasa biratti filatamaadha.Mammaaksi hawaasa biratti kabajaafii jaalala guddaa waan qabuuf namni tokko waan mammaakameef sana haasaa haasa'ame caalaa haalaan hubata.

Faayidaa mammaaksaa ilaalchisee hayyoonni garaagaraa yaada garaagaraa kennaa jiru.Haaluma kanaan,Addunyaa (2014) yoo ibsu:

> *Mammaaksi akkuma afoolota kanneen biroo dhalootaa dhalootatti afaaniin darba. Maaksaan dubbii eegalanii isumaan dubbii goolabu;mammaaksaan dubbii fidanii isumaan dubbii fixu.Mammaaksi koobaa dubbiiti kan jedhamus kanumaafi.Ergaa dabarsuu barbaadameen wal simsiisuundhimma itti ba'uuf beekumsa gaafata.Namniaadaafi eenyummaan hawaasaa hin galleef,mammaakullee ni akkeessa malee qabiyyeen wal qabsiisuu hin danda'u.*

Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubannu,mammaaksi hawaasa keessatti hariiroo kan cimsu,haalaan kan hiika argatuufi namoonni aadaa hawaasaa sirriitti hin beekne dhimma itti ba'uufi hiika itti kennuuf kan rakkatan ta'uu isaati.

Mammaaksi jireenya hawaasaa waliin kan walitti hidhata qabuufi uummannis waan jireenya isaa keessatti isa qunname,gadda,gammachuu,jaalala,jibbaafi ta'iiwwan garaagaraa kan ittiin ibsatudha.

Dabalataan Finnegan (1970:409) irratti faayidaa mammaaksaa yeroo ibsitu*,"In court and else where there are also frequent action for using a proverb to smooth over disagreement or bring a despute to close.*"Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubatamu mammaaksi wal dhabdee hawaasa keessatti uumameef furmaata kan kennu ta'uu isaati.Itti dabaltees,mammaaksi hawaasa keessatti haraara buusuuf iddoo guddaa akka qabu yemmuu ibsitu*,"Societies in which there is marked latent conflict,or in which there is particular need to regulate formalized conflicts,that proverbs play an essential large part.*" Jechuun(1970:412-13) hubachiisti.Mammaaksi iddoo jaarsummaatti,namoota wal dhaban araarsuufi yaadota wal dhaban walitti fiduuf iddoo guddaa qaba.Al tokko tokko yaada garaagarummaa qabu tokko walitti fiduun wanti baay'een dubbatamee kan dadhabame mammaaksi tokko walitti araarsee jaarsummaan sun akka nagaan xumuramu yeroon taasisu jira.

Mammaaksi jireenya ilma namaa guyyuu keessatti faayidaa guddaa kan qabu ta'uu isaa Fnnegan (1970:413) yoo ibsitu*,"Proverbs then are some time used quit formaly and consciously as a*

*vehicle to achieve the ends,and in the same sort of context, that we associate formal education*.”jetti.Yaada kan irraa kan hubatamu,mammaaksi sammuu qaruu, safuu barsiisuufi hubannoo cimsuu keessatti iddoo ol’aanaa qabaachuu isaati.

Mammaaksi waanuma kamuu caalaa waan namni gochuu qabuufi hinqabneef,akkasumas,amala isaa kan ibsudha.Gama biraatiin mammaaksi hamilee hawaasaa eeguu keessatti iddoo ol’aanaa qaba. Kana jechuun hawaasa keessatti namoota badii qaban yookiin dogoggora hojjetan kallattumaan itti himuurra mammaaksatti gargaaramuun ergaa ofii dabarfachuun ni danda’ama.Yaaduma kana Fedhasaan(2019:77) fakkeenyaan yoo ibsu*”nama tokko balleessaa isaa kallattiin itti himuun nama saalfachiisa ta’a.Kana hambisuuf mammaaksaan bira qabanii ibsuun barbaachisaadha.Fkn Borhin beekneen qodaan bukoo ishee sagal,ittoon ishee kudha lama*”jechuun faayidaa mammaaksi hawaasaaf kennu kaa’ee jira.

Akka waliigalaatti,mammaaksi hunda galeessa waan ta’eef faayidaan isaa hedduudha. Mammaaksi gosoota afoolaa biroo caalaa waan hawaasni gochuu qabuufi hin qabne, akkasumas, amala ilma namaa kan sirreessuufi ibsudha.Armaan gaditti faayidaawwan mammaaksaa kan beektonni garaagaraa kaa’an keessaa isaan muraasa ilaalla.

### 2.3.2.Dubbii Miidhaksuu

Mammaaksi haasaa (dubbii) mi’eessa.Namoonni haasaa afaaniin taasisan keessatti mammaaksa ni fayyadamu.Kun immoo akka dhaggeeffataan hin nuffine taasisa.Kana malees,dubbiin miidhagina akka qabaatu, hwwataa ta’uufi wanti dubbatamu sun sammuu dhaggeeffataa keessatti fakkii akka uumu taasisa.Kanaafuu mammaaksi koobaa dubbiiti jedhu.Sahilu (1996:59) yemmuu ibsu,”the use of mammaaksa not only serves the purpose of allining clearity of meaning but at the some time aesthetic purpose is achieved.”Yaada kana irraa kan hubatamu,mammaaksi dubbii tokko bifa ifa ta’eefi fudhatama akka qabaatu taasisuu irra darbee haasaan taasifamu sunis miidhagina akka qabaatuufi hawwataa ta’u taasisuu iaati.

Bukenyan (1994:47) miidhagina mammaaksaa yoo ibsu, asoosama biyya Naayijeeriyaa chinua Achebe wabeeffachuun “*Proverbs are the palm oil whith which words are eaten.”*jechuun ibsa.Yaadni kun kan ibsu,akkuma ittoon ‘zayitaan’ mi’ooftu dubbiinis mammaaksaa n kan mi’ooftu ta’uu isaati.Itti dabalee hayyuun kun fuuluma wal fakkaatu irratti saboota’Yoruba’ jedhamu eeruun “a proverb is the horse which carries a subject under discussion along;if a

subject under discussion goes astray,we use a proverb to truck it." Jechuun ibsa.Kana jechuu immoo mammaaksi dhimma mari'atamaa jiru tokko batu ta'ee, yoo dhimmi irratti mari'atamaa jiru dabe mammaaski karaatti kan deebisu yookiin kan qajeelchu ta'uu isaati.Kun immoo mammaaksi ergaa qabiyyee tokkoo cuunfee, miidhaksee kan dhiyeessu ta'uu agarsiisa.

**2.3.3.Muuxannoo Ibsuu**

Ummanni biyya tokkoo yookiin naannoo tokko keessa jiraatu muuxannoowwan haala qabatamaa jiruufi jireenyaa,gaddaafi gammachuu baroota dheeraa keessa dabarsan ibsachuuf mammaaksatti gargaaramu.Hubannoofi ilaalchi ummataa kunis haala qabatamaa jiruufi jireenya uummatichi argeefi jireenya sana itti hiikkatu irratti kan hundaa'udha.Kana malees, mammaaksaan haala seenaa siyaasa biyya tokkos uummataaf dhiyeessuun ni danda'ama.Fakkeenyaaf,seenaa biyya tokkoo keessatti biyyattiin sirna barreeffamaa guddate kan hin qabne yoo ta'e, haala biyyatti keessa ture haala bulchiinsaa, dinagdee, hawaasummaafi kanneen biroo dhaloota itti aanutti dabarsuuf mammaaksatti gargaaramu.Yaada armaan olitti ibsame kana Milder (1997:89) irratti yoo ibsu,"proverb is the oldest collection in the history of human kind."jedha.Yaanni isaa kun,mammaaksi seenaa hawaasa durii waliin hidhata akka qabuufi kuusaa waan durii akka ta'e ibsa.

**2.3.4.Mammaaksi Dubbii Gabaabsa**

Mammaaksijalqaba,jidduufi xumura haasawaa irratti dhimma itti bahama.Kana malees,muuxannoo uummataa kanneen dhugaa ta'anniifi dhugaatti fakkeeffaman yaada bal'aa ta'ee dhiyaatu gabaabsaniifi cuunfanii kaa'uuf itti fayyadamu.Haaluma walfakkaatuun,Miruka (1994:47) faayidaa mammaaksaa yoo ibsu,"Aproverb is aterse compact,pitny statement of popular wisdom accepted as an expression of truth."jechuun ibsa.Kanaafuu faayidaalee mammaaksaa keessaa inni tokko yaada bal'aa ta'e tokko himoota gaggabaabootti fayyadamuun cuunfee kan dhiyeessuu danda'udha.

Bukenyanis (1994:47) yaaduma oliitti dabaluun yoo ibsu*,"Indeed, many narratives end with proverbs summarizing their messages or giving credence to the experience narrated about as the origin of the proverb*."jedha.Yaadni kunis,seenessitoonni bay'een ergaa isaanii mammaaksaan goolabu yookiin immoo maddi seenaa sanaa mammaaksa ta'uu isaa ka hubachiisudha.

**2.3.5.Duudhaa Kabachiisuu**

Mammaaksi hawaasa keessatti callisee kan mammaakamu osoo hin taane,ergaa wayii dabarsuuf,gorsuuf,araarsuufi kanneen kana fakkaataniifi.Kun immoo wanti hawaasa keessatti gaarii ta'e akka gaarummaan itti fufu,gadheen immoo akka badu kan taasisudha.Kanaaf mammaaksi duudhaa hawaasichi gaariidha jedhu akka eegamu,kan badaadha jedhu immoo akka badu gochuu irratti iddoo ol'aanaa qaba.Seerriifi malli inni safuu eeksisuuf,duudhaasaa gabbifachuufi kabachiifachuuf dhimma itti ba'u keessaa tokko mammaaksota barsiisn,gorsan,qeeqan,akeekkachiisan,jajjabeessanfiwkkf gargaaraminidha.Yaaduma kana Bukenyan (1994:47-48) yoo ibsu,"mammaaksi duudhaa hawaasaa kabachiisuuf oolu"'jedhama.' Jedha.Yaada kana irraa kan hubatamu,mammaaksi safuun hawaasaa akka hin banne eegee kan tursiisuufi labata dhufuuf kan dabarsu ta'uu isaati.

### 2.3.6. Dubbii Fiduufi Dubbii Fixuu

Mammaaksi haalaafi yeroo dubbatame keessatti dhimma garaagaratiif oola.Kunis dubbii tokko jalqabuuf ykn xumuruuf mammaaksatti dhimma bahuu dandeenya.Dhimma kana ilaalchisee Finnegan (1970:339) akkas jechuun ibsiti,"Society in which there is marked latent conflict or in which there is a particular need or regulate formalized conflict,the proverb by play an especially larg part."Yaada kana irraakan hubatamu hawaasa keessatti sababiilee garaagaraatiin wal dhabdeen yoo uumame mammaaksatti fayyadamuun gababsanii haraara buusuu keessatti mammaaksi iddoo ol'aanaa kan qabu ta'uu isaati.Walumaagalatti, walitti bu'iinsa hawaasa keessatti uumame gabaabsanii karaa nageenya ta'een hiikuuf yookiin gabaabsanii furmaata laachuuf mammaksi gahee guddaa taphata.

## 2.4. Qabiyyee Mammaaksaa

Mammaaksiafaaniin dhalootarraa dhalootatti haa darbu malee qabiyyee mataa isaa kan qabuufi haalawwan qabatamoo keessatti ergaa addaa daddaa dabarsuuf kan mammaakamudha.Dhimma kana ilaalchistee Finnegan (1970:399) yoo ibsitu,"Traditional oral forms especially proverb and saying are more rewarding and for morereliable,since they are the product of deep refinding thinking."jetti.Yaanni kun mammaaksi afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa kan dhufe ta'uyyuu,qabiyyee mataa isaa kan qabuufi haalaawwan qabatamoo keessatti mammaakama

malee afaanumatti nama dhufeef kan mammaakamu akka hin taanedha.Mammaksi mammaakamu tokko waan dubbatamaa jiru sanaan kan wal qabatu ta'uu qaba.Kana jechuun qabiyyeen mammaksichaafi dhimmi  irratti mammaakamu walitti dhufeenya qabaachuu qaba jechuudha.

### 2.5. Amaloota Mammaaksaa

Mammaaksi damee ogafaanii keessaa tokko ta'ee amaloota ittiin beekamu hedduuqaba.Amaloota mammaaksaa keessaa muraasni kanneen armaan gadiit.

#### 2.5.1.Uummatummaa

Amala Mammaaksaa keessaa ummatummaan tokko yoo ta'u, abbummaan yookiin qabeenyummaan isaa kan uummataati.Kanaafuu yaada bal'aa ta'e tokko hima gabaabaafi hawwataa ta'een yoomessa murtaawaa keessatti dhimmoota dhugummaa qaban kan dhiyeessudha.(Tafarii,2001).Yaada kana irraa kan hubatamu mammaaksi dhugaa kan ta'e, jireenya hawaasaa gad fageenyaan kan ibsuufi madda jaalalaafi haraaraa ta'uu isaati.Kana jechuun ummanni Oromoo mammaaksatti gargaaramee wal qeeqa, wal gorsa dheekkama. Haata'u malee, namni mammaaksatti gargaaramee nama tokko yoo qeeqe itti gaafatamummaa hin qabu.Sababni isaas,jechi sun kan nama sanaa qofa osoo hin taane kan saba sanaa waan ta'eefidha.

#### 2.5.2. Lufummaa

Mammaaksi kan jaarraa yookiin bara murtaa'e qofa keessatti fayyadee dhaabatu osoo hin taane,dhaloota irraa dhalootatti darbaa kan dhufeefi ammas kan darbaajirudha.Gaaddisaa (1991).Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubannu,mammaaksi kan bara durii yookiin jaarraa tokko keessatti qofa dhaabbatu osoo hin ta'iin afaaniin dhaloonni wal harkaa fudhachaa kan as gaheefi gara fuulduraattis kan itti fufu ta'uu isaati.

#### 2.5.3. Yoomessa

Gosoota afoola biro irraamammaaksa  wantoota adda godhan keessaa tokko yoomessa kamuu keessatti dhimma itti bahuuf mijaawaa ta'uu isaati.Mammaaksi yeroofi iddoo barbaachisaa ta'etti kan dhimma itti ba'amudha.Bakkeewwan kunneenis,bakka jaarsummaatti,cidhaatti,bakka gaddaatti, gammachuufi kanneenkana fakkatanidha.

Sahilu (2002:43) haala mammaaksi ittiin mammaakamu ilaalchisee yemmuu ibsu,"the performance of proverb is not restricted by time and place."jedha.Yaada kana irraa kan hubatamu mammaaksi yeroofi bakkaan kan daangeffamu akka hin taanedha.Kana jechuun yeroo barbaadametti dhimmi mammaaksa barbaadu yoo jiraate dhimma itti bahuun kan danda'amu ta'uu isaati.Ben Amos (1975:192)"while story telling and riddles have definite temporal and spatial feature,the time spece proverb saying is situational"jedha.Hayyuun kunis,durduriifi hibboon yoomessa murtaawaa keessatti yoo himaman,yoomessi mammaaksaa garuu haalawaa akka ta'e dubbata.

Gama biraatiin mammaaksi sagalee wal fakkaatuun jalqabamuun isaa immoo mammaakamuuf mijaawaafi salphaa akka ta'u taasisa.Fakkeenyaaf,"Hammaaranis hammaatanis ni dhumata"kana malees mammaaksi sagalee wal fakkataan goolabamus ni argama.Kun immoo mammaaksi kun salphaatti akka jedhamuufi sammuu namaa keessaa akka hin baaneef gargaara.Fakkeenyaaf,"gowwaatti nihimu,gamnatti ni fuulchu."Walumaagalatti,mammaaksi amaloota ittiin beekamu qabaachuun isaa dameewwan afoolaa kanneen biroo irraa adda taasisa.

**2.6.Qorannoowwan Hojii kanaan Walitti Dhiyaatan**

Namoonni garaagaraa mata duree kanaan hariiroo kan qaban irratti qorannoo garaagaraa hojjetanii jiru.Fakkeenyaaf, qorattuunYewayinxajji Daamxoo (2008) mata sudee"Qaaccessa Mammaaksota Oromoo Cimina Dubartootaa Ibsan"jedhu keessatti qorannoo kan geggeessite yoo ta'u qorannoon ishee hawaasa keessaa dubartoota irratti xiyyeeffatee kan geggeeffamedha. Qorannoon kun immoo mammaaksota tokkummaa hawaasa Oromoo akka waliigalaatti kan ilaaludha.

Wondimu Tegegne (2018) mata duree"An Investigaion into manifestation of Oromo culture in Folklore:Focus on Oromo cultural elements Reflected in some selected AfanOromo proverbs(Mammaaksa).Journal of equity in science and suatainable Development.Vol.2(2).24.34. Artiikiliin kunis qabeenyi hawaasaa aadaa isaa ibuufi xiyyeeffannoo mammaaksaan aadaa uummata oromoo isbuufi guddina saayiinsii keessatti qooda akka qabu kanmul'isudha.

Kanamalees,qorataan Malkaamuu (2007) mata duree"Dubartoota mammaaksa Oromoo keessatti"kan jedhu yoo ta'u qorannoon isaa hawaasa keessaa dubartoota adda baasuun dhimma

dubartootaafi mammaaksaa wal bira qabee kan ilaalu yoo ta'u qorannoon kun immoo tokkummaa hawaasaa jiruufi jireenya isaan wal qabsiisee waan ibsuuf garaagarummaa kan qabudha.

Akkasumas,Fiqaaduu Birruu (2007)"Qaaccessa qabiyye mammaaksa Oromoo ijoolleefi ijoollummaa kan jedhu irratti qorannoo adeemsisee kan ture yoo ta'u bu'aan qorannoo isaa:Ummanni Oromoo hawwiifi ilaalcha gaarii ijoolleef qabu jireenya hawaasummaa keessatti dhala dhabuu isaa kan ittiin ibsatuufi ijoolleen rakkoof akka abdii hin kutanne fi ijoollee to'annoo maatii ala ba'an ittiin gorsuuf kan mammaakamu ta'uu ibseera.

Soofiyaa (1999).Mammaaksa Oromoofi Qoodinsa.Qorannoon kunis qoqqoodinsa mammaaksotaa irratti kan hudaa'e malee waa'ee mammaaksota tokkummaa kan ibsinedha.

Qorataan biroo Tadesse (2004) mata duree "Social funcition of Oromo Proverbs" kan jedhu irratti qorannoo kan geggeesse yoo ta'u, mata duree kana irraa wanti adda taasisu tajaajila mammaaksota Oromoo akka waliigalaatti hawaasaaf kennan irratti kan adeemsifamu yoo ta'u mata dureen kun garuu mammaaksota jiran keessaa tokkummaa hawaasaa kanneen ibsan adda baasuun gadi fageenyaan qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef qorannoowwanarmaan olii irraa adda ta'uu isaati.

Dabalataan Sumner(1995,1996) waa'ee mammaksa Oromoo qoratee kan ture yoo ta'eyyuu, firiin qorannoo isaa ummanni Oromoo karaa itti oguma isaa ibsatu hedduu akka qabuufi haala qoodinsa mammaaksaa irratti kan xiyyeeffate malee waa'ee mammaaksota tokkummaa ibsuu kan hin taane ta'uu isaati

Akka walii galaatti, hojiiwwan armaan oliitti dhiyaataniifi qorannoo kana wal bira qabnee yoo ilaalle isaanis mammaaksota irratti kan adeemsifaman ta'uun isaa wal isaan fakkeessa.Addummaan qorannoowwan oliifi qorannoo kanaa yoo ilaalle qorannoowwan olii mammaaksota irratti adeemsifamuu isaati malee kallattiin waa'ee mammaaksota tokkummaa hawaasaa ibsaniikan ibsu waan hin taaneef qorannoon kun akka adeemsifamu ta'eera.

### 2.7. Mammaaksaafi Hawaasa

Hawaasaaf mammaaksi waa hunda.Kaan gammachuu,gadda,jibba,jaalala,fedhiifi hawwii qaban waan ittiin ibsatuufidha.Kibury (1983:149) yoo ibsu*,"proverb could be generally summed up as*

*the core of people's culture,since they phrase there philosophy as well as poetry*.”jedha.Kana jechuun,beekumsa, aadaa,duudhaafi muuxannoo uummata tokkoo gooroowwan og afaan isaa bal’inaan kan of keessatti qabatu mammaaksa.

Uummanni Oromoo mammaaksa isaatti fayyadamuun waa’ee jiruufi jireenya isaa haalaan ibsata.Namni Oromoo baruu barbaadu tokko dura gooroowwan afoolaaa isa barraan haala salphaatiin jireenya Oromoo baruun ni danda’a.Sababni isaas,Oromoon afoola isaa irraa adda bahee ilaalamuu waan hin dandeenyeefidha.Yaada kana Mangashaan(1992) yoo ibsu*,”Namni Oromoo baruu fedhe tokko gooroowwa afoola isaa baruu qaba*.”jedha.

Mammaaksis ta’e akaakuuwwan ogafaanota biroo dubbiidhaan dhaloota irraa dhalootatti kan darban ta’uun isaanii ibsameera.Kana irraa kan hubannu,gooroowwan ogafaanii kamiyyuu irra caalaa kan tajaajilan hawaasa sababa sadarkaan guddina beekumsa isaa og barruutiin hin dagaagiin keessatti ta’uu isaati.Biyyoota akkasii keessatti aadaa,amantaa,sansaka,duudhaa, gammachuu,gaddaafi kkf hawaasichi itti jiraatu dhaloota itti aanutti dabarsuuf og afaan gahee guddaa akka taphatudha.Kanaaf,Asafaan (2006)”…Afoolli immoo mala,dandeettii, abshaalummaa,itti hora.”Jedha.Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubannu,afoolli eenyummaa hawaasa tokkoo ta’uu isaati.

Ogafaaniifi mammaaksi ardii Afrikaa keessatti aadaafi duudhaa hawaasichaa ibsuu keessatti iddoo ol’aana kan qabudha.Oduuwwan durii afaaniin daddarban kunneen immoo irra caalaatti mammaaksa kan of keessaa qabaniifi mammaaksota kana keessaas walakkaan haala keessatti mammaakaman sana keessatti yoo qorataman malee hiika isaanii beekuun ulfaataadha.

Gama birootiin mammaaksonni madda beekumsaafi falaasamaa ta’uu isaatu ibsama.Yaada kana Ikeng(1987) Fiqaaduu wabeeffachuun (2007:18) keessatti yaada kana, *“proverbs enshrine wisdom,beliefs,and accumulated experience of past and present generation*.”jechuun ibsa.

Mammaaksi haala jireenya dhala namaa irratti kan xiyyeeffatedha.Gartokkeen waa’ee aadaa saba mammaaksichatti dhimma ba’uu yoo ibsan,gariinimmoo seenaa hawaasichaa ibsu.Kan caasaa walitti dhufeenya hawaasichaa umriin,gitaan,koorniyaan,haala jireenyaan ibsanis ni jiru.Mammaaksi sammuu namaa keessatti qofaa namatti dubbatama.Kun immoo,mammaaksaafi hawaasa walirraa adda baasanii ilaaluun kan hin danda’amne ta’uu isaati.

Mammaaksonni amantaa waliin wal qabachuun wal qabachuu dhiisuu mala.Mammaaksonni amantaa bu'uureffatan amantaa sabootaa, ilaalcha addunyaa, safuufi akeekkachiisa dalagaalee yookiin walitti dhufeenya namoonni qaban kan hammatanidha.Yaada kana Thomas (2005:18) yoo ibsu,"*The entire world view of the people is rooted withen proverbs and wise saying and many of the proverb govern religious and social behavior*"jedha.

Mammaaksi amala waa miidhaksee dhiyeessuu ni qaba.dabalataanis, mammaaksi meeshaa humna dubbii miidhaksanii dhiyeessuuf nama dandeessisu ta'uun akka namni itti gargaaramuun yaada sammuu isaa keessa jiru ilaalchas ta'e amantaa yookiin dhugaa qabatamaa gurra dhaggeeffataatti tolutti bocee, miidhaksee dhiyeessuun barsiifata amala namichaa gara namni baay'ee barbaadutti jijjiiruuf gargaara.Yaada kanas, Fiqaaduun,sall(1999:20) wabeeffachuun akka armaan gadiitti ibsa.

> *Proverbs have the power to change people condact, because the truths portrayed in them are so plain and unchallengeable that those who under stsand the morals and advice they contain, feel compelled to condact their lives in the manner prescribed in the proverbs by the wise elders of old*.

Walumaagalatti, mammaaksota waggoota kumaatama baroota warri Sumeerotaa barreeffama durii itti jalqabamanitti akka jalqabame ni ibsama.Yaadrimeen mammaaksotaas seenaa dheeraa akka qabudha.Kanaaf, waa'ee maddaa, maalummaa, faayidaa, qoqqoodama, caasaa, afaan, loojikaa, mul'istoota, hiika mammaaksotaa irratti barreeffamoonni baay'ee akka jiranidha.Kun immoo ilmi namaa mammaaksa wajjiin hariiroo cimaa qabaachuu isaa kan ibsudha.Kana jechuun immoo mammaaksi ilma namaa biratti akka waliigalaatti fudhatama qabeessa ta'uu isaati.Mammaaksi hawaasa yookiin saba tokko qabatamaadhaan haala saayinsawaa ta'een aadaafi asdhuftee hawaasichaa addunyaatti kan beeksisudha.Kun immoo seeraan yoo qindaa'e fakkii haala jireenya hawaasichaa, falaasama isaanii, qeeqa jireenya isaanii, duudhaa hawaasichaa dgugaafi sona qabeessa ta'e mul'isuufi beeksisuuf isa dandeessisa.Kanamales, kan itti dhaloota itti aanu barsiisan, jajjabeessan, beeksisan, wal hubachiisan, kakaasanfi jireenya gara fuulduraaf qophessan ta'ee tajaajila.

### 2.8. Yaaddiddama Qorannoo Afoolaa

Qorannoon afoolaa haala irraa jalaatiin qoratamaa haadhufuyyuu malee yaanni hayyoonni afoolaaf kennan garaagarummaa kan qabudha.Haala kanaan kan hayyoonni irratti walii hin

gallees, afoolli akkamiin walitti guurama,qaacceffamaafi kkf dha.Rakkoolee kanneen hiikuuf yaaddiddamoota hayyoota garaagaraatiin kennaman ilaaluun barbaachisaadha.Yaaddiddamoota hayyootan kennaman keessaa muraasni:

Yaaddiddama tajaajilaa(funcitiona approach),ilaalchisee Den Ben Amos(1975) yoo ibsu,''The fanction approach to the categorization of oral literature actually has focused up on the relation ship betweenformes of verbal,art and existin  cultural,psychological,and social need'' jedha.Yaada hayyuu kanaa irraa hubachuun akka danda'amutti,yaaddiddamni tajaajilaa,walitti dhufeenya jechaa yookiin haasaa afaaniifi qabiyyee yaada xinsammuu,hawaasummaafi fedha hawaasaa kan qo'atu ta'uu isaati.Yaaddiddamni tajaajilaa akkkataa ijaarsa afoolaa osoo hn taane tajaajila afoolli hawaasa keessatti qabu irratti xiyyeeffata.Isa kana irratti Bascom (1992:175) yemmuu ibsu,"…as folklorist we examine the verbal costomary we and how it is important to the people sharing it"jedha.Yaada kana irraa wanti hubatamu,qorataan fokloorii yaaddiddama tajaajilaatti yoo fayyadame wanti afaaniin himamu,barsiifamuufi meeshaaleen aadaa maaliif akka tajaajilaniifi akkamitti akka tajaajilan qo'achuun akka irra eegamuu ibseera.Kana irraa ka'uun qorataanis yaaaddiddama kanatti fayyadameera.Sababiin isaas qorqtaan   qorannoo isaa kan adeemsise hawaasa keessa seenuutiin faayidaa mammaaksi jireenya hawaasaa keessatti qabuufi hawaasni mammaaksatti gargaaramuun maaal maal akka hojjetuufi maaliif akka itti gargaaramu akkasumas mammaaksaan maai akka dalagu waan ilaaleefi xiinxaluuf waan isa gargaareefidha.

Ysaaddiddamni biro immoo yaaddiddama caasaa(structural approach):Yaaddiddamni kun kan caasaa irratti xiyyeeffatudha.Isa kana irratti Propp (1958) yemmuu ibsu,"Morphology of a folktale'mata duree jedhu keessatti durdurii'Fairly tale''yeroo jalqabaatiif unkaan qoqqoodee kaa'ee jira.Kana gochuu isaatiin qorannoo afoolaa keessatti jijjiirama guddaa fiduuf hayyoota biro illee hojii kanaaf kakaaseera.

Yaaddiddamni biraa immoo yaaddiddama galumsaa(cotexual approach).Yaaddiddamni kunis,qorannoon afoolaa hawaasa isaa  keessatti ta'uu akka qabu kan agarsiisudha.Kun immoo qorannoon afoolaa haalawaa ta'uu isaa kan agarsiisudha.Dorson (1972:45) yemmuu ibsa kennu,"The object strenuously to the text being extra plated from its context in language,behavior,communication,expression and performance over lapping terms they continuously employ"jedha.Yaanni isaa kunis hiikni kennamuuf,galumsa,haala

dubbii,amala,haala waliigaltee,akkaata ibsama qoqqooddattootaafi kkf keessatti ilaalamuu akka qabu ibse.

Haaluma kanaan qorataanis yaaddiddama kanatti gargaaramee qorannoo isaa geggeesseera. Sababni isaas afoolli tokko hiika kan argatu akkaataa dubbii hawaasaa irrattidha. Mammaaksis hiika argachuutiif akkaataa dubbii hawaasa sanaa bu'uureffachuun murteessaadha. Kanaafuu qorataan hawaasa keessa deemuutiin hiika mammaaksaaf kennamu haala fi yeroo sana irratti waan ta'eef yaaddiddama kana gargaaramuun qorannoo isaa adeemsiseera.

Gama biraatiin mammaaksa qorachuuf yaaddiddama tokko qofaa filachuun rakkisaa akka ta'e hayyoonni ni dubbatu.Kana irratti Tafarii(2000:35)"It is important not that there is no single approach of research in the field of proverb scholar ship.This seems to be because multi dimensional characteristics of proverbs"jedha.Yaada kana irraa akka hubatamutti qorannoo mammaaksaa keessatti yaaddiddama tokko qofaatti dhimma bahuun rakkisaa ta'uu isaati.Wanti akka sababaatti kaa'ame immoo mammaaksi dhimmoota hawaasaa garaagaraa of keessatti qabachuu isaati.Itti fayyadama jechootaa,aartii,oguma hawaasaa,caasaafi kkf ilaaluun ni danda'ama.

Inni biraa immoo yaaxxina dubartootaa (Feminist approach).Yaaxxinni dubartootaa yaaxxinoota kanneen keessaa tokkodha.Bryson (1999:82-83) yemmuu ibsu,"Feminist criticisim is concerned with the way in wich litareture (and other cultural production) reinforce or undermine the economic,political,social and psychological operation of women."jedha.Yaada kana irraa kan hubannu hawaasummaa keessatti haala dinagdee,siyaasafi kanneen biroo keessatti halonni garaagaraa jiraachuu isaati.

# BOQONNAA SADII:MALLEEN QORANNOO

## 3.Seensa

Malleen qorannoo yemmuu jennuqorannichi gosoota qorannoo keessaa isa kamiin akka qophaa’e(qorannoo lakkoofsaa moo qorannoo qulqullaa’naa) mala kamiin akka ijaarame (qo’annoo addeessaa,qo’annoo waliin madaaluu…) malli iddattoo kam akka hojiirra oole (mala carraa,mala eeruu,akkaayyoo) gaaffii kamiin odeeffannoon akka guurame(af-gaaffii,daawwaannaan,marii garee, sakattaa galmeee…) odeeffannoon argame sun mala kamiin akka ibsame(addeessuudhaan, sakatta’uudhaan…) kanneen jedhaman agarsiisa. Malleen kunneenis maaliif akka fayyadamaman ibsamuun dhiyaataniiru.

Haaluma kanaan boqonnaa kana keessatti Tooftaa Qorannichaa, Hirmaattota Qorannichaa, Iddattoofi Mala Iddatteessuu, Madda Ragaalee, Meeshaalee funaansa Ragaaleefi Malleen Qaacceessa odeeffannoo qorannicha keessatti itti gargaaramamantuu duraaduubaan gad fageenyaan dhiyaatee jira.

### 3.1.Saxaxa Qorannoo

Boqonnaan kun malleen qorannoo ittiin adeemsifame mara of keessaaqaba. Qorannoon kunis gosa qorannoo akkamtaan geggeeffame.Adeemsa kana keessatti qorataan ragaalee argate qaaaccessuuf mala ibsaa gargaaramee dhiyeesse.Sababni isaa odeeffannoo argate gad fageenyaan xiinxaluuf malli kun baay’ee filatamaa waan ta’eefidha.Kunis qorataan waa’ee mammaaksaa namoota irraa odeeffannoo guurrachuufi kitaabilee adda addaa dubbisuutiin ibsuufi dhiyeessuuf waan isa gargaareefi filatamaa waan ta’eefidha.

Waa’ee qorannoo akkamtaa Destaan (2013:31) malli kun aadaa hawaasaa irratti qorannoo geggeessuuf filatamaa ta’uu isaafi jireenya hawaasaa gad fageenyaan kan ibsu ta’uu isaa yoo ibsu*”Dhimma aadaa yemmuu jennu haala jireenya hawaasa tokkoo kan xiinxalu ta’a*”jedha.Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubatamu gosti qorannoo qulqullinaa aadaa hawaasaa gad fageenyaan xiinxaluuf filatamaa ta’uu isaati.Itti fufees Destaan (2013:31) gosti qorannoo kanaa haala jireenya hawaasaa ibsuu isaa yoo ibsu “haala jireenyaa yemmuu jennu eenyummaa, haala uffannaa, amantaa, fuudhaafi heeruma, faaruu garaagaraa, mala hawaasichi rakkoo itti hiikkatu…dabalata.”jedha.Akka waliigalaatti yaada kana irraa kan hubatamu malli qorannoo qulqulleeffataa qorannoowwan aadaan wal qabatan geggeessuuf mala filatamaafi galma gahinsa qorannichaa milkeessuu kan danda’u ta’uu isaati.

Qorannoo akkamtaairratti dabalataan CresWell J(2003:178)yeroo ibsu"the idea behindqualitative research is to be purposefully selected participant or sites documents or visual that will be best help the researcher understand the problem and reseach quisti"jedha.Yaada kana irraa kan hubannu qorannoo qulqulleeffataa keessatti raga argachuuf maddoota garaa garaa yommuu sakattanu xiyyeeffannoofi of eeggannoo guddaa kan gaafatu ta'uu isaati.Sababni isaas raga qabatamaafi dhugaa ta'e dhiyeessuuf maddi isaa haqaafi qabatamaa ta'uu akka qabudha.Kun immoo qorataan hojii qabatamaafi sirrii ta'e irratti bu'uureffatee qorannoo kana akka geggeessuuf gargaara.

Qorannoo akkamtaa keessatti hawaasa keessa seenuun aadaa,duudhaa, amantii,siyaasa,dandeettii,dadhabina, jaalala, jibba,walumaagalatti haala jiruufi jireenya hawaasichaa daawwachuutiin,gaafachuufi yaadota isaanii qindeessuun yaadannoo qabachuufi sagaleelee dhiyaatan Waraabuun kan geggeeffamudha.Kana irratti Salomon Areaya(2004:3)Presslefi Diane wabeeffachuun yemmuu ibsu,"Qualitative research is ……defined as category of research designd or moderelicits,verbal,visual,tactile,olfactory and gustatory data"jedha.Kana jechuun qorannoo qulqulleeffataa keessatti qorataan hawaasa keessa seenee hojjetee,ilaalee,qaqabee mari'atee,mariisisee,hirmaatee hirmaachisuun ummata sanafakkaachuun kan geggeessu akka ta'e eera.Haaluma kanaan, qorataanis hawaasa keessa seenuun akkaata hawaasni ittiin wal jajjabeessaa tureefi jiru ademsa akkamii akka barbaachisuufi jechoota isaan gargaaramuun tokkummaa isaanii cimsaa turan gad fageenyaan ilaalee xiinxalee qorannoo isaa geggeessee jira.

**3.2.Qooddattoota Qorannichaa**

Qooddattoota qorannoo jechuun qorannoon sun akka adeemsifamuuf iddoo ol'aanaa kanneen qabanidha.Isaanis bifa garaagaraatiin qorataatiif odeeffannoo qorannichaaf ta'u(kaayyoo qorannichaa) qorataadhaaf warren kennanidha.

Haaluma kanaan qorataan akka qooddattootaatti kan itti gargaarame:abbaa Gadaa aanichaa,hojjettoota aadaafi turiziimii, maangoddoota tooftaa addaa addaatiin hawaasa naannoo sanaa keessaa filatamanidha.Dabalataanis,barsiisota mana barumsaa Beeriyaa jedhamtu barsiisanidha.Isaanis kan filatamaniif barsiisota afaanii waan ta'aniif odeeffannoo bal'aa kennuu ni danda'u jedhee qorataan waan yaadeefi. Kana malees iddoowwan hawaasni wal ga'ee mammaaksota tokkummaan wal cimsu deemuun ilaaluun akkaataa isaan mammaaksa kanatti

dhimma bahan ilaaluunfi gaafachuutiini.Haaluma kanaan qorataan iddoo maanguddoonni wal gahanii abbaa manaafi haadha manaa wal dhaban walitti fiduun mammaaksota tokkummaa ibsan gargaaramuun walitti araarsan deemuun daawwatee qorannoo isaa kan geggeessedha.Walumaagalatti qorataan odeeffannoo kennitoota armaan olii kana irraa odeeffannoo argate walitti qindeessuun dhiyeessuun qorannoo isaa geggeesseera.

### 3.3.Mala Iddattoo

Mala iddattoo jechuun tooftaa qorataan gargaaramee namoota odeeffannooisaaf kennan filatudha.Kun immoo qorataan tooftaafi kayyoo qorannoo isaa irratti hundaa'uun kan raawwatudha.

Adeemsuma kanaan qorannoon kun tooftaalee iddattoon ittiin filamu kessaa qorannoo kana milkeessuu kan danda'utti gargaaramuun geggeeffame.Qorannoo kana keessatti qorataan malli itti gargaaramee qorannoo isaa geggeesse mala akkaayyoofi iyyaafannooti.

Akkaayyoon mala iddattoon ittiin filatamu keessaa tokko ta'ee namoota dhimmacha beekan gaafachuun ykn iyyaafachuun tooftaa adeemsifamudha.Malli kun of-eeggannoo guddaa kan gaafatudha.Sababiin isaas akka qorataan yaadeefi kaayyeffatetti odeeffannoo kennuu dhiisuu waan danda'aniif dursee namoota dhimma kana irratti odeeffannoo bal'aa qabaniifi waan gaafatamaniif deebii kennuuf eyyemamoo ta'an adda baasuun xiyyeeffachuun murteessaadha.Haaluma kanaan qorataanis namoota qorannoo kana irratti odeeffannoo ykn hubannoo guddaa qabu jedhaman keessaaabbaa gadaa aanichaa, ogeessota aadaafi turiziimii aanichaafi barsiisota mana barumsaa Beeriyaatti gargaaramuun qorannoo isaa adeemsiseera.

Malli iddattoon ittiin filatamu inni biraan mala iyyaafannooti. Malli kun imoo tooftaa namoota waa'ee qorannoo kanaa hubannoo ykn beekumsa qaban argachuufi odeeffannoo quubsaa ta'e guurrachuuf gargaara. Tooftaa kana ilaalchisee Berg (2001:32-33) akkanatti ibsa"snowballing is some times the best way to locate subjects with certain attributes or characteristics necessary in a study.Snawball sample are particularly popular amoung reasercher interested in studing various clases of adievances, sensitive topics or defficult reaserch population,"jechuun ibsa.Kanaafuu,namoota qorannichaaf odeeffannoo barbachisu kennan iyyaafachuun, itti dabala odeeffannoo argameetiif namichi odeeffannoo kenne sun kan biroos akka eeru taasisuudhaan qoratichi akka itti gargaaramu ibseera.Tooftaa kana keessatti namoonni odeeffannoo gaafataman nama isaan caalaatti odeeffannoo kennuu danda'u yoo jiraate eeruu qorataaf kennuun deddeebee

odeeffannoo quubsaa akka argatuuf deggersa barbaachisaa ta'e ni kennuuf.Haaluma kanaan qorataanis odeeffannoo argachuuf dursee obbo B gaafachuun Obbo B'n ammo ana caalaa obbo CHMfi obbo BM odeeffannoo bal'aa kennuu akka danda'an heeree qorataanis jaarsolii kanneen gaafachuun qorannoo isaa geggeesse.Odeefkinnitoonni itti aananis akkaataadhuma kanaan kan argamanidha.

### 3.4.Mala Funaansa Ragaa

Kana jalatti malleen funaansa ragaa qorannoo kanaaf hojiirra oolantu ibsame.Ragaan kan argamu kaayyoofi gosa qorannoo keenyaa irrattii hundoofnee nama irraa,fakkii, irraa,gabatee irraa,barreeffamootaa garaagaraafi kanneen kana fakkaatan irraati.Haaluma kanaan qorataanis kanneen keessaa odeeffannoo isaa kan funaannachuuf kan isa gargaare namootafi barreeffamoota garaa garaati.

Haaluma kanaan qorataan mala funaansa ragaa armaan gadiitti fayyadamuun odeeffannoo qorannoo isaatiif ta'u funaannate.Malleen funaansa ragaalee kunneenis walduraa duubaan,afgaaffii,mariigaree, daawwannaafisakatta'a galmeeti.

#### 3.4.1.Afgaaffii

Mala funaansa ragaatiif barbaachisan keessaa tokko afgaaffiidha.Malli kun odeeffannoo kennitootaafi qorataan qaamaan wal arguun odeeffannoo kan waliif kennanidha.Keessatti malli kun kan filatameef namoota dubbisuufi barreessuu hin dandeenye irraa ragaa bal'aafi bilchaataa argachuufi. Haaluma kanaan,qorataan qorannoo kana af-gaaffii banaa ta'e qopheessuun maanguddoota aanichaa keessaa akka iddattootti filataman dhiira_11fi dubra 6 ida'ama namoota 17 waliin fuulaa fuulatti wal arguun raga qorannichaaf barbaachisaa ta'e funaannateera.mali kun malleen jiran keessaa akka madda guddaatti kan gargaarudha. Sababiin isaas qorataan maanguddoota oddeeffannoo kennan kanneen waliin qaamaan wal bira gahuun gaaffii isaa aakka isaaniif hubatamuu danda'utti tooftaalee garaagaraa gargaaramuutiin isaaniif dhiyeessuutiin gaaffii isaa deebii quubsaa waan argateefidha.Kun immoo odeeffannoo dhugaafi qabatamaa ta'e argachuuf baay'ee nama gargaara.Malli filannoo iddattoos mala mit carraa keessaa tooftaa iddattoo kaayyeffataafi eeruu(darbaa dabarsaa) tti dhimma bahedha.

Malli kun odeeffannoo qabatamaafi dhugaa ta'e argachuuf baay'ee filatamaadha.Mala kana ilaalchisee Destaan(2002:84) yoo ibsu"*Odeeffannoo af gaaffiin funaanamu gaarii kan taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee gaafatu dandeessisa*"jedha.Yaada kanarraa kan

hubatamu afgaafffii keessatti qorataan odeefkennitoota waliin qaamaan wal arguutiin wantoota barbaade ifa taasisee akkaa isaaniif hubatamuu danda’utti gaafachuutiin odeeffannoo bal’aafi dhugaa ta’e argachuuf kan gargaaru ta’uu isati.

Gama biraatiin, mala kana ilaalchisee,Goldsten(1964:104)irratti akkas jedha:”*Interview data include information on what the informant ,believes,expect,feet,,went,does or hasdone,or which explain or gives reason for any proceding*”.Yaada kanarraa akka hubatamuttis afgaaffii fayyadamuun odeeffannoo guurrachuun wantoota kanaan dura raawwataman,waan kaan dura beeku,dhagaheefi ijaan arge akka kennuuf gargaara.Kanaaf qorataanis namoota mata duree kana irratti hubannoo qabaniin akka isaaniif ifa ta’utti gaafatee deebii quubsaa argateen qorannmoo isaa adeemsiseera.

### 3.4.2.Marii Garee

Mariin garee mala funaansa ragaa keessaa tokko ta’ee tooftaa dhimma dhiyaate irratti odeeffannoo gahaa qabu jedhamuun naamoota yaadamanii filatamaniif qorataan gaaffii isaa siyeesseefii jarreen erga irratti marii bal’aa adeemsisanii booda waan irratti walii galan qorataatti kan himan ta’a. Malli kun odeeffannoo bal’aafi bilchaata argachuuf kan gargaarudha. Kuns namoonni kunneen odeeffannoo gahaa kennuu waan danda’aniif hojii qorataa kanaaf milkaa’ina gaarii waan ta’eefidha.Kanamalee,odeeffannoo afgaaffiin guurame sirriitti hubachuudhaaf namoota dhimma kana haalaan beekan waliin mari’achiisuun tooftaa qorataan itti gargaaramedha.

### 3.4.3.Daawwannaa

Daawwannaan mala raga qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko.Kana keessatti qorataan bakka qorannoo isaa itti geggeessu sanatti yeroo yerootiin  argamee qaama qorannoo irratti adeemsisu sana haalaan hordofa.Yaada kana Destaa (2013:118) yoo ibsu,”Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti geggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannoo irratti geggeessu hordofa.”Haaluma kanaan qorataan toftaalee funaansa raga keessaa tokko kanata’e daawwannaatti dhimma baheera.Akka aanaa kanaatti namootni yeroo wal dhaban jaarsoliin filataman waliitti qabamuutiin namoota wal dhaban sana haraarsuun waan aadeffatamedha.kunis maanguddoonni kun wal gahanii gaafa dubbii namoota wal dhabanii eegalan mammaaksaan eegalu;akkasumas yeroo namoonni wal dhaban komoo isaanii dheeressanis mammaaksaan akka

isaan gabaabsan taasisu. Adeemsa kana keessatti mammaaksota tokkummaa ibsan kanneenitti haalaan gargaaramu.

Qorataanis yeroolama haati manaafi abbaan manaa waldhabnaan yeroo jaarsoliin walitti haraarsanfi hollaan dhimma daangaa lafaatiif wal dhabanii yeroo walitti haraarfaman qaamaan argamee adeemsa isaan mammaaksa tokkummaa itti gargaaraman daawwatee odeeffannoo argateera.Qophiin haraaraa akkanaa jiraachuu immoo namoota irraa odeeffannoo argateeti.Adeemsi kun immoo mala kana fayyadamee qorannoo isaa akka geggeessuuf isa gargaareera.

### 3.4.4.Sakatta'a Galmee

Mala funaansa ragaalee keessaa inni biroo sakatta'a galmeeti.Malli funaansa raga kunis mammaaksota Oromoo bifa barreeffamaatiin galmaa'anii jiran irraa odeeffannoo argachuuf kan gargaarudha.Kun immoo barreeffamoota addaa addaa sakatta'uutiin iddoo hedduutii walitti funaanuutiin qaaccessuudha.Haaluma kanaan qorataanis barreeffamoota mammaaksota tokkummaa Oromoo ibsaniif akka maddaatti kan itti gargaarame barreeffamoota dhimma kanaan wal qabatee waajjira aadaafi turizimii aanaa Bachoo keessatti argamaniifikitaabilee mammaaksa iorratti barreeffamanidha. Itti dabalees, Wasanee Bashaa (2005/12) Qorii Hambaa keessaa mammaaksota tokkummaa Oromoo ibsan ,Biiroo Aadaafi Turiziimii Oromiyaatiin kan maxxanfame Mammaaksota Oromoo Hiika waliin Jildii 1ffaafi 4ffaa (2007)keessaa funaanuun sakatta'ee qabiyyee isaandhiyeesseera.Haala kanaan qorataan barreeffamoota qabiyyee kanaan walqabatan biroos gad fageenyaan sacca'ee  itti dabaluutiin qindeessee xiinxalee qorannoo isaa geggeesseera.

## 3.5.Mala Qaaccessa Ragaa

Qorannoo kana keessatti qaaccessi odeeffannoo af-gaaffii, marii garee, daawwannaafi sakatta'a galmeetiin waan funaanameef odeeffannoon kun jechaan ibsame.Sababiin isaas yaada tokko gad-fageenyaafi bal'inaan ibsuuf barbaachisaa waan ta'eefi. Kun immoo jecha qorataan tokko itti gargaaramuun ibsuufi hiiku xiyyeeffannoo akka argatu taasisa. Osoo qorannicha hin qaaccessiin dura odeeffannoo maloota arfaniin walitti qabaman waraabuufi gulaaluun erga af-gaaffii, marii garee, daawwannaafi sakatta'aan galmee raawwatamee booda erga raawwatamee booda kan itti aanu qoqqooduun akka qabiyyeen isaa garmalee hin bal'anneefi qabiyyee ala hin baaneef gosa isaatiin caccabsuun qoqqoodee gabaabseera.Yaada kana Kothar(1990:123) yoo ibsu:"*Most*

*researchers studies result in a large volume of raw data which must be reduced in to homogeneous groups of we to get meaningful relation ships"*jechuun ibseera.Yaadni hayyuu kanaas kan ibsu odeeffannoo bal'aa oddeeffannoo kennitoota irraa argame qabiyyee isaatiin qoqqooduun garee wal fakkaatu walitti fiduun dhiyeessuun kaayyoo isaa galmaan gahuu danda'uu isaati.Qorataanis ragaan quubsaa kennameefi erga mirkaneeffatee booda odeeffannoo argame kana mala qulqulleeffataa fayyadamuun ragaan argamu dhugummaafi fudhatama akka argatuuf jechaan qaacceffame.Yaada qulqulleeffataa jedhu Kother (1990:3) yoo ibsu:"Qualitative research on the other hand,is concerned with qualitative phenomenan, i.e,phenomenan relating io or involving quality or kink"jechuun ibsa. Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubannu qorannoon qulqullinaa daeemsa raawwii isaa keessatti ta'iiwwan raawwataman duraa duubaan sirriitti kan dhiyeessu ta'uu isaati.Qorataanis sababa kanaaf tooftaa kana gargaaramuun qorannoo isaa qaaccesseera.

## 3.6. Tartiiba Qorannoo

Tartiiba qorannoo jechuun mala qorannoo kana keessatti duraa duubummaa qorataan fayyadamee qorannoo isaa geggeesse jechuudha.Haaluma kanaan qorataan dursee qorannoo kanaaf raga af-gaaffiin argate walitti fiduutiin qindeessee walitti qabee kaa'e. Itti aansuutiin Gaaffilee namoota filatamaniif dhiyaate irratti namoonni sunneen walii isaaniin marii geggeessuun yaada dhiyeessantu cuunfamuutiindhiyaate.

Itti dabaluutiin qabatamummaa qorannoo isaatiif bakka namoonni mammaaksota tokkummaa ibsan gargaaramuun namaoota wal dhaban walitti araarsaniifi mammaaksota faayidaa tokkummaa ibsan gargaaramanitti argamuun yaada sana ilaaluun barreeffamaan qindeeffate.Dhuma irratti yaada mta-duree qorannichaan wal qabatan irratti hayyootaafi barreessitoota adda addaatiin barreeffaman kitaabileefi barreeffamoota adda addaa irraa walitti qabuun barreesse.Walumaagalatti yaadota kanneen walitti fiduutiin sirriitti erga adda baasee qaaccessee booda qindeessee qorannoo isaa adeemsiseera.

## 3.7.Qorannoo yuulii

Mata duree kana jalatti meeshaan qorataan odeeffannoo kennitootaaf dhiyeesse ifa ta'uu isaa,akkasumas ggaaffiin dhiyaate kaayyoo qorataa galmaan gahuuf gahaa ta'uufi adeemsi

qorannichaa haala qindoomina qabuun akka dhiyaate kan agarsiisudha. Haaluma kanaan qorataan qorannoo isaa kanaaf gaaffilee bu’uuraa qorannoo kana galmaan gahuuf murteessoo ta’aniifi namoota odeeffannoo gahaa kennuu danda’;an tooftaalee barbaachisoo ta’anitti dhimma bahuun dhihyeessuun raga bal’aafi barbaachisaa ta’e argatee jira. Kun immoo haala sirrii ta’een qindoominaan dhiyaachuun kaayyoon qorataa akka milkaa’uuf shoora ol’aanaa kan taphatudha.

### 3.8.Naamusa Qorannoo

Naamusa qorannoo jechuun seera qorataan qorannoo isaa galmaan gahuuf odeeffannoo kennitoota waliin taasisudha. Adeemsa kana keessatti qorataan yeroo gaaffii dhiyeessuufi adeemsa of ibsuu keessatti ofeeggannoo taasisuu qabuun kan wal qabatudha. Haaluma kanaan gaafa jalqabaa nagaa gaaafachuufi of ibsuun kan barame ta’ee yeroo of ibsu keessatti garmalee of ibsuufi gad-of buusuu irraas of qusachuu qaba. Akkasumas icciitii odeeffannoo kennitootaas sirriitti eeguu qaba. Sababiin isaa yoo icciitii isaanii eeguu baate qorannoon isaas icciitii waan dhabuufidha. Kana keessatti maqaa namaafi seenaa nama sanii barreessuun fudhatama hin qabu. Sababiin isaas booda rakkoon odeeffannoo inni qorataaf kenneen irra gahuu waan danda’uufi.Qorataanis naamusa qorannoo tokkoof barbaachisu eeggataee haala kanaan qorannoo isaa geggeessee jira.

## BOQONNAA AFUR:DHIYEESSIIFI QAACCESSA RAGAALEE

## 4.Seensa

Uummanni Oromoo mammaaksota tokkummaa isaa ittiin ibsatu gosoota garaagaraa kan qabuufi itti fayyadamudha. Innis tokkummaa isaa gama, maatii, sabaa,biyyaa, siyaasaan, hawaasummaafi dinagdeetiin qabu mammaaksota kanneenitti gargaaramee wal tumsuutiin guddinaafi jijjiirama nama dhuufaatii kaasee hanga biyyaatti qabu waliif ibsaafi wal jajjabeessaa kan turedha. Haaluma kanaan boqonnaa kana keessattis mammaaksota Oromoon tokkummaa isaa ittiin ibsatu jalatti kanneen hammataman haala adda addaa keessatti hojiirra kanoolan funaanamanii waraqaa qorannoo kana keessatti qindaa'uutiin dhiyaatanii jiru. Mammaaksota kanneenis qabiyyee isaanii irratti hundaa'uun akkaataa aadaa Oromootti ergaa isaan dabarsuuf gargaaran bu'uureffachuun qoqqoodamanii dhiyaataniiru.

Walumaa galatti boqonnaa kana keessattimammaaksota tookummaa ibsan, mammaaksota faayidaa tokkummaa ibsan, mammaaksota tokkummaa dhabuun miidhaa akka qabu agarsiisan, mammaaksota tokkummaa sabaafi biyyaa mul'isan, mammaaksota tokkummaa hawaasaafi maatii mul'isan, akkasumas mammaaksota tokkummaa dinagdeefi qabiyyee mul'san walduraa duubaan qaacceffamuun dhiyaataniiru.

### 4.1.Mammaaksota Tokkummaa Ibsan

Oromoon durii kaasee mammaaksaan badhaadhee kan uumamedha.Akkuma baay'ina saba isaafi bal'ina saba isaa Oromoo mammaaksota tokkummaa isaa ibsan hedduu kan qabuufi lakkaa'amee dhumuu kan hin dandeenye ta'us muraasni isaanii kanneen armaan gadiiti.

Addaan foyee waraabessi sangoota nyaate.

Mammaaksa kana irraa kan hubatamu saba tokkummaa isaa sirriitti hin eegganne diinni isaa addaan baasee isa miidhuu kan danda'u ta'uudha.

Adda deemuun addaan ba'uudha.

Yaada mammaaksa olii irraa kan hubatamu yaadaan walii galuu dhabuun wal dhabbii guddaa fiduu kan danda'u ta'uudha.

Namni mana tokko ijaaru citaa wal hin saamu

Yaadni mammaaksa olii namni gamtaan tokko ta'ee kaayyoofi galma tokkoof ka'e wal dhabdee tokko malee waan ka'eef sana galmaan gahuu akka qabudha.

Mari'ataan gowwaa hin qabu

Mammaaksi olii hawaasni tokkummaan waliin jiraatu wal mari'atee waan hundumaa irratti waliin yoo hirmaate hubannoofi beekumsa kan argatu ta'uudha.

Hiriyyaan wal hin amanne malkaa ceetutti wal kaksiisti.

Yaadni mammaaksa olii kan ibsu namni amantaa wal irraa hin qabne bakka rakkootti wal gargaaruu irraa sodaafi shakkii kan wal irratti qabaatan ta'uudha.

Barcuma irra taa'anii muka hin hamatan

Mammaaksi olii saba qomoo isaaf quuqama qabuufi tokkummaa isaatti hamanu biratti dadhabina saba isaa odeessuun ulfaataa ta'uu isaati.

**4.2.Mammaaksota Faayidaa Tokkummaa Ibsan**

Mammaaksota faayidaa tokkummaa ibsan jechuun mammaaksota tokkummaan hawaasaa jireenya hawaasummaa keessatti faayidaa qabaachuu isaa mul'isanidha.Haaluma kanaan mammaaksonni faayidaa tokkummaa ibsan armaan gaditti qaacceffamuun dhiyaataniiru.

**1.Wajjiin Nyaatanii Garaa Wal Hin Nyaatan**

Akka hawaasa Oromootti mammaaksi kun baay'ee kan beekamu ta'uu isaa kan agarsiisu namoonni wanta mari'atanii hojjetanitti gaabbii kan hin qabne ta'uu ibsuuf kan mammaakamudha. Mammaaksi kun kan ibsu hawaasni hojii tokko mari'atee erga irratti waliigalee booda hojii hojjete tokko firiin hojii sanaa gaariis ta'e badaa situ kana na godhe jedhanii gara boodaatti deebi'anii wal shakkuun kan hin barbaachisne ta'uu ibsuu kan itti gargaaramanidha. Kanaafuu waan mari'ataanii hojjetanii miidhaman gaariidha jedhanii fudhachuun wealiigaltee kan cimsudha.Gabaabumatti namni tokkummaan waliin jiraataee seenaa hedduu waliin dabarse wal miidhuun kan itti ulfaatu ta'uu isaa mul'isuuf kan mammaakamudha.

**2.Allaattiin kurfooftu malee hin barristu**

Mammaaksi kun mammaaksota faayidaa tokkummaa isbanidha Innis tokkummaan diina ofii injifachuufi humna waliif ta'uuf murteessaa ta'uu isaa kan mul'isudha. Dabalataanis. Jireenya hawaasummaa keessatti waliin socho'uun humna wal jabeessuufi wal deeggeruun baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa kan ibsudha.Walumaagalatti jireenya hawaasummaa keessatti waliin

socho’uufi waliin jiraachuun humna hin jirre akka namaaf uumu mammaaksa olii irraa hubachuun kan danda’amu ta’uudha.

**3.Warra wal jaallatu dhiyaanni hin hanqatu**

Mammaaksota faayidaa tokkummaa ibsan ta’ee jireenya hawaasummaa keessatti jaalalli yoo jiraate wanti xiqqoon wal gahuu akka danda’u kan hubachiisudha.Maatii mana tokkoo keessa walii galteefi tokkummaan jiraannaan wanti nama tokkof dhiyaatu hunda isaanii gahuu kan danda’u ta’uu isaa kan ibsudha.Innis mana tokkummaan jiru nagaatu jira;mana nagaan jiru immoo jaalalatu jira ;iddoo jaalalli jiru immoo waa maratu jira.Kanaafuu maatiis ta’e hawaasa keessa jaalalaafi tokkummaan jiraannaan wanti isaan dhiyeeffatan, guddaas ta’e xiqqaan gammachuufi tokkummaan waan jiraataniif kan wal isaan hin hankaakne ta’uu kan hubachiisudha.

**4.Warra wal qabu qabanii hin dhaaban**

Mammaaksa kana irraa kan hubatamu keessattuu tokkummaan maatii keessatti murteessaa ta’uu isaati. Haaluma kanaan maatiin walii galteen jiraatuufi tokkumaa cimaa qabu eenyuufuu gugguufuufi sagaduu kan hin dandeenye ta’uudha.Keessumattuu maatiin tokko tokkummaa yoo qabaate diina isa jala dhaabbate humna tokkoon injifatee kaayyoofi bakka barbaade sana gahuu akka danda’u mammaaksa olii irraa hubachuun ni danda’ama. Walumaagalatti,hawaasa keessatti tokkummaan jiraannaan diinni kamuu jala dhaabachuu kan hin dandeenyeefi kaayoofi galma hawaasichaa duubatti deebisuu kan hin dandeenye ta’uudha.

**5.Waliin Taatee Beerri Gabaa Baate**

Mammaaksa armaan olii irraa wanti hubatamu,beera kan jedhamu dubartoota umriin isaanii fagaate waan ta’eef deemanii iddoo fagoo gahuu kanneen hin dandeenyedha. Sababni isaas, dulloomoo waan ta’aniif humna isaanii fixataniiru. Haata’u malee, beerri yoo walitti baay’atte oduutiin wal jajjabeessuutiin seenaa ijoollummaa isaanii kaasanii osoo taphatanii dadhabbii malee iddoo yaadan sana gahu jechuun ibsaniiru.Sababiin isaas yeroo kanatti ilaalchi, dandeettiin, humniifi beekumsi isaanii waan walirraa hin fagaanneef waliin miidhagu, wal deggeru, waltumsus.

Oromoon yaada kana mammaaksaan yoo ibsu”Hiriyyaa malee dhaqxee geessaa malee galte”jedha. Mammaaksa kana yoo hiikan namni kamuu hiriyyaa isaa waliin yoo deeme, yoo hojjete, yoo mari’ate ni kabajama, ni jaallatama, kanaaf hiriyyaa wajjiin jiraachuun baay’ee barbaachisaa ta’uusaa kan agarsiisudha..Ta’uu baannaan dhumti isaa fokkisaafi waan miidhaa qaqqabsiisuu danda’u ta’uu isaati. Itti dabalun mammaaksa kana irraa kan hubatamu, hiriyyaan

dhoksaa walitti himata, rakkoo waliif fura, qaanii waliif kafana, wal jallata, wal kabaja, wal mararfata kanaaf walitti gurmaa'uufi tokkummaatiin socho'uun humna cimaa kan namaaf kennu ta'uu isaa kan mul'sudha.Gabaabumatti tokkummaan socho'uun humnaafi dandeettii namoota danuu gara tokkotti fiduutii itti gargaaramuu akka ta'e kan mul'isudha.

### 6.**Mari'atanii Sanyii Nyaatu**

Uummanni Oromoo mari'atee hojjechuutti amana**.**Haata'u malee akka hawaasa kanaatti sanyii nyaachuun salphina guddaadha. Sababni isaas sanyiin bakka bu'aa egeree ta'ee abdii fuul duraa waan ta'eefi. Haata'u malee mammaaksi kun akka ibsuttiwal mariin rakkoo kamiifuu furmaata ta'uu kan danda'uufi badiin wal mari'atanii hojjetanillee akka gaariitti kan ilaalamu ta'uu isaati. Walumaagalatti maatiin tokko waliigaltee tokkoon yoo geggeeffame jireenya isaa haala kamuu keessatti mo'achuu waan danda'uuf tokkummaan bu'uura jireenyaa ta'uu mammaaksa olii irraa hubachuun ni danda'ama.

### 7.Wal mari'annaan lilmoo qottoo goona

Mammaaksi kun mammaaksota faayidaa tokkummaa ibsan keessaa tokko ta'ee mariifi tokkummaan jiraannaan wanti hin danda'amne akka hin jirre kan mul'isudha. Mammaaksa kana keessatti lilmoon wanta baay'ee xiqqoo ta'ee gonkuma qottoo ta'uu hin dandeenye yoo ta'u, walii galteen yoo jiraate garuu wanti abjuu fakkaatu dhugoomuu kan danda'u ta'uu isaa kan mul'isudha.Gabaabumatti yaada mammaaksa olii irraa kan hubatamu tokkummaafi marii jireenya keessatti waliin jiraannaan wanta yaadan kamuu hojjechuun kan danda'amu ta'uu isaati.

### 8.Wal qabattee goondaan laga ceeti

Akkuma beekamu ilbisoota jiran keessaa goondaan qaamaan xiqqoodha. Haata'u malee tokkummaa waan qabduuf kan bineensonnin gurguddoo ta'an dalaguu hin dandeenye dalagdi. Haaluma kanaan goondaan laga ce'uuf humna dhabdu iyyuu walitti hidhattee isa kaan akka roqichaatti gargaaramuutiin laga wal ceesisti. Mammaaksa kana irraas wanti hubatamu, uummanni tokkummaa qabu rakkoofi dhibee isa qunnamu keessa haala hin danda'amneefi hin yaadamneen keessa wal dabarsuun gara bal'insaatti wal ceesisuu kan danda'u ta'uu isaati. Kanaafuu faayidaa mammaaksota tokkummaa ibsanii keessaa mammaaksi kun isa tokkodha.

**9.Warri gamtaa qabu malaan dhagaa uru**

Gamtaan faayidaa jireenya hawaasummaa keessaa tokko ta'ee wantootni ulfaatoofi ciccimoo ta'an keessatti hojjetamanii kan mul'atanidha.Mammaaksa olii irraa kan hubatamu hawaasni tokkummaa qabu wanta barbaade hojjechuuf ga'umsaafi dandeettii kan qabu ta'uu isaati. Sababiin isaas sabni tokkummaa qabu wanta hojjechuu barbaade kamuu dursee waliin mari'atee erga irratti walii galee booda akkaataa raawwii isaa irratti wal ta'ee walii qabee wal deggeree akka salphaatti wanta ulfaataa sana raawwachuu kan danda'u ta'uu isaati.

**10.Jireenyi wasaasaadha**

Jireenya hawaasummaa keessatti tokkummaan murteessaa ta'uu isaa ibsuun hawaasummaan immoo adeemsa wal ta'uu akka ta'e kan mul'isudha. Wasaasaa jechuun adeemsa wanta ulfaataa ta'eefi namoota muraasaan baatamee bakkaa bakkatti sochoosuun hin danda'amne walii qabuufi wal ta'uutiin iddoo barbaadameen ga'uudha. Kana jechuun wanta jireenya keessatti ulfaataa ta'e wal gargaaruutiin galma barbaadameen gahuuti. Yaada mammaaksa kanaa irraa wanti hubatamu hawaasni wanta hojjetu kamuu tokkummaan wal ta'ee yoo hojjete fala tama akka ta'uufi qofaa hojjechuufi jiraachuun gonka kan hin danda'amne akka ta'edha.

**11.Mariin malee maraatanii mana hin bulchan**

Mammaaksi kun hawaasa keessa bu'aa bayiin hedduu jiraachuu ibsuun adeemsa kana keessaa bulchiinsi isa tokko ta'uudha. Akkuma beekamu bulchiinsi sadarkaa maatii irraa eegalee hanga sadarkaa olaanaatti. Adeemsa kana keessaatti immoo lolaafi humni bu'aa akka hin qabne ibsuutiin haala tasgabbiifi nageenyaan wal bulchuufi wal geggeessuuf mariifi walii galteen jiraachuun dirqama ta'uudha.Walumaagalatti mammaaksa kana irraa wanti hubannu geggeessummaa kamuu keessatti lolliifi wal dhabdeen aakka hin barbaachisneefi wal mari'achuufi tokkummaan wal gaggeessuun adeemsa bulchiinsaa keessatti bu'a qabeessa ta'uu isaati.

## 4.3.Mammaaksota tokkummaa dhabuun miidhaa akka qabu ibsan

Mata duree kana jalatti mammaaksota tokkummaa dhabuun miidhaa akkamii hawaasairraan qaqqabsiisuu qaqqabsiisuu akka danda'u ibsantu gabaabinaan dhiyaata.

**1.Hriyyaan wal hin amanne malkaa ce'utti wal kaksiisti**

Namni kan waliif barbaachisu bakka rakkoofi dhiphinaattidha.Innis namni tokko gaafa waa rakkatee waan godhu rabu hiriyyaan isaa isa bira ta'uutiin isa garagaaree dhiphina sana keessa akka darbu taasisa .Haata'u walee hiriyyummaan fakkeessaaf waliin jiraatan ni jira Inni kunis yeroo gammachhuufi waa nyaataniiofi dhugan afaaniin wa sossobuun yeroo walitti dabarfachuu qofa.

Mammaaksa olii irraas wanti hubatamu hiriyyoonni tokkummaafi jaalala sobaan waliin jiraatan bakka rakkoofi dhiphinaatti nagatee deema waan jedhaniif shakkii kana irraa kan ka'e iddoo rakkoo kamuu gaafa ga'an kan wal kaksiisaniif. Kanaafuu mammaaksi kun miidhaa tokkummaa dhabuun geessisu keessaa isa tokkodha.

**2.Haati mana hattu intala hin amantu**

Namni wanta ofii hojetu mara akka namni biraas hojjetuutti beeka.Adeemsa kana keessatti namni wanta gadhee hojjetu namni biraas akkuma isaa hojii gadhee akka hojjetu yaada.Sababiin isaas wanta dhoksaan hojjete sun sammuu waan isa nyaatuufi. Kun immoo namoota biro wajjiin elaafi elaammee dhabuu isaa agarsiisa.Walumaagalatti mammaaksa olii irraa kan hubatamu haati ofii isheetii mana hattu intala ishees hin amantu jechuun namni waan hin taane hojjetu nama biraas waan shakkuuf ofumaa of miidhuu akka danda';u hubachiisa.

**3.Kophaa dhiqanii xurii hin baasan**

Kophaa dhiquun wantuma dhiqamuu qabau sana qophaa isaa qulqulleessuuf yaaluudha. Kun immoo dadhabbii malee xurii isaa baasuun kan hin danda'amne ta'uu mul'isa.Xurii baasuuf wanttootuma xurii qaban lamaan walitti riguun xuriin akka baa'u taasisuun barbaachisaadha. Kanaafuu wanta tokko dhiqanii xurii isaa baasuuf wantoota lamaafi isaa ol walitti buusuun barbaachisaa ta'uudha. Mammaaksa kana irraas kan hubatamu hojii tokko hojjetanii galmaan gahuuf kophaa dhamahuun gatii kan hin qabne ta'uu isaati.

**4.Kophaa nyaattuun kophaa duuti**

Jireenya hawaasummaa keessatti qofaa jiraachuun namoota tokko tokko biratti darbee darbee kan mul’atudha. Inni kun immoo beekumsaafi dandeettii dhuunfaa isaanii ta’uurra darbee haxxummaa itti fakkaata. Namoonni akkanaa waan argatan qofaa isaanii nyaatanii,dhuganii ,qofaa bashannanuufi jiraachuu filatu inni kun immoo gaafa rakkoo nama isaaniif birmatuu waan hin qabneef rakkoo xiqqootiif harka kennuu akka danda’anidha.Kanaafuu yaadni mammaaksa kanaa namni qofaa isaa waan argate fayyadamuufi nama biraatiif qoodee kan isaas qooddachuu hin barbanne wanta isa mudate irratti birmannaa namoota biroo waan hin qabneef miidhaaf harka laachuun hubamuu kan danda’u ta’uu isaa ibsuufidha.

**5.Tokko ni aara malee hin boba’u**

Mammaaksa kana irraa wanti hubatamu hojii tokko haala barbaadameen iddoo barbaachisaa ta’een gahuuf tokkummaan murteessaa ta’uyyuu, hojiin qofaa hojjetamu dhamaatii malee bu’aa kan hin qabne ta’uu isaa ibsuufidha. Kanaafuu mammaaksi armaan olii hojiin tokkummaa hin qabne hubaatii malee bu’aa kan hin qabne ta’uu hubachiisa.

**6.Saree wal nyaattu gidduutti waraabessi nyaata**

Hawaasni Oromoo ergaa barbaade gdi fageenyaafi bifa icciitiin gdabarfachuuf mammaaksa gargaarama. Innis wanta dubbatuufi gochaa raawwatamaa jiru wal bira qabuun wal simsiisee itti gargaarama. Haaluma kanan gaafa namoonni qomoo tokko ta’an wal lolan haarii keessa isaa dabarfachuuf mammaaksa kana gargaaramu.Isaanis sanyiin tokko wal dhaban diinni immoo lachuu isaanii haala salphaan hubuu kan danda’u ta’uudha.Walumaagalatti yaada mammaaksa olii irraa kan hubatamu,wal dhabdee,lolliifi walitti bu’iinsi qomoo tokkoo diinaaf jibeefaachiisuufi gugguufuun akka gabbaran kan isaan taasisu ta’uu hubachiisa.

**7.Nama tokkotti nan haasa’a jedhe dallaan**

Dallaan iddoo garaagaraatti hiika addaa addaa qabaachuu ni danda’a.Haata’u malee kan inni ittiin beekamu mooraa alatti muka irraa ijaaramee loon itti galudha. Innis lafa qonnaa keessatti hojjetamuun yeroo yerootti kan jijijjiiramudha. Sababiin isaadikeen isaa qonnaaf akka tajaajiluufi akka loon sana dhokkeen hin nyaanneefidha. Dallaan kun waldaa afur kan qabu yoo ta’u yeroo tokkotti ealdaalee sadiituu diigama kun immoo nama tokkotti dadhabina guddaadha.

Mammaaksa olii irraa kan hubatamus tokkummaa dhabuun waan waliin akka haasaafi taphaatti xumuramuu danda'u tokko xumuruun bay'ee ulfaataafi rakkisaa ta'uu isaati.

### 8.Yoo manni namatti jige biyyatu nama irraa kaasa,yoo biyyi namatti jige maaltuu nama irraa kaasa?

Oromoon aadaa isaa keessatti manni jigu waliif ijaara;gabbatu waliif bakka buusa.Dhabus waliif yaada;Anaaniyaa,Asaffaa(2006) jedhu jechuudha.Mammaaksi kunis waan kana irraa waan ka'eef fakkaata.Ergaan isaa immoo biyyi sin jibbiin, lammiin sin jibbiin, sabni sin jibbiin jechuudha. Warreen tokkummaa dhabuun sabaafii maatii irraa adda ba'an malas,falas hin qaban jechuudha. Kanaafuu mammaaksi kun rakkoo tokkummaa dhabuu irraan dhufu mul'isuuf kan mammaakamudha.

#### 9. Dhirsi niitii hamatuufi manni duubaan dhimmisu hundee hin qabu

Dhirsi niitii isaa waliin tokko ta'ee cabaafi qaanii isaanii waliif kafanuutiin bara dabarsuu osoo qabanii yeroo abbaan manaa haadha manaa isaa namoota biraatti dabarsee hamatutu jira. Kun immoo wal dhabdee babal'isuun akka addaan ba'aniif karaa saaqa.Haaluma kanaan mannis karaa dudduubaa yoo dhimmise osoo hin argamiin baaxii ga'ee akka jigu taasisa. Kanaafuu uummanni Oromoo dhirsi niitii isaa hamachuun dhiibbaa guddaa akka qabu hubachiisuun akka of eeggannoon waliin jiraataniif akkeekkachiisuuf kan mammaakudha.

## 4.4.Mammaaksota tokkummaa sabaafi  biyyaa ibsan

### 4.4.1.Mammaaksota tokkummaa biyyaa ibsan

Mammaaksota tokkummaa biyyaa ibsan jechuun hawaasni biyya tokko keessa waliin jiraatu tokko ta'ee biyya isaa geggeeffachuufi balaa garaa garaa irraa eeguuf ittiin wal jajjabeessuuf, gorsuuf, dheekkamuuf, daandii wal agarsiisuufi ittiin wal geggeessuuf kan itti gargaaramu jechuudha. Walumaagalatti, mammaaksonni tokkumaa gama siyaasaatiin uummanni Oromoo sirna bulchiinsa miidhagaafi jaallatamaa biyyoota addunyaatiif fakkeenya ta'e sirna Gadaatiin akka of bulchuufi sirna kana balleessuuf qaama dhufe immoo tokkummaan xiiqiifi murannoo walfakkaataan jala dhaabbachuun ofirraa akka qollifatuufi duudhaafi eenyummaa isaatiin akka buluuf mammaaksonni kun kakaastuufi si'eessituu ta'uufi baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa

agarsiisuuf kan mammaakamudha. Mammaaksonni kunneenis armaan gaditti qaacceffamanii dhiyaataniiru.

**1.Badiin Biyya Wajjiinii Godaansa**

Akka yaada mammaaksa olii ibsutti hawaasni biyya hin qabne kabaja hin qabu,kanaaf namni hunduu biyya isaaf duuluu, birmachuu,quuqamuufi tattaafachuu akka qabu ibsuun balaan cimaan kana hundarra kutee dhufe immoo akka gaarummaatti kan ilaalamu Kanaafuu biyya waliin ta’anii akka biyyi ta’e ta’u malee biyya irraa dda ba’anii jiraachuun akka hin danda’amne ibsuuf kan mammaakamedha.Walumaagalati jiraatanis badanis biyya ofii waliin ta’uun ulfina akka ta’eefi waliin jiraachuun biyyaan alatti kan hin danda’amne ta’uu isaati.

**2.Waan Hundumaa Keessaa Tokkummaan Bayeessa**

Akka aadaa hawaasa Oromootti yeroo namoonni wal dhabaniifi waa hojjetanii milkaa’uu dhabanii abdii kutatan waan hundumaa caalaa tokkummaan murteessaa ta’uufi biyya ijaaruu keessatti iddoo ol’aanaa qabaachuu ibsuuf kan mammaakamudha. Kana malee sabni tokkummaa qabu diina daangaa cabsee biyya weeararuu dhufe ofirraa deebisuuf tokkummaan barbaachisaa ta’uu ibsuuf. Kanaafuu haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti biyyi murteessa waan ta’eef diina karaa kamiin biyyatti dhufe ofirraa deebisuuf tokkummaan barbaachisaa ta’uu isaa ibsuuf kan mammaakamudha.

**3.Waliin Duuluun Waliin Buluuf**

Mammaaksi kun duula bu’uureffaatee haa mammaakamu malee hawaasni wal ta’ee, aadaa, dudhaa, amantaa, siyaasaafi eenyummaa isaa kabachiisuufi tokkummaa biyyaa kabachiisuuf walii galteen murteessaa ta’uu ibsuuf kan mammaakamedha Itti dabalees,waliin duuluun diina biyyatti dhufe waliin ofirraa deebisuun kabaja, jaalalaafi bilisummaa biyyaa beeksisuuf malee nama dhuunfaaf yookiin garee muraasaaf aangoo kennuuf miti. Kanaafuu waliigalanii biyya ofii eeguufi waan biyyaaf barbaachusu waliin hojjechuun tokkummaa waan gaafatuuf walii galteen biyya eeguuf kan mammaakamu ta’uu isaa kan ibsudha.

**4.Tokkummaan Humna**

Tokkummaan humna jechuun hawaasni tokko tokkummaa yoo qabaate biyya isaatiif waan barbaachisaa ta'e hojjechuu danda'a jechuudha.Akkasumas mammaaksi olii tokkummaan jiraannaan waan fedhan ijaaruu, buqqisuu, balleessuufi uumuun kan danda'amu ta'uudha. Kanaafuu hawasni biyya tokko keessa jiraatu tokkummaa yoo qabaate biyya isaa jijjiiruu akka danda'u ibsuuf kan mammaakamedha.Itti dabaluun biyyi tokko biyya jedhamuuf ulaagaalee hedduu gaafata.Isaan keessaa tokko uummata.Ummanni immoo walta'ee tokkummaan hirree tokkoon daangaa biyya isaa kabachiifachuu waan qabuuf mammaaksonni kunneen immoo isaan tokkummeessuuf murteessoo waan ta'aniif haalaan itti gargaaramuun barbaachisaa ta'uu isaa kan hubachiisudha

**5.Mari'atan Malee Maraatanii Biyya Hin bulchan**

Mammaaksi kun kan mammaakamu yeroo qaamni yookiin namni aangoo qabu tokko marii hawaasaa malee akkan barbaadettan bulcha, marii nama kamiituu malee ofumaa seera tumee, seera raawwachiisee ofumaa seera hiikuu irraa akka of qusatuuf kan mammaakamudha.Biyya bulchuun beekumsaafi dandeettii guddaa gaafata.Beekumsi hawaasa bulchuu rakkoolee hawaas dinagdee, siyaasa, aadaa, amantaa hawaasaa sirriitti beekuufi kabajuu gafata.

Hawaasa baddaafi gammoojjii,dubrtiifi dhiira, amantaa, aadaa, sadarkaa guddinaa, naannoo, lammummaa, warren barataniifi hin baratiin osoo addaan hin qoodiin ija tokkoon ilaaluufi bulchuun mallattoo bulchiinsa gariti.

Gama biraatiin namoonni yokiin qaamonni  tokko tokko maree hawaasaafi ilaalcha giddu galeessummaa malee hirmaachisummaa eenyuunuu osoo hin dabalatiin ofuma keenya akka barbaannetti bulchina jechuutiin biyyaafi lammiilee burjaajessan gochaa isaanii irraa akka of qusataniifi marii hawaasaatiin ala biyya bulchuun akka hin danda'amne itti himuuf kan mammaakamudha ta'uu nama hubachiisa.

**6.Tokkummaan Jaalala**

Tokkummaan jaalala kan jedhameef hundee walii galtee waan ta'eefi waan hundumaa waan mo'atuufidha. Sabni tokkummaa qabu biyya bulchuuf kan hin rakkanneefi fedhiifi jaalala hawaasa isaa eguun kan geggeessu ta'uu nama hubachiisa.Kun immoo hawaasni biyya sanaa wal jaalalaafi kabajaan humna tokkoon akka waliin jiraatan tasisa. Walumaagalatti, jaalalli gaara guddaa jiksa, fedhiifi hawwii nama keessatti uuma, hamileefi miira namaa kakaasa. Kun immoo tokkummaan biyya tokkoof gumaacha guddaa kan qabu ta'uu isaa ibsa. Walumaagalatti mammaaksa olii irraa kan hubatamu tokkummaan ka'umsaafi gahumsa raawwii waan biyya tokkoof raawwaatamuu ta'e jaalalaan kan ibsamu ta'uu isaati.

## 4.4.2.Mammaaksota tokkummaa sabaa mul'isan

Mammaaksota tokkummaa sabaa mul'isan jechuun sabni tokko tokkummaa isaa cimsatee waliin jiraachuuf mammaaksota itti garagaaramu jechuudha. Sabni Oromoos seenaa waliin jireenya isaa keessatti tokkummaa isaa cimsachuuf mammaaksota tokkummaa ibsan kanneenitti gargaaramaa ture.Mammaaksota tokkummaa sabaa ibsan keessaa muraasni armaan gaditti dhiyaataniiru.

**1.Hidda Malee Xannachi Hin Dhiigu**

Mammaaksi armaan olii jiruufi jireenya hawaasummaa keessa mudannoowwan garaagaraa jiraachuu isaa ibsa. Jireenya kana keessatti miidhaaleen namtolchees ta'e uumamaa nama tokkorra, saba tokkorra yookiin maatii abbaa tokkoo irra gahuu danda'a. Haala kana keessatti gareen warra miidhaan qaqqabee yoo booyu gareen rakkoon kun hin qaqqabiinii immoo ni kolfa yookiin ni qoosa yoo ta'e nama gara jabeessa sana ittiin tuquuf yookiin quuqqaa keessa ofii ittiin ibsachuuf kan mammaakamudha.

Akka hawaasa Oromootti darbee darbee maal na dhibdee irraa kan ka'e rakkoowwan hawaasummaa tokko tokkorratti wal ilaaluun waan mul'atuuf akka waliif dhimmamaniif mammaaksi kun kan mammaakamu ta'uu ni hubachiisa. Haata'u malee, rakkoon jireenya keessatti nama yookiin maatii tokko qunname oolee bula malee nama hundumaa qaqqabuun isaa waan hin oollee ta'uus nama hubachiisa.Kanaaf mammaaksota hawaasni akka walii birmatuufi qomoo isaatti garaa hin jabaanne, akkasumas wal hubachuufi wal dhaggeeffachuun akka waliif dhiiganiif isaan kakaasan kana kunuunsee dhalootaaf dabarsuu akka qabuuf kan dhimma itti

bahamudha. Mammaaksa kana irraas wanti hubatamuu danda'u aanteen ofii yookiin qomoon ofii miidhamuun kan nama hin raffisne ta'uu isaati.

**2.Bofti Biyyee Waliin Namni Nama Waliin**

Uummanni Oromoo waliin jireenyi barbaachisaa ta'uu isaa mammaaksa armaan oliin ni ibsata. Mammaaksi olii kan ibsu jiruufi jireenya hawaasaa kan miidhaksuufi jijjiiru hariiroo gaarii walii isaanii wajjiin qabaachuufi ilaalcha gaarii waliif qabaachuutiini jedhu. Haaluma kanaan akkuma bofti lafa dawoo taasifateeyeroo rakkoofi gidiraa itti baqatu, ilmi namaafis dawoon dhugaa nama ta'uu mul'isuuf kan mammaakamudha jechuun odeeffannoo kennitoonni armaan olii ibsaniiru. Kanaafuu hawaasni Oromoo aanaa bachoos hamaas ta'e gaarii keessatti ilma namaatiif dawaan sirrii nama ta'uu beekanii jaalalaafi walii galteen akka waliin jiraataniif ni mammaakama. Itti dabaluutiin madaan nama tokkoo kan namatti dhagahamu yoo dhiigni wal keessa jiraatedha. Kun immoo rakkoo kamuu keessatti dawoo kan waliif ta'u qomoo ofii ta'uu nama hubachiisa.

**3.Gurmuun Kanniisaa Waliif Qoricha**

Akka aadaa hawaasa Oromootti rakkoon hanga fedhe jiraatuyyuu walii galteefi tokkummaan jiraannaan furmaanni kan hin dhabamne ta'uu isaa ibsuuf mammaakama. Kunis kanmul'isu qofaa deemanii rakkoof saaxilamuurra gurmuun deemanii diina ofii qolachuun akka danda'amu ibsa jedhu. Fakkeenyaaf, dhiibbaan biyyoota alaa yoo itti dhufe dhiibbaa kana ofirraa deebisuuf walii galteefi tokkummaan biyya keessaa murteessaa ta'uu isaa ibsa. Kanaafuu mammaaksi kun hawaasni waliigalteen jirachuun rakkoo keessaafi alaan isa mudate ofirraa akka faccisuuf barbaachisaa ta'uu isaati.Walumaa galatti gurmuun jiraachuun sabni tokko rakkoo kamillee jalaa miliquuf kan gargaaru ta'uu isaa nama hubachiisa.

**4.Dinnichi Bakka Baay'atetti Hordaa Cabsa**

Mammaaksi kun kan mammaakame dinnichaaf osoo hin taane sabni tokkummaa'efi waliigale diinaaf salphaatti kan hin jilbeeffanne ta'uu isaati Kanaafuu hawaasni tokkummaan waliin jiraatu diina itti dhufe kamiifuu akka salphaatti harka kan hin kennine ta'uu isaa ibsuuf kan mammaakamu ta'uudha. Haaluma kanaan hawaasni Oromoo tokkummaa'ee waliin yoo jiraate eenyummaa isaatiin boonee aadaafi duudhaa isaa kabachiifatee jiraachuu akka danda'a hubachiisuuf kan mammaakamudha

**5.Migirri Lagaa Gubannaan Gingilchaan Manaa Boossi**

Oromoon mammaaksa isaatiin fedhii, hawwii, ilaalcha, quuqqaafi yaada keessa isaa ibsata. Mammaaksi kunis mammaaksota Oromoo tokkummaa sabaa mul'isan keessaa tokko ta'ee namni kamuu fagoorras jiraatu dhihoo rakkoo qomoo isaarra gahuuf kan quuqamu ta'uu isaa kan ibsu ta'uu isaa agarsiisa. Kanaafuu sabni kamuu rakkoo saba isaatii haala fi yeroo kamuu keessatti kan quuqamuufi itti dhagahamu ta'uu isaati. Walumaagalatti,rakkinniifi dhiphinni saba ofii kan nama hin teesifneefi boqonnaa namaaf hin kennine ta'uu isaa agarsiisuuf akka mammaakamu hubachuun ni danda'ama

**6.Gowwaa Ofii Gorfatanii Jette Jaartiin**

Jireenya hawaasaa keessatti bu'aa bayii hedduutu jira.Ilmi namaas akkuma bifti isaa garaagara ta'e, amala, dandeettii, beekumsa, fedhaafi ilaalcha garaagaraa qaba.Haata'u malee waliin jiraachuuf wal danda'uun murteessaadha. Keessumattuu sabni tokko  Yoo wal dhabe diinni keessa isaa agarti. Kun immoo icciitii ofii dabarsanii diinaaf kennuudha .Akka kana hin taaneef qomoo ofii amala gadhee qabus gorfachuufi obsa qabaatanii jaalalaan waliin jiraachuun barbaachisaa ta'uu isaa ibsuuf kan mammaakamudha. Akka hawaasa Oromoottis qomoo ofii dogoggora hojjete ofirraa baasanii hari'uu osoo hin taane gorfatanii ofitti qabuun waliin jiraachuun barbaachisaa ta'uu isaa beekee yeroo rakkoon akkanaa umamau kan itti gargaaramu ta'uu mammaaksa olii irraa ni hubatama.

**7.Korbeettiin Wal Beekti Malkaatti Wal Eegdi**

Mammaaksi kunis kan mammaakamu hariiroo hawaasa gidduu jiru ibsuuf yoo ta'u, qomoon amma fedhe qaamaan walirraa fagaatus yaadaan wal bira kan jiru, akkasumas haala, ilaalchaafi hubannoo walii kan qaban ta'uu ibsuuf akka mammaakamudha Bultii addunyaa bu'aa bayii hedduu qabu keessatti namni walitti bu'uun hin hafu jechuun mammaaksaan yoo ibsan "Yeroo tokko tokko sumsumni iyyuu walitti buuti"jedha Oromoon jechuutiin walitti bu'uun illee yoo jiraate wal miidhuuf osoo hin taane adeemsuma jireenyaa ta'uu isaa ibsuuf kan mammaakamudha.

Uummanni Oromoos imala hojiitiif iddoo garaagaraa deemu keessatti amma dandeettii isaa wal deggeruun namni bakka haarawaa deeme sun dhiphuufi qofummaa tokko malee akka bakkatti

baruuf deggersa barbaachisaa walii gochuuf mammaaksa kana ni gargaaramu.Akka hawaasa Oromootti walii yaaduufi dhimmamuun akka barbaachisu ibsuuf mammaaksa kanatti akka gargaaraman hubachuun ni danda’ama.

**8.Harreen Gara Daaraa Finni Gara Finnaa**

Uummanni Oromoo dachee jiituufi badhaatuu qabaachuu isaa ibsuutiin qabeenya isaa kanas bineensa daggalaati kaasee haga beellada manaatti kabajaafii kunuunsa barbaachisaa taasisaaf.Sababni isaas miidhagina naannoo waan ta’aniifi kennaa uumaa waan ta’aniifi. Keessumattuu yeroo mootummaan garboonfataa Oromoofi Oromiyaa adda ciruuf doorsisaa, reebichaafi ajjeechaa irratti geggeessaa turetti meeshaa waraanaa tokko malee waliin dhumna jechuun godinaalee Oromiyaa guutuu keessatti afaan qawwee dura dhaabbachuun mirga isaa falmataa ture jedhu.Kun ommoo Oromoon qomoo isaaf dabarsee kan of kennu ta’uu isaati.

Mammaaksa kana irraa wanti hubatamu wanti hunduu wal malee kan hin miidhagne ta’uu isaati jedhu. Itti dabaluunis rakkoonis ta’e gammachuun kamuu yoo dhufe hunduu gara sanyii isaatti kan goru ta’uu isaa mammaaksa kana irraa hubachuun akka danda’amudha. Walumaagalatti, mammaaksonni tokkummaa dhoksaa jiru ifatti kan baasan, icciitii kan eegan, jaalala hawaasaa kan ibsaniifi eenyummaa ofiif dhaabachuun barbaachisaa ta’uu kan ibsan waan ta’eef dhaloonno kunuunsuun itti gargaaramuun barbaachisaadha.

**9.Halanfadhuu Gara Finna Keetti Jedhii Liqimsi**

Mammaaksi kun kan mammaakamu namni yookiin sabni kamuu hawwiifi ilaalcha gaarii kan qabaatu sanyii isaafidha.Kana jechuun keessi keessa qabaachuu isaa kan addeessudha.Kunis jaallatanii osoo hin taane dhiigatuu wal beeka. Kanamalee,gammachuus ta’e gadda ofii irratti onnee guutuun kan namaaf na’uufi qooddatu qomoo ofii ta’uu ibsuun hawaasni Oromoos kana beekee sanyii isaaf sirriitti yaaduutiin rakkoo isa mudate kamuu icciitii keessa isaas sanyii isaatti himachuun furmaata argachuu akka danda’u huabachuutiin mammaaksota tokkummaa sabaa agarsiisan kanatti haalaan gargaaramuu akka qabaniif kan mammaakamudha. Kana malee rakkoo kamuu keessatti kan nama hin dhiisne finna yookiin qomoo ofii waan ta’eef jaalalaafi ilaalcha garii walii qaban akkasumas icciitii dhoksaa tokko yoo qabaatan finna ofiitti gala kaawwachuun barbaachisaa ta’uu ibsuuf kan  mammaakamudha.

**10.Harreen Dhiittee Ilkaan Wal Irraa Hin Cabsitu**

Mammaaksi kun kan Mammaakamu qomoo tokko gidduutti wal dhabdeen hamma fedhe uumame iyyuu badii guddaafi xiiqeffachuun haaloo kan wal hin qabanne ta’uu ibsuufidha jedhu.Haala kanaan hawaasa Oromoo gidduutti wal dhabdee yoo uumame rakkoo sanaaf ofuma isaatiin akka seera gadaatti jaarsaan furmaata barbaada malee ala ba’e hormatti of ibsuun barbaachisaa akka hin taaneefi miidhaan uumames wal balleessuuf osoo hin ta’iin dogoggoraan akka ta’etti fudhatamee dhiifamaan irra waliif.Kana keessatti sanyiin tokko miidhaa guddaaf kan wal hin geessine ta’uu ibsuu isaati.

Akka waliigalaatti,mammaaksi kun kan mammaakamu hawaasa tokko gidduutti walitti bu’iinsi yookiin wal dhabdeen yoo uumame badii guddaa kan hin qaqqabsiisne, yoo qaqqabsiise illee kan itti yaadamee raawwatame waan hin taaneef dhiifamaan akka irra waliif darbaniifi tokkummaan sabaa akka cimuufidha

**11.Qubni Tokkichi FuulaHin Dhiqu**

Jireenyi biyya lafaa bu’aa bayi ta’uu isaa irraa kan ka’e ilmi namaas garaagarummaa qabeenyaatiin wal haa caalu malee abbaan qabeenyaas nama malee qofaa isaa jirachuu hin danda’u jechuun odeeffannoo kennitoonni armaan olii ibsaniiru. Mmmaaksi kunis qaama miiraa keenya wabeeffachuutiin tokkummaa hawaasaa kan ibsudha jedhu. Akkuma qaamni miiraa wal ta’ee hojii qabatamaa tokko hojjetu ilmi namaas walta’ee hojii miidhagaafi jireenya addunyaa kanaa jijjiiruu danda’u hojjechuu danda’a jechuun odeeffannoo kennitoonni himaniiru. Akka aadaa hawaasa Oromootti jireenyi waliinii gaaddisa qilxuu ta’uu beekanii mammaaksota akkanaatiin akka wal cimsaniifi walgargaaraniif kanmammaakamudha.

**12.Warri Guddaa Tafkiiyyuu Waliif Qabee Takaala**

Akka aadaa Oromootti namoonni maatii guddaa qaban ni sodaatamu, ni jaallatamu, ni saalfatamu jechuun odeeffaannoo kennitoonni ibaniiru.Sababni isaas warri guddaa walii galtee waan qabaniif rakkoo isaanirratti dhufu mara gareetiin itti duulanii ofirraa barbadeessu. Mammaaksa kana irraas kan hubatamu tokkummaan hawaasa tokko gidduu yoo jiraate wanta hin danda’amne, namnis ni ta’a jedhee hin yaanne hojjechuun ni danda’ama jechuudha. Mammaaksa kanarraakan

hubatamu hawaasni heddummina qabu yoo wal ta'ee walii galteen jiraate wanta namaaf hin danda'amne kamillee hojjechuu akka danda'udha.

Akka hawaasa Oromootti namni tokko maatii hedduu akka horatu gorfama. Sababni isaas maatiin yoo baay'ate ittiin waamamuufi hojiiwwan garaagaraa irrattis waliin hojjechuun bu'aa gaarii argachuun ni danda'ama jedhanii waan yaadaniifi..Kun immoo namni tokko maatii hedduu akka godhatuuf isa kakaasa jechuudha. Walumaagalatti, hawaasni tokko yoo waliin ta'ee waliigalteen jiraate waanta barbaade kamuu hojjechuu danda'uu isaa ibsuuf kan mammaakamu waan tra'eef mammaaksota tokkummaa sabaa mul'isan keessaa isa tokkodha

**13.Yoo Gurmaa'an Akka Kanniisaa, Yoo Dhiisan Ni Ta'u Kuruphee**

Oromoon yeroo mammaaku haala, yeroofi mudannoo isaa waliin wal qabsiiseeti. Mammaaksa olii irraa kan hubatamu, hawaasni walii galteefi tokkummaan walii jiraata yoo ta'e tokkummaan isaa haalaafi yeroo irratta kan hundaa'u osoo hin ta'iin gadda, gammachuu, dhiphina, rakkina, gadadoo,walumaagalatti,haala kamuu keessatti kan wal hin daganneefi amma du'aatti kan waliin jiraatu ta'uu akka qabu ibsuuf kan mammaakamu ta'uudha. Namoonni tokkummaa qaban hojii hojjetan keessatti wanta dogoggora ta'e wal sirreessaa, wan sirrii ta'e immoo wal jajjabeessaa waan hojjetaniif firiin hojii isaaniis baay'ee kan miidhaguufi miyaa'u ta'uu isaa ibsuuf kan mammaakamudha.

**14.Gurmuun Deemuun Akka Jaldeessaa Qofaa Deemuun Ragaa Balleessa**

Jaldeessi gurmuun deemu homaa hin sodaatu, wal abdata, humna waliif ta'a, humna wal jabeessa wal gootomsas. Haata'u malee jaldeessi qofaa deemu sodaataa,humnaafi cimina hin qabu.Sababni isaas diina itti dhufe of irraa baasuu waan hin dandeenyeefidha. Kaayyoon mammaaksa kanaas tokkummaan barbaachisaa akka ta'eefi namni qofaa deemu akka salphaatti diinaan miidhamuu kan danda'uufi abba isa miidhellee adda baasee beekuun rakkisaa ta'uu isaa ibsuuf kan mammaakamu ta'uu isaa mammaaksa armaan olii irraa hubachuun ni danda'ama.

**15.Atoo Sarbaa Hin Qabduu Maaliin Lafa Dhiittaa, Silaa Gamtaa Hin Qabduu Maaliin Diina Dhiitta**

Akkuma beekamu Oromoon jireenya gamtaatti amana. Sababni isaas Oromoon durii kaasee dhiibbaa kallattiiwwan addaa addaatiin itti duulaa ture dandamachuufi mo'achuu kan danda'e gurmuufi tokkummaa cimaa waan qabuufidha.Mammaaksi kunis hawaasa heddummina hin qabneefii tokkummaa hin.Kana keessatti namni of ta'ee jiraachuufi eenyummaa isaatiin boonuuf akkasumas aadaafi duudhaa abbaa isaa ganamaa dhaloota egereetiif dabarsee kennuuf tokkummaan barbaachisaa ta'uu isaa ibsuun barbaachisaadha. Akka qabatamaa hawaasa Oromootti jireenya gammachuu jiraachuufi eenyummaa ofiitiin boonuuf gurmuu qabaachuuniifi tokkummaa qabaachuun barbaachisaa ta'uu isaa beekuun mammaaksota akkanaatiin walgorsuun barbaachisaa ta'uu kan agarsiisudha.

## 16.Manni aareef hin goran,aanteef goran malee

Akka aadaa Oromootti namni karaa deemaa jiru tokkonama hojjetuun ashamaa,kaaniin immoo nooruu jechuu qaba.Yeroo kanatti nyaataa dhugaatiin jiraannaan nyaatee dhugeeti darba.Mammaaksi kun garuu kan ibsu kana osoo hin taanemana nama feetee aareef dadhabne jedhanii goruu osoo hin taane "Warri kun "jechuunf aantummaa ykn firummaan ni barbaachisa jechuutiifi.Diinni illee rakkoo fakkeessee keessa namaa miidhuu waan danda'uuf gara laafummaan kun rakkoo fiduu waan danda'uuf tokko ta'uun of eeggachuu akka qabu akeekkachiisuuf kan mammaakamu ta'uu isaati.Aantummaanis fira dhiigaa qofa osoo hin taane dubbiin dubbii sabaati ,dubbii sanyiiti,dubbii eenyummaati jechuudha.

## 4.5.Mammaaksota tokkummaa maati ibsan

Hawaasni jireenya gamtaa yoo qabaate misooma garaa garaa irratti waliin yoo socho'eefi gargaarsa barbaachisaa yoo waliif taasise hiyyummaa keessaa bahuuf yeroo dheeraa kan itti fudhatu miti.Akkasumas gaddaafi gammachuu irratti waliin hojjechuutiin jaalala guddaa akka waliif horataniif mammaaksa tokkummaa fayyadamuun baay'ee barbaachisaadha. Maatii jechuun namoota garaa garaa jireenya isaanii geggeessuuf mana tokko keessatti karoora tokko haala jireenya isaanii ittiin mo'ataniifi of jiraachisuu danda'aniin wal qindeessanii waliin jiraatan wan ta'eef mammaaksonni tokkummaa maatii mul'isan armaan gaditti qaacceffamaniiru.

**1.Walii Galan Alaa Galu**

Uummanni Oromoo maatii isaa mammaaksaan ni gorsa, ni dheekkama, ni adabas. Akkuma kanaan mammaaksa armaan olii irraa kan hubatamu daa'imman maatii tokko keessaa ba'anii walii galtee dhabuun alan jiraadha jedhanii osoo of hin danda'iin ba'anii yoo deeman miidhaa garaagaraatiif saaxilamuu waan danda'aniif maatiin mammaaksota kanaan gorsee deebisuu danda'a.Kana jechuun namoota alaa wajjiin walii galanii jiraachuuf maatii ofii waliin dura waliigaltee gaarii qabaachuun murteessaa akka ta'e makkaaksa armaan olii irraa hubachuun ni danda'ama.

**2.Mi'a Wal Fakkaatu Wal Biratti Fannisu**

Mammaaksi armaan olii waa'ee meeshaalee osoo hin ta'iin maatii tokko keessa namoonni jiraatan amala wal fakkaataa qabaachuu kan danda'an ta'uu isaati. Kunis maatii tokko keessatti yaadonni garaagaraa yoo jiraate milkaa'ina hojii isaaniif gufuu ta'uu waan danda'uuf akka yaadaan wal fakkaataniif kan.As keessatti kan hubatamu maatiin yaadaan yoo wal dhabellee karaa nagaafi walii galteen rakkoo uumame hiikee kan waliin jiraachuu danda'u ta'uu qaba jedhu.Yaanni maatii tokkoo yoo walii galuu baate maatii sana gidduutti wal dhabdeetu uumama. Wal dhabdeen immoo jireenya maatii sanaa balleessa waan ta'eef maatiin tokko jireenya hawaasummaa keessatti tokko ta'ee haala jiruufi jireenya isaa haala gaariitiin geggeessuufi sochii guddina fuulduraaf akka milkeeffatuuf tokkummaan maatii murteessaa ta'uu isaa ibsuuf kan mammaakamudha.

**3.Mari'atanii Sanyii Nyaatu**

Uummanni Oromoo mari'atee hojjechuutti amana**.**Haata'u malee akka hawaasa kanaatti sanyii nyaachuun salphina guddaadha. Sababni isaas sanyiin bakka bu'aa egeree ta'ee abdii fuul duraa waan ta'eefi. Haata'u malee mammaaksi kun akka ibsuttiwal mariin rakkoo kamiifuu furmaata ta'uu kan danda'uufi badiin wal mari'atanii hojjetanillee akka gaariitti kan ilaalamu ta'uu isaati. Walumaagalatti maatiin tokko waliigaltee tokkoon yoo geggeeffame jireenya isaa haala kamuu keessatti mo'achuu waan danda'uuf tokkummaan bu'uura jireenyaati.

Haata'u malee namni gorsa maatii didee deeme rakkoo guddaaf saaxilamuu waan danda'uuf dursanii mammaaksa kanaan wal gorsuun wal akeekkachiisu. Walumaagalatti mammaaksi kun

kan ibsu maatii tokko keessa mariifi tokkummaan yoo jiraate rakkoo kamuu keessa darbuun kan danda’amu ta’uu isaati.

**4.Marabbaan Jiraannaan Mandheen Mixii Cidha Galcha**

Hawaasni Oromoo aadaa jaalalaan jirachuun beekama.Saba kamuu ni jlaallata; ni kabaja; akkasumas, safuu, aadaa, duudhaafi amantiigaraagaraa hawaasa keessa jirullee ilaalcha gaariitiin kabajuun waliin jiraata. Akka mammaaksa kanaatti “mandheen mixii cidha galcha’ jechuu osoo hin taane aadaa wal kabajuufi wal danda’uu maatii keessatti uumuun haala nuti yaannuun alatti waan baay’ee argannee walii galtee dhabuun rakkoo ta’uu isaa hubachuun wantuma qabnuun yoo walii galle jireenya gammachuu jiraachuu dandeenya jechuudha. Maatii tokko keessa walii galteen hin jiru taanaan wal kabajuu,wal danda’uufi walii yaaduun ni dhabama.Kana malere waan qabnu irratti walii galtee yoo dhabne abbaa argetu harka nu kaa’a. Kun immoo jireenya maatii sanaa balleessuu waan danda’uuf waliigalteen qabeenya hunda caala jechuudha. Mammaaksi Oromoo kunis haala qabatamaa maatii keessatti waan mammaakamuuf kabajaafi jaalala maatii keessatti uumuun jaalalaafi tokkummaan akka babal’atuuf mammaaksi tokkummaa kun murteessaa ta’uu isaa hubachuun ni danda’ama.

**5.Adda Deemuun Addaan Ba’uudha**

Akka Aadaa Oromootti qofummaan kan balaaleffatamuufi hin deggeramne waan ta’eef jireenya gamtaatuu filatama.Hawaasni Oromoos mammaksa armaa olii yoo fayyadamu, maatiin deemsaan, yaadaan, gochaa, haasaafi ilaalchaan adda deemuun adda ba’uu waan fiduuf maatiin tokko waliif ajajamee walii galee wal mari’atee akka wal faana deemuuf mammaaksa kanaafi kan isa fakkaataniin wal gorfachaa akka turan agarsiisa.Namni qofaa deemu akka salphaatti rakkoo namni kamillee irraa baasuu hin dandeenyeef saaxilamuu waan danda’uuf gamtaan jiraachuun tokko ta’uu, tokko ta’uun immoo daandii bilisummaa ta’uu isaa kan mul’isudha.

**6.Cabaan Lamaan Walitti Fayyaadha**

Akka hawaasa aanaa Oromootti mammaaksi kun kan mammaakamu maatii tokko keessatti rakkoon yoo uumame wal ta’uutiin furmaata itti kennuun kan danda’amu ta’uu isaati.Mammaaksa Oromoo keessaa’Karaa har’a qubni lixe bor harki lixa’jedhu fudhachuun yoo ibsan maatiin tokko walii galtee yoo dhabe adda bittinnaa’ee hormaan booji’ama.Kun immoo

uummata Oromoo biratti salphina guddaa waan ta’eef akka kana hin taaneef mammaaksota tokkummaa maatii ibsan kanaan wal gorfataa akka ture agarsiisa. Jecha cabaan lamaan fayyaadha jedhu kana yoo xiinxalan maatiin tokko amamillee yoo rakkate waliigaltee qabaannaan rakkina isaan mudateef waliin ta’anii furmaata kennuu kan danda’an ta’uu isaat.Hawaasa tokko keessaa namoonni waan wal fakkaataa akka hin qabne beekamaadha. Haata’u malee yoo tokkummaafi walii galtee qabaate waan qabu kennee kan hin qabne immoo fudhatee rakkoo isaa keessa darbuu danda’uu isaa addeessa jedhu.Kun immoo tokkummaan humnafi madda jaalalaafi beekumsaa ta’uu isaa kan agarsiisudha.

**7.Nama Wal Jaallatu Dhiyaanni hin Hanqatu**

Kana jechuun akka hawaasa mammaaksa kana fayyadamuutti wal jaallachuufi wal kabajuun tokkummaa waan fiduuf jaalalli maatiifi hawaasa gidduutti akka uumamuuf mammaakamaa turuu isaa agarsiisa. Dabalataanis, tokko ta’uun maatii keessatti jabina uuma;maatiin jabina qabaannaan immoosalphumatti wanta hojjetu mo’achuu akka danda’u ibsanii jiru. Gabaabumatti,waliigalteen jireenya kamuu keessatti murteessaa akka ta’eefi tokkummaan jiraannaan wanti hin danda’amne tokkollee akka hin jirredha.

**8.Lama Taatee Baddee Lamaanuu Wal Dhabde**

Akka qabatamaa hawaasa Oromootti mammaaksi kun kan mammaakamu obbolaan lamaan yoo wal dhaban dafanii isaan walitti haraarsuuf akka ta’edha. Akka aadaa hawaasa Oromootti maatiin wal dhabnaan hormatuu quba itti qaba;sodaafi kabajni isaan keessa waan hin jirreef hawaasa birattis kabajaafi jaalala kan hin qabne ta’uu agarsiisa. Sababni isaa jaalalliifi kabajni maatii keessaa waan eegaluufidha.Akka waliigalaatti obbolaanis ta’e qomoon ofii jireenya isaa keessatti yoo walitti bu’e illee osoo orma of hin dhageessisiin akkuma aadaa Oromootti atattamaan furmaata barbaaduu akka qabu agarsiisuuf kan mammaakamudha. Kun immoo kan ta’uu danda’u mammaaksota tokkummaa maatii ibsanitti haalaan gargaaramuutiinidha.

**9.Hilkaan Hidhiin Bira Hin Jirre Hin Bareedu**

Mammaaksi kun kan ibsu wanti hunduu akkaataa uumaan uumeen daangaa isaa eeggatee osoo jiraatee miidhagina uumamaa ofirraa kan hin gatne ta’uu isaa ibsa. Mammaaksi kun akkuma mammaaksota olii yaada qaama miiraa namaa waliin wal qabsiisee kaasuuun dhugaa uumamaan

jiru tokkummaan wal qabsiisee kan dhiyeessudha. Ilkaan wal faana hiriiree jiru nyaata alanfachuuf qofa osoo hin taane miidhagina yookin simboo nama tokkoo ta'uu isaas ibsanii jiru. Ilkaaniifi hidhiin wal malee akka hin miidhagne maatiin tokkos waliigaltee malee akka hin miidhagne sirriitti kan mul'sudha.Kanaafuu maatii tokko keessatti ilmaafi abbaan haadhaafi intalli, hangafniifi quxisuun walii galteefi wal kabajuun yoo hin jiraanne jireenyi isaanii diigamuu akka danda'u agarsiisuuf kan dhimma itti bahamu ta'uu mul'isa. Walumaagalatti miidhagina jireenya maatii tokkoof waliigalteen murteessaa ta'uu isaa agarsiisuuf kan mammaakamudha.

### 10.Warra Afaan Tokkoo Adda Naaf Baasaa Jette Hantuunni

Mammaaksi tokko waan mammaakamuuf qaba. Mammaaksi kunis waliigalteen wal qabsiisee kan mammaakamu yemmuu ta'u, namoota tokkummaan socho'an addaan baasuuf dursanii tokkummaa jara sana adda baasuun akka barbaachusu ibsa. Kanaafuu hawaasa waliigalteen socho'u adda baasuun ulfaataa waan ta'eef tooftaalee garaagaraa fayyadamuutiin tokkummaa isaanii diiguun ogummaa namoota tokkummaa qaban ittiin bittinsan ta'uu nama hubachiisa. Hawaasni Oromoos aadaa, amantaa, siyaasa, gareefi gooxiitiin wal qooduu dhiisee tokkummaatiin jiraachuu akka qabu kan mul'isudha kun ta'uu baannaan garuu diinni addaan qoodee miidhaa irraan gahuu akka danda'u kan hubachiisudha.

## 11.Mariin malee, maraatan mana hin bulchan

Mana tokko keessatti waliin jiraachuuf nageenyiif tokkummaan baay'ee murteessaadha. Nageenyiifi mariin jiraachuu baannaan manni nagaa dhabuun beekamaadha. Mana tokko keessatti wantoota raawwataman miseensotni maatii martuu wal mari'atanii rakkoo jiru irratti yaada wal jijjiiruutiin tokko ta'anii hojjechuun barbaachisaa ta'uu isaa mul'isuuf kan mammaakamudha.

## 12.Allaattiin kurfoofte malee hin barristu

Mammaaksi kun gosoota mammaaksota tokkummaa maatii mul'isan keessaa tokko ta'ee maatiin tokko waan hojjetuufi karoorsu kamuu tokkummaan mari'atee humnaafii beekumsa tokkoon akka socho'uun gaarii ta'e mul'isuuf kan mammaakamudha. Hawaasni Oromoo tokkummaatti waan amanuuf hojii kamuu keessatti waliin ta'uun yaadaafi beekumsa qabu walii qoodee humna

wal jabeessaa akka jiraataa tureefi jiraataa jiru beekamaadha. Mammaaksa kanas yeroo gargaaramu bineensillee tokkummaansocho'ee yeroo humna wal jabeessu maatiin tokko immoo tokko ta'ee waliin hojjechuun barbaachisaa ta'uu isaa agarsiisuuf kan itti gargaaramu ta'uu isaati.

## 4.6.Mammaaksota tokkummaa dinagdeefi qabiyyee ibsan

### 4.6.1.Mammaaksota tokkummaa dinagdee ibsan

Mata duree kana jalatti mammaaksota Hawaasni Oromoo iddoowwan wal gargaarsa garaa garaa keessatti humna walii ta'uun dalagaa isaa tokkummaan dalagee guddina biyya isaa keessatti qooda isaa ba'uutiif itti gargaaramutu dhiyaata. Kunis haala wal gargaarsa garaa garaa keessatti mammaaksota haala fi yeroo sanaan wal fakkaatan adda addaatu dhimma bahama.

**1.Eegeen Jifuudha Deebeen Sifuudha**

Hawaasni Oromoo yeroo baay'ee hojiiwwan misoomaa garaa garaakan hojjetu gareetiinidha. Gareen yeroo hojjetan sanatti humna wal jabessuufi jabaatanii hojjetanii hojii sana xumuuruuf mammaaksota tokkummaa misoomaa agarsiisan garaagaraa fayyadamu. Keessumattuu mammaaksi kun namoota hojii tokko dabootiin hojjetan sana keessaa nama dadhabee warren kaan boodatti hafe sana jajjabeessuufi xiiqii itti horuutiin akka namtichi cimee namoota warren kaan qaqqabuuf kan mammaakamudha .Mammaaksa armaan olii irraa Kan hubatamu hawaasni hojii misoomaa kanneen akka qonnaa, midhaan garaagaraa hamuu, meesii meesuu, facaasuufi kanneen biroo yeroo waliin hojjetan keessatti dhuunfaa dhuunfaatiin kallattii fuula isaanii dura jiruun qabachuutiin eegalu.Yeroo sanatti namni fuula kutate xumure fuula biraa eegala.Haata'u malee namni akkuma fuulli isaa garaagara ta'e yaanni, tattaaffii, beekumsaafii dandeettiin isaas garaagara waan ta'eef namoota qaqqabee hojjechuu hin dandeenyeenye ni jira. Yeroo kana nommoonni isa boodatti hafe sana jajjaabeessuufi xiiqii itti horuun akka dafee hojjetee bakka isaaf kenname xumuree isaan qaqqabuuf mammaakama.Kanaafuu mammaaksi olii mammaaksota tokkummaa diinagdee mul'suuf hawaasni itti gargaaramu keessaa isa tokkodha.

**2.Walii Galan Daboon Nama Hin Dhibu**

Hawaasa Orommoo biratti daboon hojii gamtaatiin yeroo mana ijaarsaa, yeroo qotisaa, yeroo aramaa, yeroo gaddaa, yeroo fuudhaafi heerumaafi kanneen kana fakkaatan irratti gareetiin kan hojjetan ta'uun beekamaadha. Daboon aadaa jaallatamaafi kabajama akkasumas xiyyeeffannoon akka itti kennamu kan taasise sababoota garaagaraatu jira. Tokkoffaa, yeroo bokkaa cimaa, hongee, qorraa cimaafi balaawwan garaagaraa uumaman bu'aawwan oomisha isaanii dafanii wal gargaaruutiin balaawwan adda addaa jalaa baasuuf gargaara.Lammaffaan, daboon baacoon garaagaraa hamilee nama keessatti horuuf nama dhaabatee hojii hin jaallanne immoo itti gaorsan, itti qaran, barsiisan, balaaleffatan, komataniifi kanneen kana fakkaatu itti calaqqisiisan waan ta'eef namoonni hojii hin beekneefi hin jaallanne illee iddoo hojii itti baraniifi jaalala hojii itti horatanidha. Inni sadaffaan immoo, daboon bakka itti tokkummaafi jaalalli daraaree lalisedha. Kunis bakka hawaasa keessatti nama rakkoon tokko mudateefi hojiin itti baay'achuun koommachiiseef birmachuutiin humna ,beekumsa, jaalalafi dandeettii tokkoon hojjetanii rakkoo sana keessaa isa baasanidha Mammaaksa olii irraa kan hubatamu tokkummaan hojii garaa garaa irratti waliin dalaguun milkaa'na hawaasichaaf murteessaa ta'uudha..

3**".Nama Tokkotti Nan Haasa'a, Namni Sadii Natti Haasa'a "Jedhe Dallaan**

Dallaa kan jedhamu mooraa loon itti galan waldaa afur kan qabudha. Kunis dikee isaanii lafa qonnaa waliin gahuuf guyyoota sadii hanga afurii hin caalle keessatti kan  jijjiiramu yoo ta'u waldoota arfan keessaa tokko duwwaa hambisuutii sadan ka'an isatti jijjiiru. Hojii kana keessatti namni tokko qofaa isaa waldoota sadan kana diigee ijaaruuf sa'aatii dheeraa itti fudhata.Haata'u malee namoota sadiitiin yoo itti eegalan tokko tokko qabatanii akka salphaatti sa'aatii muraasa keessatti xumuruu danda'u.

Dinagdee biyya tokko guddisuufi hawaasa irratti jijjiirama dinagdee fiduutiif namoonni waliin yoo hojjetan baay'ee filatamaa ta'uu isaa ibsuuf kan mammaakamudha. Itti dabaluunis hawaasni tokkummaa qabu jireenya hawaasummaa kanneen akka iddirii,sambateefi kanneen kana fakkaatan keessatti waliin hirmaachuun gaddas ta'e gammachuu maatii tokko yookiin nama tokko mudatu irratti waliin duuluun rakkina yookiin ko'ooma namatti dhufu kamillee keessa wal dabarsuuf mammaaksa kanaan wal jajjabeessuun barbaachisaa ta'uu isaa kan mul'isudha.

**4.”Soogidda Baattaa Jennaan Deegarra Ulfaataa”Jedhe Namichi**

Mammaaksi kunis rakkina keessaa ba’uufi dinagdeetiin guddachuuf waliin hojjechuun barbaachisaa ta’uu isaa ibsuuf mammaakama. Oromoonis dinagdee isaa guddifachuutiif dursee jireenya hawaasummaa garii qabaachuufi ittiin wal deggeruu akka qabu dhaamuutiin rakkinni cimaafii ulfaataan wal ta’uu dhabuudha maleetokkummaan jiraannaan hawaasummaatu dhufa hawaasummaan immoo adeemsa kamuu keessatti humnaa, hirree,beekumsaafi dandeettii tokkoon duuluudha. Kun immoo guddina maatiifi biyyaaf iddoo olaanaa kan qabu ta’uu isaa agarsiisa. Hawaasni Oromoo  birattis rakkinni rakkinaa olii deega ta’uu isaa hubachuutiin hojii kamillee osoo hin tuffatiin tokkummaatiin hojjetanii akka of guddisaniif ni mammaakama.Walumaagalatti mammaaksa olii irraa kan hubatamu, rakkinniifi dhibeen guddaa hiyyuma waan ta’eef hojii kamuu hojjechuun rakkoo kana keessaa ba’uun barbaachisaa ta’uu isaa kan ibsudha.

## 4.6.2 Mammaaksota qabiyyee ibsan

Mammaaksota qabiyyee ibsan jechuun wantootamammaaksi tokko mul’isuuf mammaakamu mara kan of keessatti hammatu jechuudha. Kun immoo armaan olitti gadi faheenyaan qaacceffamee dhiyaatee jira. Haaluma kanaan qabiyyeen mammaaksonni ibsan keessaa muraasni:gadda, gammachuu, siyaasa, amantii, duudhaa, diinagdee/hawaasummaa, tokkummaalee gama garaagaraa kanneen akka tokkummaa maatii, hiriyyaa, qomoo, biyyaafi kanneen kana fakkaatan fa’a. Walumaagalatti mammaaksotni Oromoo wantoota Oromoon jiruufi jireenya isaa keessatti raawwatu hunda kan ibsu waan ta’eef qabihyyee bay’ee bal’aafi gadi fagoo kan hammatuufi dabarsudha.

## BOQONNAA SHAN:CUUNFAA, GOOLABAAFI YABOO

Boqonnaa kana keessatti dhimmoota gurguddoo sadiitu dhiyaata. Isaanis:cuunfaa, goolabaafi yaboodha. Akka waliigalaatti mammaaksoota tokkummaa ibsan, mammaaksota faayidaa tokkummaa ibsan, mammaaksota miidhaa tokkummaa dhabuu ibsan,tokkummaa maatii, hiriyyaa dinagdeefi biyyaatu gad-fageenyaan dhiyaatee jira.

### 5.1.Cuunfaa

Ragaaleefi odeeffannoo qorannoo kanaaf ta'an walitti guuramuun qaacceffamanii ibsaman irraa yaadoleen gadii akka cuunfaatti dhiyaatanii jiru.Hawaasni waliin jireenya keessatti wantoota hedduu waliin qooddata, waliin dabarsa.Wantoota jireenya hawaasummaa keessatti hawaasa waliin hariiroo qaban keessaa afoolli isa tokkodha.Afoolli haala jireenya hawaasa tokkoo murteessuufi madda beekumsa hawaasaa gara fuulduraatti fuudhee kan adeemu ta'uu hubanna. Afoolli aadaa, duudhaa, safuu, amantii, ogummaa, falaasama, seenaa, ilaalcha, muuxannoofi mudannoo hawaasaa afaaniifi gochaan dhaloota irraa dhalootatti darbaa kan dhufeefi darbaa kan jiraatu kalaqa hawaasaati. Afoolli dameewwan xixiqqoo kanneen akka mammaaksa, geerarsa, oduu durii, faaruu loonii, huruursaa daa'immaniifi kanneen kana fakkaatan kan of keessatti hammatudha.

Mammaaksi dameewwan afoolaa keessaa isa tokko ta'ee afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan daddarbudha. Mammaaksi dame afoolaa ta'ee yoomessaafi amala mataa isaa kan qabudha. Amaloota isaa keessaa hurrubummaa, uummatummaa, lufummaa, jijjiiramummaa, yoomessaafi kanneen kana fakkaatan isaan muraasa.

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa qabiyyeewwan mammaaksota Oromoo tokkummaa ibsan haala qabatamaa aadaa hawaasichaa bu'uura godhachuutiin qaaccessuudha. Innis xiyyeeffannoo isaa godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Bachoo taasifachuun mammaaksonniOromoo tokkummaa ibsan isaan kam akka ta'aniifi haala kamiin ibsuu akka danda'an xiinxaluudha.

Haaluma kanaan akka ka'umsaatti aanaa Bachoo keessa barreeffamoonni mammaaksota tokkummaa ibsanii dhabamuufi qorannoo qabiyyee kanaan wal fakkaatu aanaa kana keessaa dhabamuu, mammaaksnni faayidaalee tokkummaa hawaasaa ibsan qindoominaan barreeffamaan

dhabamuu, mammaaksota miidhaa tokkummaa dhabuun fidu barreeffamaan dhabamuufi mammaaksotni tokkummaalee hawaasaa kanneen akka tokkummaa biyyaa, maatii, sabaa, hiriyyaafi hawaas dingagdee ibsan qofaatti qophaa'uun hawaasaaf tajaajila kennaa jiraachuu dhabuu fa'i.Itti fufee boqonnaa afur keessatti gaaffileen afgaaffii, marii garee,daawwannaafi sakatta'a barruutiin argame qaacceffamuun dhiyaateera.Innis mammaaksota tokkummaa hawaasaa ibsan qaaccessuu, mammaaksota faayidaa tokkummaa ibsan, mammaaksota miidhaa tokkummaa dhabuun fidu ibsaniifi mammaaksota tokkummaalee hawaasaagama garaa garaa ibsantu qaacceffamuun dhiyaatee jira

Uummanni Oromoos jaalala hiriyyaa, maatii, sabaa/qomoo, waliigaltee, kan biyyaa, gama hawaas dinagdeefi siyaasaa, walitti dhufeenya hawaasummaa cimsuuf, namoota wal dhaban walitti araarsuuf, wal gargaaruufi kanneen kana fakkaatnii akka itti gargaaramudha. Kana malee jireenya hawaasummaa keessatti ittiin wal gorsuuf, akeekkachiisuuf, dheekkamuuf, safuu, duudhaa, icciitiifi seenaa uummataa ittiin eeguufi tursiisuuf kan itti gargaaraman ta'uu isaati. Itti dabalees mammaaksonni tokkummaa ibsan hawaasni aadaafi duudhaa waliin jireenyaa akka cimuufi itti fufiinsa qabaatuuf kan itti gargaaramu ta'uu hubatamee jira.

Qorannoo kana keessatti hawaasni jireenya gammachuu, gaddaafi deggeersa adda addaa keessatti wal bira dhaabbachuutiin rakkoolee uumaman keessaa akka wal baasuuu danda'an ibsameera. Kunis yeroo hojiiwwan nama tokkotti baay'atan, fuudhaafi heeruma irratti, gaddaafi kanneen kana fakkaatan keessatti tokkummaatiin wal bira hiriiruun mudannoofi miidhaa kanneen keessaa akka wal baasuun danda'amu xiinxalamuun dhiyaateera. Keesumattuu, hawaasni Oromoo tokkummaa dhabuu irraa kan ka'e wan hedduu dhabuu ibsuun mammaaksota tokkummaa ibsan kanneenitti gargaaramuun jireenya hawaasummaa, diinagdee, siyaasa, aadaa, amantaa, safuufi eenyummaa mataa isaatiin akka of geggeessuu danda'uufi guddina ariifachiisaa galmeessuu akka danda'u dhiyaateera.

Walumaagalatti, tokkummaan, hiriyyaaf, maatiif, saba/ qomoof,hawaasummaaf diinagdeefi siyaasa biyyaa yookiim hawaasa tokkoof murteessaa ta'uun isaa ibsameera. Akkasumas hawaasni tokkummaa'e aadaa, afaan, amantii, duudhaafi eenyummaa mataa isaan geggeeffamuun addunyaa irratti of beeksisuufi aadaafi duudhaa ofii guddifachuun waan danda'amuuf mammaaksota takkummaa Oromoo ibsanitti gargaaramuun murteessaa ta'uun dhiyaateera.

**5.2.Goolaba**

Mata duree kana jalattikan ibsame waliigala mammaaksota tokkummaa yoo ta'u, mammaaksi kunis jireenya gamtaa, waliin hojjechuu, wal gargaaruu, beekumsa, humnaafi dandeettii waliin qaban walitti fiduutiin wal geggeessuudha. Haaluma kanaan mammaaksaan faayidaa tokkummaa ibsuu, akkasumas tokkummaan yoo dhabame miidhaan qaqqabuu akka danda'u tokkummaan akka ibsamu fa'aatu dhiyaate. Mammaaksonni tokkummaa hawaasa tokko taasisuu, safuu, duudhaa, amantaa, siyaasa, beekumsa, seenaafi icciitii saba tokkoo haala qindoomina qabuun dhaloota dhufuuf dabarsuufi tursuuf baay'ee barbaachisaadha. Itti dabalee gaaffilee qorannoo keessatti ka'an keessaa mammaaksonni tokkummaa ibsan isaan kami, mammaaksotni faayidaa tokkummaa mul;isaniifi kanneen miidhaa tokkumaa dhabuu ibsan isaan kami jedhuufdeebiin ka dhiyaate yoo ta'u;,dhuma irratti mammaaksonni tokkummaa hawaasaa kanneen akka tokkummaa hiriyyaa, maatii, sabaa, dinagdeefi biyyaa isaan kam akka ta'e gad-fageenyaan dhiyaateera.Askeessatti mammaaksonni kunneen hawaasa tokkummeessuufi wal taasisuuf, yoomessi mammaaksaa kana jedhanii kaa'uun yoo ulfaate illee haalawaa ta'uu, tokkummaaleen hawaasaa mammaaksaan ibsaman kan maatii, hiriyyaa, sabaa, gama hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa ta'uufi kanneen biro ibsamanii jiru. Haaluma kanaan qorataan qorannoo geggeesseen argannoowwan armaan gadii dhiyeesseera.

- ✓ Mammaaksonni tokkummaa hawaasaa agarsiisan hawaasa keessa hedduun jiraataniyyuu qindoominaan barreeffamanii kan hin jirre ta'uu.
- ✓ Hawaasni faayidaalee tokkummaan qabu mammaaksaan ibsachuu danda'uu
- ✓ Akkasumas tokkummaa dhabuun miidhaa guddaa akka qabuufi hawaasni hubatee tokkummaa isaa akka eeggatuuf mammaaksaan miidhaa inni qaqqabsiisu ibsachuu danda'uu
- ✓ Sirna barnootaa keessatti mammaaksotaaf xiyyeeffannoon cimaa kan hin kennamne ta'uu
- ✓ Mammaaksonni Oromoo tokkummaalee hwaasaa gama garaagaraatiin ibsuu danda'uu
- ✓ Mammaaksotni tokkummaa garaagaraa kanneen akka:kan hiriyyaa, sabaa/qomoo. Maatii, hawaas dinagdeefi tokkummaa biyyaa ibsuu danda'an danuun jiraachuu fa'i.

**5.3.Yaboo**

Rakkoolee mammaaksa tokkummaan ibsaniin wal qabate xiinxaluutiin xiinxaluutiin yaanni osoo akkana ta'ee jedhu itti dhiyaatudha. Mammaaksonni Oromoo baay'inaan hawaasa keessa jiraatan illee akkaataa tajaajilaafi qabiyyee isaaniitiin qindaa'anii kan taa'an miti. Kana malee kanneenumti barreeffamaan jiran illee haala qabatamaa aadaa hawaasa aanichaa kan giddu galeeffate miti. Kana malee barattoonni sirriitti akka hubataniif kitaaba barnootaa keessatti qindaa'ee hin dhiyaanne. Itti dabaluun maanguddoonni aanichaa madda mammaaksotaa ta'an kunneen carraa miidiyaalee argatanii dhaamsaafi beekumsa isaanii dhimma mammaaksaan wal qabatu hawaasa Oromoo bal'aa biraan gahuu hin arganne. Dhuma irratti waajjirri Aadaafi Turizimii aanichaa kitaabilee qabiyyeewwan kanaan badhaadhan hawaasa biraan gahuufi dhaloonni akka irraa baratuuf walitti qabuutiin mana dubbisaa keessa kaa'uu irratti hanqina qabaachuun isaani ni mul'ata. Kanaafuu Mammaaksota Oromoo tokkummaa hawaasaa ibsan irratti qaaccessa qabiyyee taasifameen akka yaada furmaataatti armaan gaditti dhiyeesseera.

- ❖ Mammaaksonni tokkummaa ibsan kunneen yoomessa bal'aafi aanoleefi godinaalee biroo keessattillee qoratamuutiin osoo dhiyaatanii garaagarummaa loogaafi hubannoo namootaa dhiphisuu malu.
- ❖ Waajjirri barnoota aanichaa mammaaksota tokkummaa hawaasaa ibsan kanneeniif xiyyeeffannoo kennuutiin kitaabileefi barruulee mammaaksota kanneen hamate walitti qabuufi qindeessuun mana dubbisaa kaa'uun osoo dhaloonni itti gargaaramee.
- ❖ Barsiisonni ogummaan isaanii qabiyyee kanaan wal qabatee aanaa sana keessa jiraatan kitaabileefi barruulee dhimma kanaan wal qabatu sirriitti sakatta'uutiin xiyyeeffannoon barattoota bariisuun osoo ol kaa'anii.
- ❖ Waajjirri barnoota aanichaa sagantaa qopheessuutiin barsiisotni ogummaa kana irratti beekumsa qaban hawaasa keessa gad bu'uutiin mammaaksota kanneen osoo irraa walitti qabuun barreessanii dhalootaaf kaa'anii.
- ❖ Keessumattuu ogeessonni afaaniifi qaamni dhimmi ilaalu xiyyeeffannoo kennuutiin osoo irratti hojjetee garii ta'uu mala.
- ❖ Osoo jaarsoliin bakka ararri itti geggeeffamuufi wal gargaarsi adda adaa itti adeemsifamutti mammaaksota tokkummaa Oromoo ibsan kanatti fayyadamanii hawaasa barsiisuufi hubachiisuuf filatamaa ta'uu mala.

- Iddoowwan waltajjii garaagaraafi hawaasni baay’inaan argamutti mammaaksota tokkummaa ibsanitti gargaaramanii hubannoo hawaasaa cimsuu danda’a.
- Dhuma irratti qopheessitoonni kitaabilee barnootaa kitaaba barattootaa barnoota Afaan Oromoo yeroo qopheessan mammaaksotaaf xiyyeeffannoo kennuutiin kitaaba keessatti osoo hammachiisanii barattoonni, barsiisonniifi namoonni dubbisuufi barreessuu danda’an kan biroo illee itti gargaaramuun hubannoofi beekumsa cimaa argachuu malu.

**Wabiilee**


Abarraa Nafaafi kaawwan (2007) *Mammaaksa Oromoo Hiika waliin Jildii-1*:Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaatti Garee Qormaata Afaan Oromootiin,Finfinnee:Mega printing p.i.c

Abraham,Roger D. (1968). *Rhetoric Of Every Day Life*:Traditional Convorsational Genre (Southern Folklore Quarterly) Vol.xxxII

Addunyaa Barkeessaa .(2014) *.Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oroimoo.Oromiyaa Finfinnee*:Far East PLC.

Addunyaafi Kaawwan (2005). Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa

Anderzejewski,B. W.(1985*). Literature in Cushitic Language Other than Somali*.In Literature in Africa Languages.Cambridge:Cambridge University press.

Asafaa Tafarraa (2006) *.Anaan'yaa*.Finfinnee:Birannaa Interprize

Bascom,w.(1992).*American Folklore in New World Blooming to and Indiana polis*:Indiana University Press.

Ben Amas.(1975*).Folklore in African society in Research Literature*.6(2)PP.165-198.

__________.(1979). Toward a definition of Folklore in context (Reading American Folklore).South Asian puplishers Ltd.New Dechi.

Berg,B. (2001) Qualitative Research Methods for a Social Science.California State University,Long Beach .

Bryson.(1999*).Fiminist Debates Population*:London Macmillan press.

Bukenya.A.(1994).*Understanding Oral Literature* .Nirobi University press.

Bukenya,A&Nandwa,W.N(1983).*Africa Oral Lilerature for schools*.Nirobi:Longman.

CresWell,J.w.(2003*).Research Design:Qualitative and Mixed Method Approaches*.(2nded).Thousend Oaks CA;Sages.

Dasta D.(2002).*Bu'uura Qorannoo Maxxansa 2 ffaa*:Yuuniversiitii Finfinnee.Far East PLC.

Dirribaafi Kaawwan.(2007*).Dilbii:Afoola Oromoo Jildii-1*.Biiroo Aadaafi Trizimii Oromiyaatti Garee Qormaata Afaan Oromoo:Finfinnee.Subi printing press.

Derson,Rechard.M.(1972).*Folklore and Folklife:*An Introduction Chicage university press,Chicago.

Dirribaafi Kaawwan.(2007*).Dilbii:*Afoola Oromoo Jildii-1.Biiroo Aadaafi Trizimii Oromiyaatti Garee Qormaata Afaan Oromoo:Finfinnee.Subi printing press.

Dundes,A.(1965*). The Study of Folklore*.Berkeley:prentice-Hall,Inc.

Encyclopidia America.(1995).vol.11.USA,Glolier Incroporated.

FedhasaaTaaddasaa.(2019). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*.ADPpress, 0944755270.www. adppress.com

Finnegan,R.(1970).*Oral Literature in Africa*.London.Oxford Yuniversity Press.

Finnegan,R. (1976).*Oral Literature in Africa.*Nairobi:Oxford University press.

Fiqaaduu Birruu.(2007).Qaaccessa Qabiyyee Mammaaksa Oromoo Ijoolleefi Ijoollummaa. AAU.Kan hin maxxanfamiin(MA).

Gaaddisaa Birruu.(1991).*Maalummaa Mammaaksa Barruulee Jildi4ffaa*.Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa Finfinnee

Goldestin,Q.(1964).A Guide for Fild workers in folklore . Hatboro:Folklore Associates,Inc.

Irstee Akka waaq TOREE.(2012) *"Qaaccessa Sirna Lufiinsa Raawwii sirna Da'umsaa"*MA:Yuunvarsiitii Addis Ababa.Unpblished.

Kipury,N.(1983). Oral Literature of The Maasai. Nairob:Heinemnn

Maangashaa, R. (1992). *Oromo Folktales For a New Generation*. London Mengesha Rikitu.

Mieder,W. (1997).*The Polotics Of Proverbs :From Traditional Wisdom To Proverbial Stereo Types.* The Unversity of Wisconsin Press.(on line).

_________(1999). " *Popular Views of Proverbs in De Proverbio.*" Vol.5,No.2. Issue,(on-line)

Muhammad Sayid (2004*) Seenaafi Qabsoo*.HY International printer

Okumba (1994).*"Understanding and Teaching Proverbs*" Understanding Oral Literature.Nairobi Unversity Press.

Oring ,E (1984). *Folk Grounds and Falklore Geners.An Introduction* Long Man Utah Sate University.

Sahilu Kidane .(1996). “Borana Oromo Prose Narratives. A contexetual Study”.MA Thesis A.A Unversity.

Solomon Areaya .(2004) .*Qualitative Research Beyond a Number Game* .Institute of Education Research Flambeau .Addia Ababa University (vol.aaNo.2)

Soofiyaafi Kaawwan (1999). *Wiirtuu Jiildii 9 Barruulee Qormaataa Waltina Afaan Oromoo* .Finfinnee Kan Maxxansiise Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti Qajeelcha Qormaata Afaan Oromoo.

Sumner ,C.(1995).*Oromo Wisdom Literature:V.L. Proverbs Collection and Analysis*.Addis Ababa Unversity .Gudina Tumsa Foundation.

_________(1996) .*Oromo Wisdom Literature*. Oromo Folktales. Addis Ababa:Centeral printing.

Taaddasee Jaalataa.(2004) *Contextual Study of Guji-Oromo Proverbs:*Functions in focus.AAU.(MA).Unpublished.

Tafari Nugusee,(2006).*Development of Oromo Literature up to 1991*.AAU.(MA). Unpupllished.

Thomas ,D.(2005). African Tradtional Religion in the Modern WORD.jafferson, NC,London:MC Farland and Campany Publishers.(on line).

Wondimu Tegegne (2018*).An Investigation into the Manifestation of Oromo Culture in Folklore:Focus on Oromo cultural Elements Reflected in some selected Afan Oromo proverbs (Mammaaksa).Journal of Equity in science and sustainable Development. Vo*l.2(2).24.34.

Wasanee Bashaa.(1994*).Qorii Qorsaa*:Birana Printing.

_____________(2000).*Bantuu Haaraa*.Finfinnee :EMAY.

Yewanxajjii Daamxoo(2008*). “Qaaccessa Qabiyyee Mammaaksota Oromoo Cimina Dubartoota Oromoo”*Addis ababa Unversity (MA) .Unpublished.

Zawuduufi kaawwan(2001) *Wiirtuu.Barruu Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*.Finfinnee kan maxxansiise Biiroo Aadaafi Turiziimii Orommiyaatti Qajeelcha Qormaata Afaan Oromoo.

**Dabaleewwan**

**Mammaaksonni armaan gadiitti barreeffaman kunniin afgaaffii, marii gareefi sakatta'a barruutiin kan argamanidha.**

## Dabalee A

- Waraabessi biyya ofii nama hin nyaatu
- Allaattiin kurfooftu malee hin barristu
- Anamalee hin toltu jedhe ashaboon
- Foontuu fooniif hadooda
- Warqeen ormaa nama hin boonsu
- Warra hamaa dubbiin ollaatti yaati;olla hamaa dubbiin ya'atti yaati.
- Warra wa jaallatu dhiyaanni hin hanqatu
- Warra wal qabu qabanii hin dhaaban
- Warra wal ta'e buddeena tokkotuu ga'a
- Warri mala qabu arba qabe
- Warri marii qabu jibicha baasee,warri marii hin qabne raada baase
- Warri waliif ooge daakee waliif mooqe
- Warri wal jaallatu wal hin hamatu warri hour wal irraa hin goru
- Xannachi hidda malee hin dhiigu
- Xuuxxoon shantamni nama tokkoof ba'aa;nama shantamaaf dawaa
- Aanaa ofiitiif tasa waan qabaniin taa'an
- Siree dhiphaa dirqama wal hammatu
- Soora soogoddaan siphaniiti;dubbii mammaaksaan himan
- Tokko ni aara malee hin boba'u
- Uleen ofii nama hin dhooftu
- Waan akka walii loon walitti ooffatu
- Waddeessi dameen cabe hin buutu ni rarraati
- Wal gargaartee jirbiin arba hiiti
- Walii galan alaa galan
- Walii gala dhabaaf yaa'iin ala bula

- Wal mari’annaan lilmoo qottoo goona
- Warra guddaa keessaa tokkon dhabe
- Warri gamtaa qabu malaan dhagaa uru
- Addaan foyee waraabessi sangoota nyaate
- Adda deemuun addaan ba’uudha.
- Namni mana tokko ijaaru citaa wal hin saamu
- Mari’ataan gowwaa hin qabu
- Jireenyi wasaasaadha
- Duuti biyya waliinii godaansa
- Marabbaan jiraannaan foon mixii cidha galcha.
- Cabaan lamaan walitti fayyaadha
- Qooqa tolan sirba tolu
- Mi’a wal fakkaatu wal biratti fannisu
- Ilkaan hidhiin bira hin jirre hin bareedu
- Waliin duuluun waliin buluuf
- Mari’atan malee maraatanii biyya hin bulchan
- Bofti biyyee wajjiin namni biyya wajjiin
- Gurmuun kanniisaa waliif qoricha
- Tokkummaan jiraachuun quufanii buluu caala
- Gowwaa ofii gorfatanii jette jaartiin
- Hojiin waliinii tapha
- Harreen dhiittee ilkaan wal hin cabsitu
- Funyaan dhoofnaan ijji boossi
- Mukti tokko ni haara malee hin boba’u
- Gurmuun yaa’uun akka jaldeessaa qofaa deemuun ragaa balleessa
- Migirri lagaa gubannaan gingilchaan manaa boossi
- Cobdee cobdee bishaan galaana taati
- Wal irra buutee xaafiin gumbii guutti
- Dhuufuun wal mari’atanii dhuufan hin ajaa’u
- Waliigalan alaa galu
- Loomiin kudhan nama tokkoof ba’aadha,nama kudhaniif miidhagina

- Warra afaan tokkoo adda naaf baasaa jette hantuunni
- Harki tokko dhiqee xurii hin baasu
- Waliin nyaatanii garaa wal hin nyaatan
- Jabaateef tokkichi gogaa hin dhisu
- Hojiin wajjiin hojjetan akkana mi'aawa jette kanniisni
- Bakka itti citanitti citaa haammatan
- Bakkeen bakka ofiin hin wallaaltu
- Qofaa nyaattuun qofaa duuti
- Sareen warra nyaattuuf dutti
- Hiriyyaan wal hin amanne malkaa ce'u maratti wal kaksiisa
- Mana qabaa;mala qaba
- Maraan malee dubbiin hin taatu
- Mukarraa muka Koran;tokkorraa kuma horan
- Obboleessi gaaddidduudha
- Qilxuun daraaree dawoo ta'a

**Dabalee B**

**Namoota afgaaffiifi marii gareefi dawwaannaatiin odeeffannoo kennan**

| **Lakk.** | **Maqaa** | **Koorniyaa** | **Sadarkaa barnootaa** | **Umrii** | **Ganda** | **Gahee hojii** |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | N In | Dhi | 12ffaa xumure | 61 | 01 | Abbaa Gadaa |
| 2 | Ay Na | Du | Dippiloomaa | 32 | | B/stuu |
| 3 | Ba C | Dhi | BA | 43 | 01 | I/G/W/Aadaafi Turiziimii |
| 4 | Bu M | " | 4ffaa xumure | 46 | G/baadiyyaa | Q/bulaa |
| 5 | Chaa Mag | " | 8ffaa | 48 | 09 | Waardiyyaa |
| 6 | Daan Cim | " | BA | 30 | 01 | B/saa |
| 7 | D To | " | 12ffaa | 67 | 01 | Daldalaa |
| 8 | Di Wa | " | 10ffaa | 45 | G/baadiyyaa | Q/bulaa |
| 9 | Gab A. | " | Hin baranne | 54 | " | " |
| 10 | Ha Ba | " | 4ffaa | 56 | " | " |
| 11 | Man Gu | " | BA | 30 | 02 | B/saa |
| 12 | Moa Aa | " | Hin baranne | 67 | " | Q/bulaa |
| 13 | Moo Ga | " | 10xumure | 49 | 02 | Daldalaa |
| 14 | Qan Kas | " | Hin baranne | 60 | " | Q/bulaa |
| 15 | See Tuu | " | " | 65 | " | " |
| 16 | Tee Ga | " | " | 70 | " | " |
| 17 | Waaq A. | " | Hin baranne | 58 | " | " |

**Dabalee C**

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Koollejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo Ogbarruufi Fookloorii Afgaaffii Namoota Odeeffannoo Kennaniif Dhiyaate**

Duraan dursee odeeffannoo naaf kennuuf eyyemamoo ta'uu keessaniif baay'iseen isin galateeffadha.

s 1.Mammaaksonni tokkummaa Oromoo agarsiisan isaan kam fa'i?

2.Mammaaksonni faayidaa tokkummaa Oromoo mul'isan isaan kami?

3.Mammaaksonni Oromoo tokkummaa hawaasummaafi dinagdee ibsan isan kam fa'i?

4.Tokkummaaleen hawaasaa mammaaksaan ibsaman isaan kam fa'i?Fakkeenya naaf kennuu dandeessuu?

5Mammaaksonni rakkoo tokkummaa dhabuun fidu agarsiisan isaan kam fa'i?

**Dabalee D**

Yuunivarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Joornaalizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii Marii Garee Odeeffannoo Kennitootaaf Dhiyaate.

Duraan dursee odeeffannoo naaf kennuuf eyyemamoo ta'uu keessanii baay'iseen isin galateeffadha.

1. Mammaaksonni tokkummaa ibsan isaan kam fa'i? Natti himuu dandeessuu?
2. Mammaaksonni faayidaa tokkummaa ibsan isaan kami?
3. Mammaaksonni miidhaa tokkummaa dhabuu agarsiisaneenyu faadha?
4. Mammaaksonni tokkummaalee hawaasaa isaan kam fa'a ibsuu danda'u?



Daawwannaa Marii araaraa irratti taasifame



Af gaaffii Abbaa Gadaa aanichaa waliin taasifame




Marii garee mammaaksonni tokkummaa ibsan isaan kami jedhuus b/sota mana barumsichaa irraa filataman waliin taasifame

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan  maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif hin dhiyaanne ta’uu isaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hundaa haala seera qabeessaan wabii keessa galchuu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ________________________________________

Mallattoo ______________________________________

Guyyaa ________________________________________